

Waggaa 31^{maa} Lak.7/2015
 31st ዓመት ቁጥር7/2015
 31th year No.7/2023



Finfinnee,.....Guraandhala 11 Bara 2015
 ፌንፊኔ፣የካቲት 11 ቀን 2015 ዓ.ም
 Finfine,.....February 18, 2023

MAGALATA OROMIYAA

መ ገ ለ ተ ኦ ሮ ሚ ያ

MEGELETA OROMIA

<p>Gatiin Tokkoo Qarshii 50 የአንዱ ዋጋ ብር 50 Unit Price Birr 50</p>	<p>To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ</p>	<p>Lak. S. Poostaa 21383-1000 የፖ.ሳ.ቁጥር21383-1000 P.O.Box 21383-1000</p>
<p>QABIYYEE <u>Labsii Lak. 248/2015</u> Labsii Bulchiinsaafi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Irradeebiin Murteessuuf Bahe, Lakkoofsa 248/2015Fuula 1</p>	<p>ማዕጫ <u>አዋጅ ቁጥር 248/2015</u> የኦሮሚያ ክልል የገጠር መሬት አስተዳደርና አጠቃቀምን እንደገና ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር 248/2015ገጽ 1</p>	<p>CONTENT <u>Proclamation No. 248/2023</u> A Proclamation to Amend Oromia Regional State Rural Land Administration and Use Number 248/2023Page 1</p>
<p>Labsii Bulchiinsaafi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa Irradeebiin Murteessuuf Bahe, Lakkoofsa 248/2015</p> <p>Lafti bu'uura diinagdee, siyaasaafi hawaasummaa waan ta'ef bulchisniifi ittifayyadamni isaa sadarkaa guddinni Naannichaa irra gaheefi fedhii jiru giddugaleessa taasisuun carraa misoomaa dhaloota dhufuu irratti miidhaa karaa hin dhaqqabsiisneen akkaataa aadaa, duudhaafi qorqalbii ummata Naannichaatiin walsimuun akka raawwatu taasisuun barbaachisaa waan ta'ef;</p>	<p>የኦሮሚያ ክልል የገጠር መሬት አስተዳደርና አጠቃቀምን እንደገና ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር 248/2015</p> <p>መሬት ኢኮኖሚያዊ፣ ፖለቲካዊና ማህበራዊ መሰረት በመሆኑ አስተዳደርና አጠቃቀም ክልሉ ከደረሰበት የእድገት ደረጃና ያለውን ፍላጎት ማሳካጥ በማድረግ የመጪው ትውልድ የልማት እድል ላይ ጉዳት በማያደረስ መንገድ የክልሉ ህዝብ፣ ባህል፣ እሴትና ስነልቦና ጋር በማጣጣም እንዲፈጸም ማድረግ አስፈላጊ ስለሆነ፤</p>	<p>A Proclamation to Amend Oromia Regional State Rural Land Administration and Use Number 248/2023</p> <p>WHEREAS, land is the economic, political and social foundation and it is necessary to ensure that its administration and use is carried out in accordance with the culture, traditions and consciences of the people of the Region without harming the development opportunities of future generations;</p>

Bulchiinsiifi ittifayyadamni lafa baadiyyaa qajeeltoowwan iftoominaa, si'oominaa, bu'aa qabeessummaa, hirmaachisummaa ittigaafatamummaa karaa qabuun akka hoogganamu taasisuun sirna mirga abbaa qabiyyummaa lafaa qonnaan bulaan, horsiisee bulaafi gamisa horsiisee bulaan heeraan qabu hojiitti hiikuun fayyadamummaa isaanii mirkaneessuu dandeessisu diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Mirgoota qonnaan bulaan, horsiisee bulaafi gamisa horsiisee bulaan qabiyyee lafa isaa irratti qabu, haala mirgi kun ittiin argamu, darbu yookiin addaan itti citu iftoominaan tumuun akkasumas sirna lafa karaa seeraan ala qabatamu ittisuu dandeessisu diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Hanqinaaleen seerota duraan turan keessatti gama mirgaafi dirqama, wabii ittifayyadama lafaa, waldiddaan itti hiikamu, argannaafi dabarsa seeraan alaa ittisuu, lafti seeraan ala qabame bu'aa hordofsiisu, darbiinsa yeroo, bulchiinsa lafaafi kanneen biroo ilaalchisee turan sirreessuuf karaa guutuu ta'een tumuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Labsii Lakkoofsa 46/1994 Keewwata 49 (3) (a) tiin kan kanatti aanu labsameera.

**Kutaa Tokko
Tumaalee Waliigalaa**

- 1. **Mata duree Gabaabaa**
Labsiin kun “Labsii Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa, Lakkoofsa 248/2015” jedhamee waamamuu ni danda'a.
- 2. **Hiika**
Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti:

የገጠር መሬት አስተዳደርና አጠቃቀም ግልጽነት፣ ቀልጣፋ፣ ወጤታማ፣ አሳታፊና የተጠያቂነት መርሆዎችን በተከተለ መልኩ እንዲመራ በማድረግ የአርሶ አደር፣ አርብቶ አደርና ከፊል አርብቶ አደር በህገ መንግስት ያለውን የገጠር መሬት የባለይዘታነት መብት በመተግበር ተጠቃሚነታቸውን ማረጋገጥ የሚያስችል ሥርዓት መዘርጋት አስፈላጊ ሆኖ ስለተገኘ፣

አርሶ አደር፣ አርብቶ አደርና ከፊል አርብቶ አደር በመሬት ይዞታው ላይ ያለውን መብቶች፣ ይህ መብት የሚገኝበትን፣ የሚተላለፍበትን ወይም የሚቋረጠጥበትን ሁኔታ በግልጽ መደንገግ እንደዚሁም በህገወጥ መንገድ የሚያዘ መሬትን መከላከል የሚያስችል ሥርዓት መዘርጋት አስፈላጊ ሆኖ ስለተገኘ፣

ቀደም ባሉት ህጎች ውስጥ በመብትና ግዴታ፣ በመሬት አጠቃቀም ዋስትና፣ የግጭት አፈታት፣ በህገ ወጥ መንገድ ይዞታና ዝውውርን በመከላከል፣ በህገ ወጥ መንገድ የተያዘ መሬት የሚያስከትለው ውጤት፣ በይርጋ መታገድን፣ የመሬት አስተዳደር እና ሌሎችን በተመለከተ የታዩ ጉድለቶችን ሙሉ በሙሉ መፍታት አስፈላጊ ሆኖ ስለተገኘ፣

ተሻሻሎ በወጣው የኦሮሚያ ሕገ መንግሥት ቁጥር 46/1994 አንቀፅ 49 (3) (ሀ) መሠረት የሚከተለው ታውጇል፡፡

**ክፍል አንድ
ጠቅላላ ድንጋጌዎች**

- 1. **አጭር ርዕስ**
ይህ አዋጅ “የኦሮሚያ ክልል የገጠር መሬት አዋጅ ቁጥር 248/2015” ተብሎ ሊጠራ ይችላል፡፡
- 2. **ትርጓሜ**
የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፤

WHEREAS, it is necessary to ensure that the administration and use of rural land is managed in accordance with the principles of transparency, efficiency, participation and accountability by establishing a system that helps to ensure the rights of farmers, pastoralists and semi-pastoralists stipulated in the Constitution;

WHEREAS, it is necessary to transparently stipulate the rights of farmers, pastoralist and semi pastoralist over their land holding, the manner in which these rights are acquired, transferred or terminated and to establish a system to prevent illegal acquisition of land;

WHEREAS, it is necessary to fully address the shortcomings in the previous laws relating to rights and obligations, land use guarantees, dispute resolution, prevention of illegal acquisition and transfer, consequences of illegally acquired land, period of limitation, land administration and others related issues;

NOW, THEREFORE, in accordance with Article 49 (3) (a) of the Revised Oromia Regional State Constitution, Proclamation Number 46/2001, it is hereby proclaimed as follows:

**Part One
General Provisions**

- 1. **Short Title**
This Proclamation may be cited as “Oromia Region Rural Land Proclamation Number 248/2023”
- 2. **Definition**
Unless the context requires, otherwise in this Proclamation:

- 1) “Beenyaa” jechuun lafa baadiyyaa karaa seera qabeessa ta’een qabamee jiru faayidaa ummataatiif jecha qaama aangoo qabuun akka gadilakkisu taasifame, abbaan qabiyyee kamiyyuu lafa isaa irraa yeroo buqq’utti akkaataa seera roggummaa qabuutiin dursa akka kaffalamuuf murtaa’udha.
- 2) “Biiroo” jechuun Biiroo Lafaa Oromiyaafi caasaalee isaati.
- 3) “Biqiltuu Dhaabbataa” jechuun gosa qabeenya dhaabbataa ta’ee, biqiltuu lafarratti misoomee waggaa lamaa ol turuu danda’uufi yeroo yeroodhaan oomisha kan kennuudha.
- 4) “Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa” jechuun sirna qabiyyee lafa baadiyyaa irratti wabiin ittiin kennamu, karoorri ittifayyadama lafa baadiyyaa ittiin raawwatamu, waldiddaan ittiin hiikamu, mirgaafi dirqamni ittifayyadama lafa baadiyyaa ittiin raawwatamu, hammamtaan yookiin gatiin qabiyyee lafa baadiyyaa ittiin tilmaamamu, ragaan lafaa abbootii qabiyyeetiif ittiin walitti qabamuufi xiinxalamuun abbootii qabiyyeefi ittifayyadamtootaaf akka gahu ittiin taasifamuudha.
- 5) “Faayidaa Ummataa” jechuun akkaataa karoora ittifayyadama lafaa yookiin karoora misoomaa yookiin karoora bu’uuraalee misoomaatiin kallattinis ta’ee al-kallattiin fayyadamummaa waloofi misooma fooyya’aa ummataa ni fida jedhamee qaama aangoo qabuun kan murtaa’u ta’ee, kanneen akka waajjiraalee mootummaa, manneen barnootaa, dhaabbilee fayyaa, dhaabbilee ha-waasaa, bu’uuraalee misoomaafi kan walfakkaatan biroo kan dabalatudha.
- 6) “Galmeessa Lafaa” jechuun mirgi ittifayyadama lafa baadiyyaafi abbaan qabiyyummaa kan ittiin ibsamu adeemsa ragaa funaanuufi qindeessuuti.
- 7) “Gamisa Horsiisee Bulaa” jechuun nama jiruufi jireenya isaafi maatii isaa caalmaadhaan horii horsiisuufi sadarkaa murtaa’een oomisha qonnaarraa argamurratti kan hundaa’eedha.

- 1) “ካላ” ማለት በህግ መሰረት ተይዞ ያለውን የገጠር መሬት ለህዝብ ጥቅም ሲባል ስልጣን ባለው አካል እንዲለቀቅ የተደረገ፣ ማንኛውም የመሬት ባለይዞታ ከይዞታው ላይ በሚፈረናቀልበት ጊዜ አግባብ ባለው ህግ መሰረት ቅድሚያ እንዲከፈለው የሚወሰን ነው።
- 2) “ቢሮ” ማለት የኦሮሚያ የመሬት ቢሮ እና መዋቅሩ ነው።
- 3) “ቋሚ ተክል” ማለት የቋሚ ንብረት አይነት ሆኖ በመሬት ላይ የለማ ከሁለት አመት በላይ ሊቆይ የሚችልና በየጊዜው ምርት የሚሰጥ ተክል ነው።
- 4) “የገጠር መሬት አስተዳደር” ማለት የገጠር መሬት ይዞታ የሚረጋገጥበት፣ የገጠር መሬት አጠቃቀም ዕቅድ የሚተገበርበት፣ አለመግባባቶች የሚፈቱበት፣ የገጠር መሬት የመጠቀም መብትና ግዴታ የሚፈጸምበት፣ የገጠር መሬት መጠን ወይም የገጠር መሬት ይዞታ የሚገመትበት፣ የባለይዞታዎች የመሬት ማስረጃ የሚሰጡበትና ተተንትኖ ለባለይዞታዎች እና ለተጠቃሚዎች እንዲደርስ የሚደረግበት ሥርዓት ነው።
- 5) “የህዝብ ጥቅም” ማለት በመሬት አጠቃቀም እቅድ ወይም በልማት እቅድ ወይም በመሠረተ ልማት እቅድ መሠረት በቀጥታም ሆነ በተዘዋዋሪ የህዝቡን የጋራ ተጠቃሚነት እና የተሻለ ልማት ያመጣል ተብሎ ስልጣን ባለው አካል የሚወሰን ሆኖ እንደ መንግስት መስሪያቤቶች፣ ትምህርት ቤቶች፣ የጤና ተቋማት፣ የማህበረሰብ ተቋማት፣ መሠረተ ልማት እና ሌሎችም የመሳሰሉትን የሚጨምር ነው።
- 6) “የመሬት ምዝገባ” ማለት የገጠር መሬትን የመጠቀም መብትና ባለቤትነት የሚገለጽበት ማስረጃዎችን የማሰባሰብ እና የማደራጀት ሂደት ነው።
- 7) “ከፊል አርብቶ አደር” ማለት የራሱና የቤተሰቡ መተዳደሪያ በዋናነት እንስሳት በማርባት እና በተወሰነ ደረጃ ከግብርና በሚገኘ ምርት የሚተዳደር ሰው ነው።

- 1) “Compensation” means compensation to be given for the release of legally occupied rural land by the competent authority for the public interest, in accordance with the relevant law when any land holder is displaced from his land.
- 2) “Bureau” means Oromia Land Bureau and its structures.
- 3) “Permanent Plant” means a type of permanent property, a plant that can be cultivated on the land and stay for more than two years and give production from time to time.
- 4) “Rural Land Administration” means the system for securing rural land titles, implementing rural land use plan, resolving disputes, enforcing rights and obligations of rural land use, estimating the size or value of rural land holding, collection and analysis of land use information and provided to land holders and users.
- 5) “Public Interest” means an interest benefit determined by the competent authority to bring about the common benefit and better development of the people directly or indirectly in accordance with a land use plan or development plan or development infrastructure plan such as, government institutions, schools, health institutions, community institutions, development infrastructure and other similar.
- 6) “Land Registration” means the process of collecting and compiling evidence to indicate rural land use and holding right.
- 7) “Semi Pastoralist” means a person whose livelihood and that of his family depends predominantly on livestock breeding and to a certain extent on agricultural production.

- 8) “Horsiisee Bulaa” jechuun nama jiruufi jireenyi isaa irra guddaan beeyiladaafi bu’aa beeyilada irraa argamurratti kan hunda’eedha.
- 9) “Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa” jechuun lafa baadiyyaa akkaataa karoorra ittifayyadama lafaafi carraa misooma dhaloota dhufuu irratti dhiibbaa osoo hin dhaqqabsiisne kunuunsuudhaan faayidaa ol’aanaadhaaf oolchuudha.
- 10) “Jallisii Ammayyaa” jechuun jallisiifi qoorsa lafaa qorannoofi dizaayiniin isaa haala hammayyaatiin hojjatame yookiin hammayyaa akka ta’u taasifamedha.
- 11) “Kaadastara” jechuun ragaa waa’ee qabeenya lafaa, daangaa, misoomaa bu’uura adda addaa lafa irratti argamu ilaalchisee ragaa walitti qabuu, galmeessuufi qopheessuu jechuudha.
- 12) “Karooora Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa” jechuun ragaawwaan yookiin odeeffannoowwan haala lafaa kan fizikaalaa, diinagdeefi hawaasummaa bu’uura taasisuudhaan lafti baadiyyaa faayidaa adda addaa kennu keessa lafaafi naannoo irratti dhiibbaafi miidhaa osoo hin dhaqqabsiisiin faayidaa diinagdeefi hawaasummaa ol’aanaatiif akka oolu kan ittiin murtaa’uufi hojiirra ittiin oolu sirna hojii jechuudha.
- 13) “Lafa Baadiyyaa” jechuun lafa daangaa bulchiinsa ganda baadiyyaa keessatti argamu ta’ee, lafa akkaataa Labsii kana keessatti tumameen daangeffamee pilaanii magaalaa jala galee walharkaa fuudhinsi hin taasifamne hunda kan dabalatuudha.
- 14) “Lafa Jallisii” jechuun lafa akkaataa karoorra ittifayyadama lafaatiin misooma jallisiif akka ooluuf qaama aangoo qabuun murtaa’eedha.
- 15) “Lafa Qabiyyee Dhuunfaa” jechuun qabiyyee lafa baadiyyaa nama tokko yookiin tokkoo oliin waloon karaa seera qabeessaan qabame ta’ee, qabiyyee waliniifi kan mootummaa kan hin dabalanneedha.

- 8) “አርብቶ አደር” ማለት ኑሮው በዋናነት እንሰላት እና በእንሰላት ወጤት ላይ የተመሰረተ ሰው ነው።
- 9) “የገጠር መሬት አጠቃቀም” ማለት በመሬት አጠቃቀም እቅድ ለመጨመር ትውልድ የልማት እድሎችን ሳይነካ ለከፍተኛ ጥቅም ማዋል ነው።
- 10) “ዘመናዊ መስኖ” ማለት መስኖና የመሬት ማጥፋፊያ ጥናትና ዲዛይንን በዘመናዊ መንገድ የተሰራ ወይም ዘመናዊ እንዲሆን የተደረገ ነው።
- 11) “ካዳስተር” ማለት ስለ መሬት ይዞታ ንብረት፣ ወሰን፣ በመሬቱ ላይ የሚገኝ የተለያዩ ልማትን አስመልክቶ ማስረጃ መስጠት፣ መመዘገብና ማዘጋጀት ነው።
- 12) “የገጠር መሬት አጠቃቀም እቅድ” ማለት ስለ ፊዚካል ፣ የኢኮኖሚ እና ማህበራዊ መሬት ሁኔታ መረጃዎችን መሰረት በማድረግ የተለያዩ ጥቅም የሚሰጥ የገጠር መሬት ውስጥ በመሬት እና አካባቢ ላይ ተጽእኖና ጉዳት ሳያደረስ ለተሻለ እኮኖሚያዊና ማህበረሰብ ጥቅም እንዲውል የሚወሰንበትና ስራ ላይ የሚውልበት ሥርዓት ማለት ነው።
- 13) “የገጠር መሬት” ማለት በገጠር ቀበሌ አስተዳደር ክልል ውስጥ የሚገኝ መሬት ሆኖ በዚህ አዋጅ ውስጥ በተደነገገው መሰረት ተካሎ በከተማ ፕላን ስር ገብቶ ርክክብ ያልተደረገባቸው መሬትን ሁሉ የሚጨምር ነው።
- 14) “የመስኖ መሬት” ማለት በመሬት አጠቃቀም እቅድ መሰረት ለመስኖ ልማት እንዲውል ሥልጣን ባለው አካል የተወሰነ መሬት ነው።
- 15) “የግል ይዞታ መሬት” ማለት የገጠር መሬት ይዞታ አንድ ሰው ወይም አንድ በላይ በጋራ በህጋዊ መንገድ የተያዘ ሆኖ የጋራና የመንግስትን ይዞታ የማይጨምር ነው።

- 8) “Pastoralist” means a person whose livelihood depends predominantly on livestock and livestock products.
- 9) “Rural Land Use” means the use of rural land for maximum benefit by conserving without affecting development opportunities of future generation in accordance with land use plan
- 10) “Modern Irrigation” means irrigation and land drainage its research and design has been done in modern way or done to be modernized;
- 11) “Cadastre” means the collection, registration and preparation of evidence regarding land property, boundary and development of various infrastructures;
- 12) “Rural Land Use Plan” means land related evidence or information regarding the physical, economic and social conditions of the land to determine and implement the use of rural land for higher economic and social benefits without causing damage to the land and environment.
- 13) “Rural Land” means land within the boundary of a rural Kebele administration and includes all land demarcated and incorporated in the city by urban plan in accordance with the provisions of this Proclamation and its handover is not yet implemented.
- 14) “Irrigation Land” means land determined by the competent authority for irrigation development in accordance with land use plan.
- 15) “Private Land Holding” means private rural land holding legally held by one person or more than one person and shall not include communal or government holding.

- 16) “Lafa Qabiyyee Mootummaa” jechuun Naannicha keessatti lafa baadiyyaa dhuunfaan yookiin hawaasni waliin hin qabanne kamiyyuu ta’ee, qabiyyee dhaabbilee mootummaa, lafa bosonaa, dawoo bineensa bosonaa, iddoowwaan eegumsi taasifamuuf, albuudaa, paarkiiwwan, haroowwan, lageewwaniifi kan biroo bifa walfakkaatuun qabaman hunda kan dabalatuudha.
- 17) “Qabiyyee Waliinii Hawaasaa” jechuun lafa baadiyyaa horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan waliin qabame yookiin qonnaan bulaan gareedhaan dheedichaaf yookiin bosonaaf yookiin tajaajila hawaasaa birootiif waliin ittifayyadaman ta’ee, haala kaminiyyuu qaama aangoo qabuun yoo ta’e malee miseensootaaf dhuunfaan qoodamuu kan hin dandeenye jechuudha.
- 18) “Lafa Seeraan Ala Qabame” jechuun qabiyyee lafa baadiyyaa karaa faallaa tumaa Labsii kanaa yookiin adeemsa Dambii Labsii kana raawwachuusuf yookiin Qajeelfamaa bu’uura Dambichaatiin bahu keessatti tumame osoo hin eeggatiin qabame ta’ee, lafa bittaafi gurgurtaan yookiin bittaafi gurgurtaa biqiltuu dhaabbataa yookiin muka haadhoo manaa fi ijaarsa lafa irratti horatame bu’uureffachuun raawwatame, kenna yookiin dhaamoo nama Labsii kana keessatti hin hayyamaminiif taasifameen qabame ta’ee qubannaafi qabannaa seeraan alaa kan dabalatuudha.
- 19) “Lafa Seeraan Qabame” jechuun qabiyyee mootummaa karaa seera qabeessa ta’een qaama aangoo qabuun qoodame yookiin waraqaan ragaa abbaa qabiyyee itti kenname yookiin lafa dhaalmaadhaan yookiin kennaadhaan qabameedha.

- 16) “የመንግስት መሬት ይዞታ” ማለት በክልሉ ውስጥ የሚገኝ በግል ወይም በማህበረሰብ በወል ያልተያዘ ማንኛውም የገጠር መሬት ሆኖ፤ የመንግስት ድርጅቶች የመሬት ይዞታ፣ የደን መሬቶችን፣ የዱር እንስሳት መጠለያ ቦታዎች፣ ጥበቃ የሚደረግላቸው ቦታዎች፣ የማዕድን ቦታዎች፣ ፓርኮች፣ ሀይቆች፣ ወንዞችና ሌሎች በተመሳሳይ መልኩ የተያዙ ቦታዎችን ሁሉ የሚያጠቃልል ነው።
- 17) “የማህበረሰብ የወል ይዞታ” ማለት በአርብቱ አደር ወይም በከሬል አርብቱ አደር በወል የተያዘ ወይም በአርሶ አደሮች በቡድን በመሆን ለግጦሽ ወይም ለደን ልማት ወይም ለሌላ ማህበራዊ አገልግሎት በወል የሚጠቀሙት የገጠር መሬት ሆኖ፤ በማንኛውም ሁኔታ ስልጣን ባለው አካል ካልሆነ በስተቀር ለአባላት በግል ሊከፋፈል የማይችል ነው።
- 18) “በሕገ-ወጥ መንገድ የተያዘ መሬት” ማለት የዚህ አዋጅ ድንጋጌዎችን በተቃራኒ መንገድ ወይም ይህን አዋጅ ለማስፈጸም በሚወጣው ደንብ ወይም በደንብ መሰረት በሚወጣው መመሪያ የተደነገገውን አካሄድ ሥርዓት ባልጠበቀ ወይም ባልተከተለ ሁኔታ የተያዘ የገጠር መሬት ይዞታ ሆኖ፤ ግዥና ሽያጭን ወይም የቋሚ ተክል ግዥና ሽያጭን ወይም የእናት ዛፍ፣ የቤትና በመሬቱ ላይ የተፈራ ግንባታ ግዥና ሽያጭን መሠረት በማድረግ የተፈጸመ ወይም በዚህ አዋጅ መሠረት ላልተፈቀደለት ሰው በተደረገ ስጦታ ወይም ኑዛዜ የተያዘ መሬት ሲሆን፤ ሕገ-ወጥ ስራ-ንና የመሬት መያዝንም የሚጨምር ነው።
- 19) “በሕጋዊ መንገድ የተያዘ መሬት” ማለት ሕጋዊ በሆነ አግባብ ሥልጣን ባለው አካል የተከፋፈለ የመንግስት መሬት ይዞታ ወይም የይዞታ ማረጋገጫ ማስረጃ ደብተር የተሰጠው ወይም በውርስ ወይም በስጦታ የተያዘ መሬት ነው።

- 16) “State Holding” means any rural land in the Regional State not owned privately or jointly by the community; including all government institution holding, forest land, wildlife sanctuaries, protected areas, mines, parks, lakes, rivers and other similarly owned land.
- 17) “Communal Holding” means rural land held by pastoralists or semi pastoralists in common or used by group of farmers for grazing or forestry or for other community services, which cannot be distributed among members individually except by an authorized body.
- 18) “Illegally Seized Land” means property of rural land seized contrary to the provisions of this Proclamation or without complying with the procedures provided for in the Regulations to be issued to implement this Proclamation or Directive issued to implement the Regulation; and includes illegal settlement and occupation of land, land seized on the basis of purchase and sale or purchase and sale of perennial plants or trees or parent tree, or the sale made on the basis of house and construction built on the land, by gift or bequest made to a person who is not authorized under this Proclamation.
- 19) “Legally Occupied Land” means government holding lawfully divided by a competent authority or on which title deed or land holding certificate has been issued or land acquired by inheritance or donation.

- 20) “Lafa Waljalaa Siqsuun Qooduu” jechuun lafa jallisii qabiyyee dhuunfaa, waloo yookiin mootummaan qabame akkaataa karoora ittifayyadama lafaatiin misooma jallisii ammayyaatiif akka ooluuf qaama aangoo qabuun murtaa’ee waljalaa siqsanii qooduudha.
- 21) “Mana Maree Bulchiinsaa” jechuun Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
- 22) “Mirga Abbaa Qabiyyummaa” jechuun mirga bal’aa qonnaan bulaan, horsiisee bulaafi gamisa horsiisee bulaan lafa baadiyyaa seeraan qabate irraa qabu kamiyyuu ta’ee mirga:
 - (a) Haala karoora ittifayyadama lafaatiin misoomsuu, ittifayyadamuufi gochaalee seera qabeessa ta’an kan biroof oolchuu;
 - (b) Qabiyyee lafa isaa irraa karaa seeraan ala ta’een buqqa’uu dhabuu;
 - (c) Dantaa ummataaf lafichi yammuu barbaadamu akkaataa seera rogummaa qabuun dursa mirga beenyaa argachuu;
 - (d) Kireessuu;
 - (e) Waliin misoomsuu;
 - (f) Dhaalchisuu;
 - (g) Kennaan dabarsuu;
 - (h) Laficha irratti qabeenya horachuu;
 - (i) Walitti aanfachuu;
 - (j) Waljijjiruu;
 - (k) Qabeenya laficha irratti horatame akkaataa Labsii kana keessatti tumameen dabarsuu;
 - (l) Mirga ittifayyadama lafaa qabsiisuun dhaabbilee faayinaan-sii beekamtii seeraa qaban irraa maallaqa liqeeffachuufi kan biroo kan dabalatudha.

- 20) “መሬት በማሽጋሽግ መደልደል” ማለት የግል ወይም የወል ወይም የመንግስት ይዞታ የሆነ የመስኖ መሬትን በመሬት አጠቃቀም እቅድ መሠረት ለዘመናዊ መስኖ ልማት እንዲውል ሥልጣን ባለው አካል ተወስኖ በማሽጋሽግ ማክፋፈል ነው።
- 21) “የመስተዳደር ምክር ቤት” ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት መስተዳደር ምክር ቤት ነው።
- 22) “የባለ ይዞታነት መብት” ማለት አርሶ አደሩ፣ አርብቶ አደርና ከፊል አርብቶ አደሩ በሕግ አግባብ ከያዘው የገጠር መሬቱ ላይ ያለው ማንኛውንም መብት የሚያጠቃልል ሰፊ መብት ሆኖ፡-
 - (ሀ) በመሬት አጠቃቀም እቅድ መሰረት የማልማት፣ የመጠቀምና ለሌሎች ህጋዊ ተግባራት የማዋል መብት፤
 - (ለ) ከመሬት ይዞታው በሕገወጥ መንገድ ያለመፈናቀል፤
 - (ሐ) መሬቱ ለህዝብ ጥቅም ሲፈለግም አግባብነት ባለው ሕግ መሰረት በቅድሚያ ካሳ የማግኘት፤
 - (መ) የማክራየት፤
 - (ሠ) በጋራ የማልማት፤
 - (ረ) የማውረስ፤
 - (ሰ) በስጦታ ማስተላለፍ፤
 - (ሸ) በመሬቱ ላይ ንብረት የማፈራት፤
 - (ቀ) ኩታ ገጠም የማድረግ፤
 - (በ) የመለዋወጥ፤
 - (ተ) በመሬቱ ላይ የተፈራውን ንብረት በዚህ አዋጅ በተደነገገው መሠረት የማስተላለፍ፤
 - (ቸ) በመሬት የመጠቀም መብቱን በማስያዝ ህጋዊ እውቅና ካላቸው የፋይናንስ ተቋማት ገንዘብ የመበደር መብት እና ሌሎችንም የሚጨምር ነው።

- 20) “Land Distribution through Relocation” means the allocation of private, communal or state irrigation land holding decided by the competent authority in accordance with land use plan to be used for modern irrigation.
- 21) “Administrative Council” means the Administrative Council of Oromia Regional State.
- 22) “Land Holding Right” means any broad right of the farmer, pastoralist or semi-pastoralist regarding any rural land legally acquired and includes the right to:
 - (a) Develop, utilize and use for other lawful activities in accordance with land use plan;
 - (b) Not to be displaced unlawfully from his land holding;
 - (c) The right to get compensation in advance in accordance with applicable laws in case such land is required for the public interest;
 - (d) Rent;
 - (e) Jointly develop;
 - (f) Inheritance;
 - (g) Donation;
 - (h) Acquire property on the land;
 - (i) Consolidate;
 - (j) Exchange;
 - (k) Transfer of property acquired on the land in accordance with the provisions of this Proclamation;
 - (l) Borrowing money from legally recognized financial institutions by making land use right as collateral.

- 23) “Mirga Ittifayyadama Lafaa” jechuun akkaataa karoora itti-fayyadama lafaatiin mirga abbaan qabiyyee kamiyyuu misoomsuu yookiin mirga kireessuu yookiin laficha irratti qabeenya horachuu yookiin qabeenya laficha irratti horatame akkaataa Labsii kana keessatti tumameen dabarsuu yookiin mirga ittifayyadama lafaa akkaataa Labsii kana, Dambiifi qajeelfama Labsii kana raawwachiisuuf bahuutiin wabummaan qabsiisuun liqeeffachuu yookiin mirgoota abbaa qabiyyummaa jijjiirsisuu hin dandeenye biroo kan dabalatudha.
- 24) “Muka” jechuun muka lafa baadiyyaa irratti namaan misoome yookiin uumamaan biqiledha.
- 25) “Muka Haadhoo” jechuun muka guddina guutuurra gaheefi dhaabbii gaarii qabu ta’ee sanyii irraa oomishuuf muka filatamee kunuunsi taasifamuufidha.
- 26) “Naannoo” jechuun Naannoo Oromiyaati.
- 27) “Nama” jechuun nama uumamaa yookiin qaama mirgi namummaa seeraan kennameefidha.
- 28) “Qawwisa” jechuun lafa safaruu, ragaa walitti qabuufi galmeessuu jechuudha.
- 29) “Qonna Aadaa” jechuun hojii qonnaa meeshaa hammayyaa ta’een yookiin mala teknoolojii ammayyaatti osoo hin fayyadamin qonnaan bulaan haala baratameen hojjetee galii itti argatudha.
- 30) “Qonna Ammayyaa” jechuun qonna makaanaayizeeshinaa, misooma jallisii ammayyaa, misooma beeyiladaa fooyya’aa ta’ee kan biroo bu’aa diinagdee ol’aanaa argamsiisu jechuudha.
- 31) “Qonnaan Bulaa” jechuun nama mirga ittifayyadama lafa baadiyyaa qabaatee galiidhuma laficharraa argamuun ofii isaafi maatii isaa kan bulchudha.

- 23) "መሬትን የመጠቀም መብት" ማለት ማንኛውም ባለይዞታ በመሬት አጠቃቀም እቅድ መሰረት የማልማት ወይም ማከራየት ወይም በመሬቱ ላይ ንብረት የማፍራት ወይም በመሬቱ ላይ የተፈራውን ንብረት በዚህ አዋጅ በተደነገገው መሰረት የማስተላለፍ መብት ወይም በዚህ አዋጅ፣ ይህን አዋጅ ለማስፈጸም በሚወጣ ደንብ ወይም መመሪያ መሰረት በመሬት የመጠቀም መብትን በዋስትና በማስያዝ የመበደር መብት ወይም የባለይዞታነት መብትን የማያስቀይሩ ሌሎች መብቶችን የሚያጠቃልል ነው።
- 24) "ዛፍ" ማለት በገጠር መሬት ላይ በሰው የለማ ወይም በተፈጥሮ የሚበቅል ዛፍ ነው።
- 25) "እናት ዛፍ" ማለት ሙሉ እድገት ላይ የደረሰና ጥሩ አቋም ላይ የሚገኝ ዛፍ ሆኖ፣ ዘር ክላዩ ለማምረት ተመርጦ እንክብካቤ የሚደረግለት ዛፍ ማለት ነው።
- 26) "ክልል" ማለት ኦሮሚያ ክልል ነው።
- 27) "ሰው" ማለት የተፈጥሮ ሰው ወይም በሕግ የሰውነት መብት የተሰጠው አካል ነው።
- 28) "ቅየሳ" ማለት መሬትን መለካት፣ መረጃና ማስረጃ መስጠት እና መመዝገብ ማለት ነው።
- 29) "ባህላዊ ግብርና" ማለት አንድ አርሶ አደር ዘመናዊ የግብርና መሣሪያዎችን ወይም በዘመናዊ የቴክኖሎጂ ዘዴዎች ሳይጠቀም ልማዳዊ በሆነው አሰራር በመስራት ገቢ የሚያገኝበት የአርሻ ሥራ ነው።
- 30) "ዘመናዊ ግብርና" ማለት ከፍተኛ ኢኮኖሚያዊ ጠቀሜታ ወይም ትርፍን የሚያስገኝ የሜካናይዜሽን ግብርና፣ ዘመናዊ የመስኖ ልማት፣ የተሻሻለ የእንስሳት ልማት እና ሌሎችም ማለት ነው።
- 31) "አርሶ አደር" ማለት የገጠር መሬት የመጠቀም መብት ያለው እና ከመሬቱ በሚያገኘው ገቢ ራሱንና ቤተሰቡን የሚያስተዳድር ሰው ነው።

- 23) “Land Use Right” means the right of any possessor to develop or lease or acquire property on land in accordance with land use plan or to transfer property acquired on land in accordance with this proclamation or to use land as collateral in accordance with this Proclamation, Regulations and Directives issued to implement this Proclamation or includes other rights that cannot entail transfer of land holding rights.
- 24) “Tree” means a tree that is cultivated by human or grows naturally on rural land.
- 25) “Mother Tree” means a tree that has reached its full maturity having well physical standing which is selected and conserved for seed production.
- 26) “Region” means Oromia Region.
- 27) “Person” means physical or juridical person.
- 28) “Survey” means measuring, collecting and registering evidence or data on the land.
- 29) “Traditional Agriculture” means an agricultural activity in which the farmer earns his income by producing with the conventional farming system without using modern tools or modern technology.
- 30) “Modern Agriculture” means mechanized agriculture, modern irrigation development, improved livestock development and others that generates high economic returns.
- 31) “Farmer” means any person to whom the right to use rural is provided to earn the livelihood for him and/or his family.

- 32) “Qooduu” jechuun lafa baadiyyaa dhuunfaan yookiin waloon hin qabamiin jiru yookiin gadi dhiifame namoota lafa hin qabneef yookiin hanqina lafaa qabaniif qaama aangoo qabuun hiramu yookiin kennamudha.
- 33) “Sirna Ragaa Lafaa” jechuun ragaawwan lafaan walqabatan walitti qabuu, xiinxaluu, sirnaan akka qabaman gochuufi ittifayyadamtootaaf kennuudha.
- 34) “Sulula” jechuun ol ka’umsa lafaa irratti kan hundaa’e ta’ee lolaa, doloooloofi lageewwan gara fuula tokkotti lafarra dhangala’anidha.
- 35) “Waliigaltee Kira” jechuun abbaan qabiyyee lafa baadiyyaa yeroo murtaa’eef qabiyyee lafa baadiyyaa kaffaltiidhaan nama biraatiif waliigaltee barreeffamaatiin akka ittifayyadamuuf dabarsu ta’ee, kan mootummaan abbaa qabeenyaatiif waliigaltee kiraan dabarsus kan dabalatudha.
- 36) “Waliin Misoomsuu” jechuun waliigaltee abbaan qabiyyee tokko nama biraa waliin qonna aadaatiin yookiin ammayyaatiin yeroo murtaa’eef misoomsuun bu’aa qoddaachuuf waliigalan kan akka hirtaa yookiin qixxee kan dabalatudha.
- 37) “Waraqaa Ragaa yookiin Kaartaa Abbaa Qabiyyee” jechuun wabii mirga abbaa qabiyyummaafi ittifayyadama lafa baadiyyaa mirkaneessuuf Biirichaan ragaa kennamu ta’ee, qabiyyeen lafaa hanga isaa kaartaa irratti ibsame kan nama ragicha of harkaa qabuu ta’uu tilmaama seeraa ragaa biraatiin faallefamu danda’u kennisiisu jechuudha.

3. Ibsa Koornayaa

Labsii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

- 32) “ማከፋፈል” ማለት በግል ወይም በወል ያልተያዘን ወይም የተለቀቀን የገጠር መሬት ስልጣን ባለው አካል መሬት ለሌላቸው ወይም የመሬት አጥረት ላለባቸው ሰዎች ማከፋፈል ወይም መስጠት ነው።
- 33) “የመሬት መረጃ ሥርዓት” ማለት ከመሬት ጋር የተያያዙ መረጃዎችን መሰብሰብ፣ መተንተን፣ በአግባቡ እንዲያዙ ማድረግና ለተጠቃሚዎች ማሰራጨት ማለት ነው።
- 34) “ተፋሰስ” በመሬት ተዳፋትነት አቀማመጥ ላይ የተመሰረተ ሆኖ፣ የጎርፍ፣ የጅረትና የወንዝ ውሃዎች ወደ አንድ አቅጣጫ የሚፈሰስ የመሬት ክፍል ነው።
- 35) “የኪራይ ውል” ማለት የገጠር መሬት ባለይዟ ለተወሰነ ጊዜ የገጠር መሬት ይዟን በጽሁፍ የውል ስምምነት መሠረት በክፍያ እንዲጠቀም ለሌላ ሰው ማተላለፍ ሆኖ፣ መንግስት በኪራይ ውል መሬትን ለባለሀብት የሚያስተላልፈውንም ይጨምራል።
- 36) “በጋራ ማልማት” ማለት አንድ የመሬት ባለይዟ ከሌላ ሰው ጋር በመስማማት ለተወሰነ ጊዜ በባህላዊ ወይም ዘመናዊ ግብርና በማልማት ትርፍ ለመጋራት የሚስማሙበት፣ እንደ እኩል መካፈልን የሚጨምር ነው።
- 37) “የባለ ይዟነት ማረጋገጫ ማስረጃ ወይም ካርታ” ማለት የገጠር መሬት ባለይዟነት እና የመጠቀም መብት ዋስትናን ለማረጋገጥ በቢሮው የሚሰጥ የምስክር ወረቀት ሲሆን፣ በካርታው ላይ የተገለጸው የመሬት መጠን የምስክር ወረቀቱን የያዘው ሰው መሆኑን የሚያረጋግጥ በሌላ ማስረጃ ሊስተባበል የሚችል የህግ ግምት የሚያስወስድ ማስረጃ ማለት ነው።

3. የፆታ አገላለጽ

በዚህ አዋጅ ውስጥ በወንድ ጾታ የተደነገገው የሴት ጾታንም ያካትታል።

- 32) “Distribution” means the distribution of vacant rural land which is not occupied privately or communally to landless persons or to those in shortage of land, by the competent authority.
- 33) “Land Information System” means the collection, analysis, proper maintenance and providing to the users of land-related information.
- 34) “Basin” means based on land elevation flood, valley, and river that flows along in one direction.
- 35) “Rental Agreement” means the transfer of rural land by the land holder to another person by written agreement with payment for a fixed period of time; and it includes the transfer by government in lease to the investor.
- 36) “Joint Development” includes an agreement whereby one land holder agrees with another person to undertake traditional or modern agriculture for a specified period of time-and includes equal profit-sharing scheme.
- 37) “Title deed or Land Holding Certificate” means a certificate issued by the Bureau to guarantee the right of land holding and use of rural land providing rebuttable legal presumption that the land holding which its size and related details specified on the map belongs to the person in possession of the certificate.

3. Gender Reference

In this Proclamation, any term expressed in masculine gender shall also include the feminine.

4. Daangaa Raawwatiinsa

- 1) Labsiin kun lafa baadiyyaa Naannicha keessatti argamu hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.
- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, qabiyyee lafa baadiyyaa akkaataa seera rogummaa qabuutiin abbaa qabiyyee harkaa osoo hin fudhatamiin daangaa bulchiinsa magaalaa jala gale irratti raawwatiinsa ni qabaata.

Kutaa Lama

Haala Argannaa, Ittifayyadamaafi Dabarsa Lafa Baadiyyaa

Kutaa Xiqqaa Tokko

Qajeeltoo Waliigalaafi Gosa Qabiyyee

5. Qajeeltoowwan Bu'uuraa

- 1) Mirgi abbummaa lafa baadiyyaa kan mootummaafi ummataa qofa ta'ee, kan hin gurguramne yookiin kan hin geeddaramne, qabeenya gamtaa ummata Naannichaati.
- 2) Qonnaan bulaan, horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan Naannicha keessa jiraatu kamiyyuu koornayaa yookiin sababa kan biraa kamiiniyyuu garaagarummaan osoo irratti hin taasifamin qabiyyee lafa baadiyyaa argachuufi kunuunsuuf mirga walqixa ni qabaatu.
- 3) Qonnaan bulaan, horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan Naannichaa yeroon osoo hin daangeeffamiin qabiyyee lafa isaatti fayyadamuuf mirga ni qabaata.
- 4) Sirni bulchiinsaafi ittifayyadama lafa baadiyyaa haala iftoomina qabuun, bu'aa qabeessa ta'een, ittigaa-fatamummaafi hirmaannaa ummataa mirkaneessuu danda'uun raawwatamuu qaba.
- 5) Ittifayyadamni lafaa karoora ittifayyadama lafaafi eegumsa naannoo irratti xiyyeeffachuun kan raawwatamu ta'a.
- 6) Lafa baadiyyaa argachuu, ittifayyadamuufi bulchuu irratti dhiiraafi dubartiin mirga walqixa ni qabaatu.

4. የአዋጁ ተፈጻሚነት ወሰን

- 1) ይህ አዋጅ በክልሉ በሚገኘው የገጠር መሬት ሁሉ ላይ ተፈጻሚነት ይኖረዋል።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ አግባብነት ባለው ህግ መሠረት ከመሬቱ ባለይዞታ እጅ ላይ ወሰድ በከተማ አስተዳደር ስር በገባ የገጠር መሬት ላይ ተፈጻሚነት ይኖረዋል።

ክፍል ሁለት

የገጠር መሬት ስለማግኘት፣ ስለመጠቀም እና

ማስተላለፍ

ገዑስ ክፍል አንድ

አጠቃላይ መርህ እና የይዞታ ዓይነት

5. መሠረታዊ መርሆች

- 1) የገጠር መሬት ባለቤትነት የመንግስት እና የህዝብ ብቻ ሆኖ የማይሸጥ ወይም የማይለወጥ የክልሉ ህዝብ የጋራ ሐብት ነው።
- 2) በክልሉ ውስጥ የሚኖር ማንኛውም አርሶ አደር፣ አርብቶ አደር ወይም ከፊል አርብቶ አደር በጾታ ወይም በማንኛውም ሌላ ምክንያት ልዩነት ሳይደረግበት የገጠር መሬት ለማግኘትና ለመንከባከብ እኩል መብት አለው።
- 3) የክልሉ አርሶ አደር፣ አርብቶ አደር ወይም ከፊል አርብቶ አደር በጊዜ ሳይገደብ የመሬት ይዞታውን የመጠቀም መብት አለው።
- 4) የገጠር መሬት አስተዳደር እና አጠቃቀም ስርዓት ግልጽነት ባለው፣ ውጤታማ በሆነ፣ ሃላፊነት በተሞላበት እና የህዝብን ተሳትፎ ማረጋገጥ በሚያስችል ሁኔታ መፈጸም አለበት።
- 5) የመሬት አጠቃቀም የመሬት አጠቃቀም እቅድ እና የአካባቢ ጥበቃ ላይ በማተኮር የሚፈጸም ይሆናል።
- 6) የገጠር መሬት ማግኘትን፣ መጠቀም እና ማስተዳደርን በሚመለከት ወንድ እና ሴት እኩል መብት ይኖራቸዋል።

4. Scope of Application

- 1) This Proclamation shall be applicable to all rural land found in the Region.
- 2) Without prejudice to Sub Article 1 of this Article, it shall also be applicable to the rural land holding incorporated in to the boundary of city administration without being taken over from the holder in accordance with the appropriate law.

Part Two

Manner of Acquisition, Utilization and Transfer of Rural Land

Sub Section One

General Principles and Type of Holding

5. Basic Principles

- 1) Ownership right of rural land shall be only the right of the government and the people; and it is the common resource of the entire people of the region that shall not be sold or exchanged.
- 2) Any farmer, pastoralist or semi-pastoralist residing in the region shall have equal rights to acquire and to conserve rural land holding without discrimination on the basis of his gender or any other reason.
- 3) The farmer, pastoralist or semi-pastoralist of the region shall have the right to use his land holding without being limited by time.
- 4) The rural land management and use system shall be implemented transparently, effectively and in a manner that can ensure accountability and participation of the people.
- 5) Land utilization shall be implemented based on the land use plan and conservation of natural resources.
- 6) Men and Women shall have equal rights in acquisition, utilization and administration of rural land.

- 7) Qoodinsi lafa baadiyyaa yeroo raawwatamutti sirni hojimaataa qaama miidhamtoota, dubar-tootaafi dargaggoota hojii dha-beeyyiif dursa kennu bocamee hojiirra ni oola.
- 8) Hojiin misooma lafa baadiyyaa irratti gaggeeffamu kamiyyuu fayyadamummaa qonnaan bulaa, horsiisee bulaa yookiin gamisa horsiisee bulaa karaa mirkaneesuun dargaggootaaf carraa hojii uumuuniifi ce'umsa teknoolojii saffisiisuu irratti xiyyeeffateen kan raawwatamu ta'uu qaba.
- 9) Mirgi abbaa qabiyyummaafi itti-fayyadama lafa baadiyyaa kan argamu akkaataa Labsii kana kees-satti tumameen qofa ta'a.

6. Gosa Qabiyyee

Qabiyyeen lafa baadiyyaa Labsii kanaan eegumsi taasifamuuf kanneen armaan gadiiti:

- 1) Qabiyyee dhuunfaa;
- 2) Qabiyyee waliinii hawaasaa; fi
- 3) Qabiyyee mootummaati.

Kutaa Xiqqaa Lama

Haala Argannaafi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa

7. Mirga Argannaa Lafa Baadiyyaa

- 1) Jiraataan Naannichaa kan umuriin isaa waggaa 18 fi isaa ol ta'e, qonnaan yookiin horsiisee buluun yookiin gamisa horsiisee buluun jiraatu yookiin jiraachuu barbaadu kamiyyuu lafa baadiyyaa tolaan mootummaa irraa argachuuf mirga ni qaba.
- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus daa'imman umuriin isaanii waggaa 18 gadi ta'ee fi maatiin isaanii qonnaan yookiin horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan jiraachaa kan turaniifi lafa kan hin qabne yoo jalaa boqotan lafa mootummaa argachuuf mirga ni qabu.

7) የገጠር መሬት ክፍፍል በሚፈጸምበት ጊዜ ለአካል ጉዳተኞች፣ ለሴቶች እና ስራ አጥ ወጣቶች ቅድሚያ የሚሰጥ የአሰራር ስርዓት ተቀርቦ ስራ ላይ ይውላል።

8) በገጠር መሬት ላይ የሚካሄድ ማንኛውም የልማት ስራ የአርሶ አደሩን፣ አርብቶ አደሩን ወይም ከፊል አርብቶ አደሩን ተጠቃሚነት በሚያረጋግጥ መንገድ ለወጣቶች የስራ እድል መፍጠርና የቴክኖሎጂ ሽግግር ማፋጠን ላይ ባተኮረ መልኩ የሚፈጸም ይሆናል።

9) የገጠር መሬት የባለይዞታነት እና የመጠቀም መብት የሚገኘው በዚህ አዋጅ ውስጥ በተደነገገው መሰረት ብቻ ይሆናል።

6. የመሬት ይዞታ ዓይነት

በዚህ አዋጅ ጥበቃ የሚደረግለት የገጠር መሬት ከዚህ በታች ያሉት ናቸው፡-

- 1) የግል ይዞታ፤
- 2) የህብረተሰብ የጋራ ይዞታ፤ እና
- 3) የመንግስት ይዞታ።

ጌዕዝ ክፍል ሁለት

የገጠር መሬት ስለማግኘትና አጠቃቀም ሁኔታ

7. የገጠር መሬት ስለማግኘት መብት

- 1) ማንኛውም የክልሉ ነዋሪ ዕድሜው 18 ዓመትና ከዚያ በላይ የሆነ በግብርና ወይም በአርብቶ አደርነት ወይም በከፊል አርብቶ አደርነት የሚኖር ወይም መኖር የሚፈልግ ሰው የገጠር መሬትን ከመንግስት በነፃ የማግኘት መብት አለው።
- 2) በዚህ አንቀጽ ጌዕዝ አንቀጽ 1 ስር የተጠቀሰው ቢኖርም አድሜያቸው ከ18 ዓመት በታች የሆኑ ህፃናት በግብርና ወይም በአርብቶ አደርነት ወይም በከፊል አርብቶ አደርነት ሲኖሩ የነበሩ ቤተሰቦቻቸው የሞቱና መሬት ከሌላቸው የመንግስት መሬት የማግኘት መብት አላቸው።

- 7) At the event of rural land distribution, a work system prioritizing persons with disabilities, women and jobless youth shall be established and implemented.
- 8) Any development activity undertaken on rural land shall be performed in a manner that ensures the benefits of the farmer, pastoralist or semi-pastoralists, creates job opportunities for the youth and in a way that bases on enhancing transfer of technology.
- 9) The rural land holding and use right shall be acquired only in accordance with the provisions of this Proclamation.

6. Types of Land Holding

The rural land holding that enjoy protection under this Proclamation shall be the following:

- 1) Private holding;
- 2) Communal holding; and
- 3) State holding.

Sub Section Two

Manner of Acquisition and Utilization of Rural Land

7. Right of Acquisition of Rural Land

- 1) Any resident of the Region who is 18 and above years of age, whose livelihood relies on or wants his livelihood to rely on farming or pastoralist or semi-pastoralist activity shall have the right to acquire rural land from the government free of charge.
- 2) Notwithstanding Sub Article 1 of this Article, children below 18 years of age and whose families that have been living with farming or pastoralist or semi-pastoralist activity and do not possess land have been died leaving them orphan, they shall have rights to acquire state land.

- 3) Dubartootni qonnaan yookiin horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee buluudhaan jiraachuu barbaadan loogii tokko malee lafa baadiyyaa bilisaan argachuuf mirga qabu.
- 4) Dhaabbileen mootummaa yookiin abbootiin qabeenyaa dhuunfaan akkaataa seera roqummaa qabuutiin mirga lafa baadiyyaa argachuu ni qabaatu.
- 5) Ummanni waliin ta'uun lafa dheedichaa, burqaa bishaanii, bakka amantii, bakka awwaalchaa, bakka aadaasaa itti calaqqisifatuufi tajaajila hawaasaa biroof oolfatu argachuuf mirga ni qabaata.
- 6) Qonnaan bulaa, horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan yookiin namni akkaataa Labsii kana keessatti tumameen hayyamameef mirga abbaa qabiyyummaafi ittifayyadama lafa baadiyyaa maatii isaarraa dhaalaan yookiin kennaan argachuu ni danda'a.
- 7) Abbaan warraa yookiin haati warraa gaa'ilaan jiran keessaa tokko lafa baadiyyaa dhuunfanis ta'ee waloon kan hin qabne yoo ta'e lafti baadiyyaa akka kennamuuf iyyatanii argachuuf mirga ni qabaatu. Haalli raawwii Dambii baahuun kan murtaa'u ta'a.

8. Akkaataa Argannaa Lafaa Dhaabbilee Adda Addaa

- 1) Dhaabbileen miti-mootummaa yookiin amantaa kaayyoo isaanii kan galmaan geessisuuf gargaaru mirga ittifayyadama lafa baadiyyaa argachuu ni qabaatu.
- 2) Dhaabbileen Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti ibsaman ittifayyadamni lafa isaanii yeroon kan daanga'u ta'a. Yeroon kun akkaataa barbaachisummaa isaatti haaromfamu ni danda'a.
- 3) Dhaabbileen Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 fi 2 jalatti ibsaman mirgi isaan lafa irraa qaban mirga kaayyoo dhaabbataniif qofa ittifayyadamuu yoo ta'u, mirga kireessuu, dhaalchisuu, kennaan dabarsuu, abbaa qabeenyaa yookiin nama dhuunfaa waliin misoomsuufi wabummaan qabsisuun liqeeffachuu hin qaban.

- 3) በግብርና ወይም በአርብቶ አደርነት ወይም በከፊል አርብቶ አደርነት መኖር የሚፈልጉ ሴቶች ያለምንም አድሎ የገጠር መሬትን በነፃ የማግኘት መብት አላቸው
- 4) የመንግስት ድርጅቶች ወይም የግል ባለሀብቶች አግባብ ባለው ህግ መሠረት የገጠር መሬት የማግኘት መብት ይኖራቸዋል።
- 5) ሕብረተሰቡ በጋራ በመሆን የግጦሽ መሬት፣ የውሃ ምንጭ፣ የዕምነት ማካሄጃ ቦታ፣ የመቃብር ቦታ፣ ባህሉን የሚያንፀባርቅበትና ለሌሎች ማህበራዊ አገልገሎቶች የሚጠቀምበት መሬት የማግኘት መብት አለው።
- 6) አርባ አደር፣ አርብቶ አደር ወይም ከፊል አርብቶ አደር ማንኛውንም የገጠር መሬት ባለይዘታነት መጠቀም መብት እንደ አስፈላጊነቱ በውርስ ወይም በዚህ አዋጅ በተጠቀሰው መሠረት በስጦታ ሊያገኝ ይችላል።
- 7) በጋብቻ ካሉ ተጋቢዎች ባል ወይም ሚስት በአንዳቸው የግል ወይም በጋራ የገጠር መሬት ከሌላቸው የገጠር መሬት እንዲሰጣቸው አመልክተው የማግኘት መብት አላቸው። አፈፃፀሙ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

8. የተለያዩ ድርጅቶች ወይም ተቋማት መሬት የሚያገኙበት ሁኔታ

- 1) መንግስታዊ ያልሆኑ ወይም የሃይማኖት ተቋማት ዓላማቸውን ከግብ ለማድረስ የሚረዳቸው የገጠር መሬት መጠቀምን የማግኘት መብት ይኖራቸዋል።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተጠቀሱት ተቋማት መሬት የመጠቀም መብታቸው በጊዜ የሚገድብ ይሆናል። ይህ ጊዜም እንደ አስፈላጊነቱ ሊታደስ ይችላል።
- 3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 እና 2 ስር የተጠቀሱት ተቋማት ከመሬቱ ጋር በተያያዘ ያላቸው መብት መሬቱን ለተቋቋሙበት ዓላማ ብቻ የመጠቀም መብት ሲሆን መሬቱን የማከራየት፣ የማውረስ፣ በስጦታ የማስተላለፍ፣ ከግለሰብ ወይም ከባለሀብት ጋር የማልማትና በዋስትና አስይዘው መበደር አይችሉም።

- 3) Women who want to live with farming or pastoralist or semi-pastoralist activity shall have rights to acquire rural land without bias free of charge.
- 4) Government institutions or private investors shall have the right to acquire rural land in accordance with appropriate laws.
- 5) The people shall have rights to acquire land for grazing, water springs, worshipping, and cemeteries for reflecting their cultures and for other social services in common.
- 6) The farmer, pastoralist or semi-pastoralists or person authorized under this Proclamation may acquire rural land holding and use rights from his families via inheritance or donation.
- 7) Either husband or wife who are living in marriage and has no rural land privately or in common, they have the right to apply and acquire rural land. Its implementation shall be determined by the Regulation to be issued.

8. Manner of Acquiring Land by Various Organizations

- 1) The non-governmental or religious organizations shall have the right to acquire rural land use rights which help them to attain their objectives.
- 2) The organizations specified under Sub Article 1 of this Article, their land use rights shall be limited in time. Such time may be renewed as deemed necessary.
- 3) The organizations specified under Sub Article 1 and 2 of this Article shall have the right only to use the land for the objective they are established; and they do not have rights to rent, inherit, transfer in donation, and develop jointly with an investor or private person and to take credits by using it as guarantee.

- 4) Qabiyyeen ittifayyadama lafa baadiyyaa dhaabbilee Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumamaniif kennamu hanga ista-
andaardii Labsii kana keessatti tumame yookiin Dambii qajeelfama Labsii kana raawwachisuuf bahuutiin ol ta'uu hin qabu.
- 5) Haalli raawwii Keewwata kanaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

9. Akkaataa Ittifayyadama Mirga Abbaa Qabiyyummaa

- 1) Qonnaan bulaan, horsiisee bu-
laan yookiin gamisa horsiisee bu-
laan mirga abbaa qabiyyee lafaa
qabu kamiyyuu yeroon osoo hin
daangeffamin:
 - (a) Mirga ofiin ittifayyadamuu;
 - (b) Akkaataa Labsii, Dambii qajeelfama Labsii kana raawwachisuuf bahuun kireessuu;
 - (c) Dhaalchisuu;
 - (d) Kennaan dabarsuu;
 - (e) Walitti aanfachuu;
 - (f) Waljijjiiruu;
 - (g) Dantaa ummataa ol'aanaaf lafichi yammuu barbaadamu bu'uur seera rogummaa qabuun dursa mirga beenyaa argachuu;
 - (h) Akkaataa Labsii kana keessatti tumameefi Dambii qajeelfama Labsii kana raawwachisuuf bahuun mirga ittifayyadama lafaa wabummaan qabsiisee liqeefachuu;
 - (i) Akkaataa Labsii kana keessatti tumameefi Dambii qajeelfama Labsii kana raawwachisuuf bahuun biqiltuu dhaabbataa yookiin mana osoo hin dabalatiin, laficha gubbaatti qabeenya horate gurguruu, jijjiiruufi dabarsuufi;
 - (j) Mirgoota biroo seeraan kennaameef ni qabaata.
- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, hundee biqiltuu dhaabbataa kan akka Bunaa, Jimaa, Maangoo, Avokaadoo, Paappaayyaa, Burtukaanaafi biqiltuu dhaabbataa biroo yookiin hundee muka haadhoo yookiin hundee mukaa kamiyyuu gurguruun dhorkaadha.

- 4) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ስር ለተጠቀሱት ድርጅቶች ወይም ተቋማት የሚሰጠው የገጠር መሬት አጠቃቀም ይዞታ በዚህ አዋጅ ወይም አዋጁን ለማስፈጸም በሚወጣ ደንብና መመሪያ መሰረት ከተደነገገው ስታንዳርድ መጠን በላይ ሊሆን አይችልም።
- 5) የዚህ አንቀጽ አፈፃፀም በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

9. የባለይዞታነት መብት አጠቃቀም

- 1) ማንኛውም አርሶ አደሩ፣ አርብቶ አደር እና ከፊል አርብቶ አደሩ ያለውን የመሬት የባለይዞታነት መብት በጊዜ ማይገደብ፡-
 - (ሀ) መብቱን በራሱ የመጠቀም፤
 - (ለ) በዚህ አዋጅ እና ይህን አዋጅ ለማስፈጸም በሚወጣው ደንብና መመሪያ መሰረት የማከራየት፤
 - (ሐ) የማውረስ፤
 - (መ) በስጦታ የማስተላለፍ፤
 - (ሠ) ከታገጠም የማድረግ፤
 - (ረ) የመቀያየር፤
 - (ሰ) መሬቱ ለበለጠ የሕዝብ ጠቀሜታ በሚያስፈልግበት ጊዜ አግባብነት ባለው ሕግ መሰረት ቅድሚያ ካላ የማግኘት መብት፤
 - (ሸ) በዚህ አዋጅ በተደነገገውና ይህን አዋጅ ለማስፈጸም በሚወጣ ደንብና መመሪያ መሠረት መሬት የመጠቀም መብትን በዋስትና አስይዞ የመበደር፤
 - (ቀ) በዚህ አዋጅ በተደነገገውና ይህን አዋጅ ለማስፈጸም በሚወጣ ደንብና መመሪያ መሰረት ቋሚ ተክሎችን ወይም ቤትን ሳይጨምር በመሬቱ ላይ ያፈራውን ንብረት የመሸጥ፣ የመለወጥና የማስተላለፍ፤
 - (በ) በሕግ የተሰጡት ሌሎች መብቶች ይኖረዋል።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ቋሚ ተክሎችን እንደ ቡና፣ ጫት፣ ማንጎ፣ አቮካዶ፣ ፓፓያ፣ ብርትኳን እና ሌሎች ቋሚ ተክሎችን ወይም እናት ዛፍን ወይም ማንኛውም ዛፍ መሸጥ የተከለከለ ነው።

- 4) The rural land use right to be provided for the organizations specified under Sub Article 1 of this Article shall not exceed the extent of standard provided under this Proclamation or Regulation and Directive to be issued for the implementation of this Proclamation.
- 5) Implementation particulars of this Article shall be determined by the Regulation to be issued.

9. Manner of Using Land Holding Rights

- 1) Any farmer, pastoralist or semi-pastoralist having right of land holding shall, without being limited in time, have the right to:
 - (a) Use it by himself;
 - (b) Rent in accordance with this Proclamation and Regulations and Directives to be issued to implement this Proclamation;
 - (c) Inherit;
 - (d) Donate;
 - (e) Consolidate;
 - (f) Exchange;
 - (g) When the land is required for public interest, the right to obtain compensation in advance in accordance with applicable laws;
 - (h) Borrow money by using his land use rights as guarantee in accordance with the provisions of this Proclamation and the Regulations and Directives to be issued to implement this Proclamation;
 - (i) Sell, exchange and transfer property acquired on the land, except perennial plants or houses, in accordance with the provisions of this Proclamation, Regulations and Directives to be issued to implement this Proclamation;
 - (j) Other rights legally conferred upon him.
- 2) Without prejudice to the provisions of Sub-Article 1 of this Article, the sale of roots of perennial plants such as coffee, chat, mango, avocado, papaya, Orange and other perennials or the roots of mother trees or roots of any tree is prohibited.

- 3) Gurgurtaan faallaa tumaa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiin raawwatame fudhatama kan hin qabneefi bu'aa kamiyyuu hordofsi-suu kan hin dandeenye ta'ee, namni hundee biqiltuu dhaabbatichaa, hundee muka haadhoo yookiin hundee muka bite beenyaa kamiyyuu gaafachuu kan hin dandeenyee fi biqiltuu dhaabbataa, hundee muka haadhoo yookiin hundee muka bite gadilakkisee kan deemu ta'a.
- 4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti kan tumame jiraatus, namni biqiltuu dhaabbataa dabalataa laficha irratti horate, biqiltuu dabalataan laficha irratti horateef miidhaa laficha irratti kan hin geessisne ta'uun isaa ogeessaan yoo mirkanaa'e biqiltuu dhaabbataa dabalataan horate irraa kaafachuu ni danda'a.
- 5) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan ibsame akkuma eeg-gametti ta'ee, oomisha biqiltoota dhaabbataa kan akka oomisha Buna, Jimaa, Maangoo, Avokaadoo, Paappaayyaa, Burtukaanaafi biqiltuu dhaabbataa biroo gurguruun ni danda'ama. Haa ta'u malee, gurgurtaan kun fudhatama kan qabaatu dhimmoota armaan gadii yoo guute qofa ta'a:
 - (a) Oomishini gurguramu walakkaa bal'ina qabiyyee lafa qonnaan bulaa yookiin gamisa horsiisee bulaa sanaa kan hin caalle yoo ta'ee fi;
 - (b) Oomishni gurguramu hanga waggaa sadii qofaaf kan waliigalame yoo ta'e qofaadha.
 - (c) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5 (a) jalatti kan tumame jiraatus haalli dirqisiisaan oomishicha guutummaatti akka gurguru isa tasisu yoo jiraate oomishicha guutummaan guutuutti waggaa sadiif gurguruu ni danda'a. Haalli raawwii isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 6) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5 jalatti tumameen namni qabeenyicha bite:

- 3) ከዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 ድንጋጌ በተቃራኒ የተፈጸመ ሽያጭ ተቀባይነት የሌለው እና ማንኛውንም ውጤት ሊያስከትል የማይችል ሆኖ ቋሚ ተክልን፣ የእናት ዛፍን ወይም ዛፍን የገዛ ሰው ማንኛውም ካላ መጠየቅ እንደማይችል እና የገዛውን ቋሚ ተክል፣ የእናት ዛፍን ወይም ማንኛውም ዛፍን ለቆ የሚሄድ ይሆናል።
- 4) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 ሥር የተደነገገው ቢኖርም ተጨማሪ ቋሚ ተክል በመሬቱ ላይ ያለማ ሰው፣ በመሬቱ ላይ ላለማው ተጨማሪ ቋሚ ተክል በመሬቱ ላይ ጉዳት ያላደረሰ መሆኑ በባለሙያ ከተረጋገጠ በተጨማሪ ያፈራውን ቋሚ ተክል ከመሬቱ ላይ አንስቶ ሊወሰድ ይችላል።
- 5) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 ስር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ እንደ ቡና፣ ጫት፣ ማንጎ፣ አቮካዶ፣ ፓፓያ፣ ብርቱካን እና የሌሎች ቋሚ ተክሎች ምርት መሸጥ ይቻላል፤ ይሁን እንጂ ሽያጩ ተቀባይነት የሚኖረው የሚከተሉትን ጉዳዮች ካሟላ ብቻ ይሆናል፡-
 - (ሀ) የሚሸጠው ምርት ከአርሶ አደሩ ወይም ከፊል አርብቶ አደሩ የመሬት ይዘታ ስፋት ግማሽ የማይበልጥ ከሆነ፤ እና
 - (ለ) የሚሸጠው ምርት እስከ ሦስት ዓመት ድረስ ብቻ እንዲሆን የተስማሙ እንደሆነ ብቻ ነው።
 - (ሐ) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 5 (ሀ) ሥር የተደነገገው ቢኖርም ምርቱን ሙሉ በሙሉ እንዲሸጥ የሚያደርገው አስገዳጅ ሁኔታ ካለ ምርቱን ሙሉ በሙሉ ለሦስት ዓመት ሊሸጥ ይችላል። አፈጻጸሙ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።
- 6) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 5 ሥር በተደነገገው መሠረት ንብረቱን የገዛው ሰው፡-

- 3) Any sale made contrary to Sub-Article 2 of this Article shall be unacceptable and shall have no legal effect; the person who bought the roots of perennial plants, the roots of mother tree or roots of any other tree shall not claim any compensation and shall leave the perennial plant, the root of the mother tree or the root of other tree which he bought.
- 4) Notwithstanding the provisions of Sub-Article 3 of this Article, a person who has cultivated additional perennials on the land may remove the additional perennial plants from the land, if it is certified by an expert that the removal of additional perennial plants will not cause harm to the land.
- 5) Without prejudice to the provisions of Sub-Article 2 of this Article, the products of perennial plants such as the products of Coffee, Chat, Mango, Avocado, Papaya, Orange and other perennial plants may be sold. However, the sale shall be accepted only if it meets the following conditions:
 - (a) If the product to be sold does not exceed half of the size of the farmer or semi-pastoralist's land holding;
 - (b) If it is agreed that the products to be sold is only for up to three years;
 - (c) Notwithstanding the provisions of Sub-Article 5 (a) of this Article, he may sell the product in its entirety for three years if there exist compelling circumstances that necessitates him to sell the product as a whole. Its implementation shall be determined by the Regulation to be issued.
- 6) The person who bought the property in accordance with the provisions of Sub-Article 5 of this Article:

- (a) Yeroon Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5 jalatti tumame akkuma xumurameen qabeenyicha abbaa qabiyyee duraatiif deebisuufii qaba;
- (b) Qabeenyicha, yeroo harkasaa turus ta'e yeroo deebisu eeguufi kunuun-suuf dirqama qaba.
- 7) Akkaataa tumaa Labsii kanaatiin hayyamameen alatti idaa sababeef-fachuun yookiin raawwii murtii maallaqaatiif qonnaan bulaan, horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan qabiyyee lafasaar-aa buqqa'ee qabiyyichi nama yookiin dhaabbata kamittuu darbuu yookiin qabamuu hin danda'u.
- 8) Mirgi qabeenya oomisha ofii gurgurachuun, Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 fi 5 irratti caqasame haaluma kamiiniyyuu lafa qabeenyichi irratti qubate hin dabalatu.
- 9) Sababa oomisha biqiltuu dhaabbataa bituudhaan qonnaan bulaa yookiin gamisa horsiisee bulaar-aa abbummaan qabiyyee lafa baadiyyaa qaama oomisha biqiltuu dhaabbataa biteef darbuu kan hin danda'amneef yoo ta'e bittaafi gurgurtaan oomisha biqiltuu dhaabbataa Labsiin kun bahuun duratti raawwatames haala Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5 (a-c)'n kan raawwatamu ta'a.
- 10) Abbaan qabiyyee lafa qonnaa yookiin dheedichaa jedhamee waraqaan ragaa kennameef irratti akkaataa karoora ittifayyadama lafaan ibsameen alatti mana ijaaruu yookiin baargamoofi biqiltuu biroo laficha irratti miidhaa geessisuu danda'an dhaabun dhorkaadha.
- 11) Namni kamiyyuu akkaataa karoora ittifayyadama lafa baadiyyaatiin alatti lafa faayidaa adda addaa kan akka qonnaa, dheedichaa, bosonaafi kan biroof oolu irratti mana ijaaruun dhorkaadha. Ijaarsa manaa karaa seeran ala ta'een raawwatamee argame Biirichi koree hundeessuun ni diigsisa. Haalli raawwii isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

- (ሀ) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 5 ሥር የተደነገገው ጊዜ እንደተጠናቀቀ ንብረቱን ለመጀመሪያው ወይም ለዋናው ባለይዞታ መመለስ አለበት፤
- (ለ) ንብረቱን በእርሱ ዘንድ እያለም ሆነ በሚመልስበት ጊዜ የመጠበቅና የመንከባከብ ግዴታ አለበት።
- 7) በዚህ አዋጅ ድንጋጌዎች ከተፈቀደው ሁኔታ ውጪ እዳን ምክንያት በማድረግ ወይም ለገንዘብ ውሳኔ አረጋጃም ሲባል አርሶ አደር፣ አርብቶ አደር ወይም ከፊል አርብቶ አደር ከመሬት ይዞታው ላይ ተፈናቅሎ ይዞታው ለማንኛውም ሰው ወይም ድርጅት ሊተላለፍ ወይም ሊያዝ አይችልም።
- 2) Waliigalteen waliin misoomsuu gosa misoomaa gaggeeffamuu, bal'ina lafa waliin misoomuu, yeroo addaan bahanitti haala qoodinsa qabeenyaafi oomisha biqiltuu dhaabbataa, mirgaafi dirqama garee waliin misoomsuu adda baa-see kan ibsu ta'uu qaba.
- 3) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1fi 2tiin waliigalteen hin taasifamne seera fuula duratti fudhatama hin qabaatu. Nama abbaa qabiyyee waliin misoomseefis mirga kamiyyuu hin argamsiisu.
- 4) Keewwata kan Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatu illee, abbaan qabiyyee qabiyyee lafa isaa irratti misoomsuu hin dandeenye kan akka maanguddoota, daa'imman maatii hinqabne, sababa adda addaatiin namoota qabiyyee isaanii ofii misoomsuu hin dandeenye ta'uun bulchaa gandaan barreeffamaan mirkana'ee qabiyyee isaanii guutumaa guutuutti waliigalteen waliin misoomsuurraa hin dhorkaman.
- 5) Waliigalteen waliin misoomsuu barreeffamaan ta'ee, caasaa Biirichaa sadarkaa Aanichaa biratti mirkana'ee galmaa'uu qaba.

4) የመሬት ጽሕፈት ቤት ተረጋግጦ የተመዘገበውን ውል መሠረት በማድረግ የመሬት ይዞታ ከታ ገጠምን ለፈጸሙ የመሬት ባለይዞታዎች የታደሠ የገጠር የመሬት ባለይዞታ የምስክር ወረቀት የሚሠጣቸው ይሆናል። በዚህ አንቀጽ ድንጋጌ መሠረት የተፈጸመ ከታገጠም ማድረግ በማንኛውም ምክንያት ወደኋላ ሊመለስ አይችልም።

20. የገጠር መሬት ይዞታን በጋራ ስለማልማት

- 1) ማንኛውም ባለይዞታ ከይዞታው ውስጥ ግማሽ የሚሆነውን በባሕላዊ ዜዴ ክልል ሳይሆን ለማይበልጥ ጊዜ ወይም ለዘመናዊ ግብርና አስር ዓመት ለማይበልጥ ጊዜ በጽሁፍ ተረጋግጦ በተመዘገበ ውል መሠረት ከማንኛውም ሰው ጋር ሊያለማይችላል።
- 2) በጋራ የማልማት ውሉ የሚካሄደውን ልማት ዓይነት፣ በጋራ የሚለማውን መሬት ስፋት፣ ሲለያዩም ንብረት ስለሚካፈሉበት ሁኔታና የቋሚ ተክሎች ምርት፣ በጋራ አልማዎቹ በድኖች መብትና ግዴታን ለይቶ የሚገልጽ መሆን አለበት።
- 3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 እና 2 መሠረት ያልተደረገ ውል በህግ ተቀባይነት የለውም። ከባለይዞታው ጋር በጋራ ላለማው ሰውም ማንኛውንም መብት አያስገኝም።
- 4) በዚህ አንቀጽ ንኡስ አንቀጽ 1 ሥር የተደገገው ቢኖርም በይዞታው ላይ ሊያለማ የማይችል የመሬት ባለይዞታ እንደ አረጋጂያን፣ ወላጅ አልባ ህጻናት፣ በተለያዩ ምክንያቶች ይዞታቸውን በራሳቸው ማልማት የማይችሉ ስለመሆናቸው በቀበሌ አስተዳዳሪ በጽሁፍ የተረጋገጠላቸው ሰዎች ይዞታቸውን ሙሉ በሙሉ በስምምነት በጋራ ከማልማት አይከለክሉም።
- 5) በጋራ የማልማት ውል በጽሁፍ የሚደረግ ሆኖ በወረዳው ባለው የቢሮው መዋቅር ተረጋግጦ መመዘገብ አለበት።

4) Based on the land holding consolidation agreement authenticated and registered, the District Land Office shall issue renewed land holding certificate to land holders agreed for consolidating their land. Consolidation of land holding undertaken in accordance with the provisions of this article shall not be renounced under any ground.

20. Developing Rural Land Holding in Common

- 1) Any rural land holder may develop half of his rural land holding with any person for not more than three years for traditional agriculture or for the period not exceeding fifteen years for modern agriculture with written agreement which is approved and registered.
- 2) The agreement made regarding common development shall precisely describe the type of development undertaken in common, the size of land to be developed in common, during dissolution, manner of division of property and products of perennial plants, rights and obligations of the common development team.
- 3) Agreement made contrary with the provision of sub article 1 and 2 this article shall have no effect before the law. It shall not entitle any right for the person who develop such land in common with the land holder.
- 4) Notwithstanding the provisions of Sub Article 1 of this Article, land holders who are unable to develop on their land holding such as the elderly, children left without their families or other persons who are unable to develop their land holding by themselves for various reasons, upon written approval of Kebele administrator, shall not be prohibited to develop their entire land holding with other person by agreement.
- 5) Agreement of development in common shall be made in written form; and it shall be authenticated and registered to the structure of the Bureau at the District level.

6) Mirgi abbaa qabiyyummaa lafa waliigalteen waliin misoomsuun irratti raawwatame sababa waliin misoomsuu kanaan walqabatee karaa kamiyyuu gara nama waliin misoomsuuf waliigaleetti yookiin nama biraatti darbuu hin danda'u.

21. Ulaagaa Waliigalteen Lafa Baadiyyaa Irratti Taasifamu Qabaachuu Qabu

- 1) Waliigaltee lafa baadiyyaa irratti taasifamu kamiyyuu akka gosa isaatti unka waliigaltee afaan hojii Naannichaatiin barreeffamaan kan qophaa'uu qabu ta'ee, ulaagaalee dirqisiisoo seerota rogummaa qabaniin tumamaan bu'uura taasisuun raawwatamuu qaba.
- 2) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumamee akkuma jirutti ta'ee, qaamoleen waliigaltee seenan aangoo waliigalticha seenuu isaan dandeessisu qabaachuu qabu.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1-2 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, qabiyyeen waliigaltee lafa baadiyyaa irratti taasifamu yoo xiqqaate dhimmoota armaan gadii hammachuu qaba:
 - (a) Maqaafi teessoo gareewwan waliigaltichaa raawwatanii;
 - (b) Gosa yookiin akaakuu waliigaltichaa;
 - (c) Teessoo yookiin bakka waliigaltee itti gaggeeffamu;
 - (d) Bal'ina lafa waliigalteen itti taasifame;
 - (e) Iddoo addaa yookiin koodii cittuu lafaa;
 - (f) Daangessitootaa lafichaa;
 - (g) Bara turtii waliigaltichaa;
 - (h) Mirgaa fi dirqama waliigaltee fudhataafi waliigaltee kenna;
 - (i) Dirqama hawaasummaa bahuuf irratti waliigalame yoo jiraate;
 - (j) Akkaataa waliigaltichi itti haaromfamu yookiin addaan itti citu;
 - (k) Waraqaa eenyummaa fi suuraa eenyummaa waliigaltee kennaafi fudhataa ibsu;
 - (l) Mallattoo qaama waliigaltootaafi ragoolee; fi
 - (m) Haala waliigalaa kan biroo ibsuu qaba.

6) በጋራ የማልማት ውል የተደረገበት የመሬት ባለይዞታነት መብት በጋራ ከማልማት ጋር በተያያዘ ምክንያት በማንኛውም መንገድ በጋራ ለማልማት ወደ ተስማማው ሰው ወይም ወደ ሌላ ሰው ሊተላለፍ አይችልም።

21. በገጠር መሬት ላይ የሚደረግ ውል ሊኖረው ስለሚገባው መስፈርት

- 1) በገጠር መሬት ላይ የሚደረግ ማንኛውም ውል እንደ ውሉ ዓይነት በክልሉ የሥራ ቋንቋ በተጻፈ ፎርም የሚዘጋጅ ሆኖ አግባብነት ባላቸው ህጎች በተደነገጉ አስገዳጅ የሆኑ መስፈርቶችን መሰረት በማድረግ መፈጸም አለበት።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንኡስ አንቀጽ 1 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ውሉን የሚገቡት ወገኖች ውሉን ለመዋዋል የሚያስችላቸው ስልጣን ሊኖራቸው ይገባል።
- 3) በዚህ አንቀጽ ንኡስ አንቀጽ 1-2 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ በገጠር መሬት ላይ የሚደረግ ውል ይዘት ቢያንስ የሚከተሉትን ጉዳዮች ማካተት አለበት፡-
 - (ሀ) ውሉን የሚፈጽሙት ወገኖች ስምና አድራሻ፤
 - (ለ) የውሉ ዓይነት፤
 - (ሐ) ውሉ የሚደረግበት አድራሻ ወይም ቦታ፤
 - (መ) ውሉ የሚደረግበት መሬት ስፋት፤
 - (ሠ) የቀራጭ መሬቱ ልዩ ቦታ ወይም ኮድ፤
 - (ረ) የመሬቱ አዋሳኞች፤
 - (ሰ) የውሉ የቆይታ ዘመን፤
 - (ሸ) የውል ተቀባይና የውል ሰጪ መብትና ግዴታ፤
 - (ቀ) ማህበራዊ ግዴታን ለመወጣት የተስማሙበት ካለ፤
 - (በ) ውሉ ስለሚታደስበት ወይም ስለሚቋረጥበት ሁኔታ፤
 - (ተ) የውል ሰጪና ተቀባይ ማንነትን የሚገለጽ መታወቂያና ፎቶግራፍ፤
 - (ገ) የተዋዋይ አካላትና የምስክርኞች ፊርማ፤ እና
 - (ኀ) ሌላ አጠቃላይ ጉዳዮችን የሚገልጽ መሆን አለበት።

6) The land holding right upon which development in common agreement is made shall not in any way be transferred to the person who agreed for common development or to any other person on the ground of such development in common.

21. Agreement Criteria On Rural Land

- 1) Any agreement relating to rural land shall be prepared based on its type in written form in working language of the region; and shall be performed based on the mandatory criteria provided by appropriate laws.
- 2) Without prejudice the provisions of Sub Article 1 of this article, parties to the agreement shall have capacity to enter into such agreement.
- 3) Without prejudice to the provisions of Sub Articles 1 and 2 of this Article, the contents of agreement relating to rural land shall contains at least the following matters:
 - (a) Name and address of the agreed parties;
 - (b) Type of the agreement;
 - (c) Place of the agreement;
 - (d) Size of the land upon which they agreed;
 - (e) Specific area or code of plot of land;
 - (f) Adjoining boundaries of the land;
 - (g) Duration term of the agreement;
 - (h) Rights and obligations of agreed parties;
 - (i) Social responsibility entered; if any;
 - (j) Manner of renewal or termination of the agreement;
 - (k) Identity card and photographs of the agreed parties;
 - (l) Signature of the agreed parties and witnesses; and
 - (m) Other general conditions.

4) Biirichi unka waliigaltee lafa baadiyyaa ulaagaa Keewwata kana jalatti tumamee karaa hammateen kan qopheessu ta'a.

22. Lafa Baadiyyaa Tajaajila Hawaasaatiif Oolchuu

- 1) Ummanni waliigalteen qabiyyee waliinii hawaasaa yookiin qabiyyee mootummaa hayyamameef irratti wiirtuu iddoowwan tajaajila hawaasaa itti argatan uummachuu ni danda'a.
- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumamee akkuma eeggametti ta'ee qabiyyeen wiirtuu tajaajila hawaasaatiif oolee qabiyyee dhuunfaa yookiin walinii yoo ta'e namoota qabiyyee lafasaanii gadi dhiisaniif beenyaan akkaataa seera roggummaa qabuutiin ummataa yookiin mootummaan kan kaffalamuuf ta'a.

23. Istaandaardii Bafina Maasaafi Qabiyyee Lafa Baadiyyaa Murteessuu

- 1) Bal'inni qabiyyee lafa kan kanaan duraa akkuma eeggametti ta'ee, hangi qabiyyee lafa yookiin maasaa gara fuulduraatti mootummaan, dhaalaan, kennaanifi qoodinsa qabiyyee abbaa warraafi hadhaa warraan argamu inni xiqqaan istaandaardii armaan gaditti ibsameen gadi ta'uu hin qabu:
 - (a) Midhaan nyaataatiif heektaara 0.5;
 - (b) Jallisiif 0.25; fi
 - (c) Biqiltuu dhaabbataaf heektaara 0.25.
- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumamee akkuma eeggametti ta'ee, bal'inni qabiyyee lafa kan kanaan duraa karaa seera qabeessa ta'een argatame akkuma eeggametti ta'ee, gara fuula duraatti bal'inni qabiyyee lafaa ol'aanaan:
 - (a) Lafa nama dhuunfaatiif mootummadhaan kennamu heektara 2 kan hin caallee; fi
 - (b) Lafa waliinii mootummadhaan kennamu aadaa hawaasaa qabiyyee walinii gaafatu irratti hundaa'uun murtii Mana Maree Bulchiinsaatiin kan murtaa'u ta'u qaba.

4) ቢሮው በዚህ አንቀጽ ሥር የተደነገገውን መስፈርት በሚያካትት ሁኔታ የገጠር መሬት ውል ቅጽ የሚያዘጋጅ ይሆናል።

22. የገጠር መሬትን ለማሕበራዊ አገልግሎት ስለማዋል

- 1) ህዝቡ በህብረተሰቡ የወል ይዞታ ወይም በተፈቀደለት የመንግስት ይዞታ ላይ የማህበራዊ አገልግሎት የሚያገኝበት ማዕከል ሊያቋቁም ይችላል።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንኡስ አንቀጽ 1 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ለማሕበራዊ አገልግሎት ማዕከልነት የዋለው ይዞታ የግል ወይም የወል ይዞታ ከሆነ የመሬት ይዞታቸውን ለለቀቁት ሰዎች አግባብነት ባለው ህግ መሠረት በሕዝቡ ወይም በመንግስት ካሳ የሚከፈላቸው ይሆናል።

23. የማሳ ስፋትና የገጠር መሬት ይዞታ ስታንዳርድን ስለመወሰን

- 1) ከዚህ በፊት የነበረው የመሬት ይዞታ ስፋት እንደተጠበቀ ሆኖ ወደፊት በመንግስት፣ በውርስ፣ በስጦታ እና ለባልና ሚስት በሚደረግ የይዞታ ክፍፍል መሰረት የሚገኘው ትንሹ የመሬት ይዞታ ወይም ማሳ መጠን ከዚህ በታች ከተጠቀሰው እስታንዳርድ በታች መሆን የለበትም፡
 - (ሀ) ለምግብ እህል 0.5 ሄክታር፤
 - (ለ) ለመስኖ 0.25 ሄክታር፤ እና
 - (ሐ) ለቋሚ ተክል 0.25 ሄክታር።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ከዚህ በፊት በህጉ መሠረት የተገኘው የመሬት ይዞታ ስፋት እንደተጠበቀ ሆኖ ወደፊት ክፍተኛው የመሬት ይዞታ ስፋት፡-
 - (ሀ) በመንግሥት ለግለሰብ የሚሠጥ መሬት ከ2 ሄክታር የማይበልጥ፤ እና
 - (ለ) በመንግስት ለወል ይዞታነት የሚሰጥ መሬት የወል ይዞታን የሚጠይቀው ሕብረተሰብ ባህል ላይ በመመሥረት በክልሉ መስተዳድር ምክር ቤት የሚወሰን መሆን አለበት።

4) The Bureau shall prepare a rural land agreement form in a manner that includes the criteria's provided under this article.

22. Using Rural Land for Community Services

- 1) The community may upon their agreement create community service centers on their communal land or on the land holding permitted to them by the government.
- 2) Without prejudice the provisions of Sub Article 1 of this Article, where the land which is used for community service center is private holding or communal holding compensation shall be paid for persons displaced from their holdings by the community or government in accordance with the relevant laws.

23. Determining Size of Farm and Rural Land Holding Standards

- 1) Without prejudice to the previously existing size of land holding or farm land to be acquired in the future from the government, by succession, donation and by division of land holding between husband and wife shall not be less than the standard mentioned below:
 - (a) For crop production 0.5 hectare;
 - (b) For irrigation 0.25 hectare;
 - (c) For permanent plants 0.25.
- 2) Without prejudice to the provision under sub article 1 of this article; save as to the size of land previously acquired in accordance with the law, the maximum land holding size in the future shall be:
 - (a) Land to be provided for private person by the government not exceeding 2 hectares; and
 - (b) Communal land to be provided by the government, taking into consideration the culture of the community requesting for communal purpose, it shall be decided by the Regional Administrative Council.

- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1-2 kan jiru akkuma eeggametti ta'ee, bal'inni qabiyyee lafa baadiyyaa mana amantaf yookiin bakka waqeeffannaa kennamu inni ol-aanaan hektaara walakkaa ol ta'uu hin qabu.
- 4) Bal'inni lafaa qubataa haarawaa karaa seera qabeessa ta'een qubateef kennamu Mana Maree Bulchiinsaatiin kan murtaa'u ta'a.
- 5) Lafa Investmentii yookiin qonna ammayyaa kan akka horsiisa loon aannanii, horii furdisuu, horsiisa lukkuu, lafa tajaajila hawaasuummaa, lafa bakka awwaalchaafi lafa ijaarsota adda addaatiif kennamu bal'ina lafaa akkaataa istaandardii Biiron baasuun kan murtaa'u ta'a.

24. Lafa Baadiyyaa Hiruu yookiin Qooduu

- 1) Lafa qabiyyee Mootummaa yookiin akkaataa Labsii kana keessatti tumameen lafa gara qabiyyee mootummaatti deebi'e namoota qabiyyee hin qabneef yookiin qabiyyee gahaa hin qabneef qaama aangoo qabuun kan hiramuu danda'u:
- (a) Lafa misooma qonnaatiif yookiin dheedichaa yookiin tajaajila birootiif osoo ooluu danda'uu osoo hin qabamin jiru;
- (b) Lafa qabiyyee mootummaa tajaajila qonnaa yookin kan biroof oolaa turee akkaataa seeraatiin kan gadilakkifame yoo ta'e;
- (c) Lafa istaandaardiin olitti dhaabbilee adda addaan qabamee akka deebi'uuf murtaa'e;
- (d) Lafa akkaataa seeraatiin nama dhaalu hin qabne;
- (e) Quubsuma seera qabeessa ta'een lafa qabamee ta'ee, abbaan qabiyyee akkaata Labsii kana keessatti tumameen ittifayyadamuu dhabuu irraa kan ka'e mirga abbaa qabiyyummaa isaa kan addaan cite;

- 3) በዚህ አንቀጽ ንስሱ አንቀጽ 1-2 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ለቤተ እምነት ወይም ለዋቁራና ቦታነት የሚሰጥ የገጠር መሬት ይዞታ ስፋት ከፍተኛው ከግማሽ ሄክታር በላይ መሆን የለበትም።
- 4) በህጋዊ መንገድ ለሰፈረ አዲስ ሰፋሪ የሚሰጥ የመሬት ስፋት በክልሉ መስተዳድር ምክር ቤት የሚወሰን ይሆናል።
- 5) ለኢንቨስትመንት ወይም እንደ የወተት ላሞች እርባታ፣ የክብት ማድለብ እና የዶሮ እርባታ ለመሳሰሉ ዘመናዊ ግብርና፣ ለማህበራዊ አገልግሎት መስጫ፣ ለመቃብር ቦታ እና ለተለያዩ ግንባታዎች የሚሰጠው መሬት ስፋት ቢሮው በሚያወጣው እስተንዳርድ መሠረት የሚወሰን ይሆናል።

24. የገጠር መሬትን ማከፋፈል

- 1) የመንግስት መሬት ይዞታን ወይም በዚህ አዋጅ በተደነገገው መሠረት ወደ መንግስት ይዞታነት የተመለሰ መሬትን ይዞታ ለሌላቸው ሰዎች ወይም በቂ ይዞታ ለሌላቸው ሰዎች ሥልጣን ባለው አካል ሊከፋፈል የሚችለው፡-
- (ሀ) ለግብርና ልማት ወይም ለግጥሽ ወይም ለሌላ አገልግሎት ሊውል እየቻለ ሳይያዝ ያለ መሬት፣
- (ለ) የመንግሥት ይዞታ የሆነና ለግብርና ወይም ለሌላ አገልግሎት ሊውል የነበረና በህጉ መሰረት የተለቀቀ መሬት ከሆነ፣
- (ሐ) ከእስተንዳርድ በላይ በተለያዩ ተቋማት ተይዞ እንዲመለስ የተወሰነ መሬት፣
- (መ) በህጉ መሠረት የሚወርሰው ሰው የሌለው መሬት፣
- (ሠ) ህጋዊ በሆነ ሠፈራ የተያዘ መሬት ሆኖ ባለይዞታው በዚህ አዋጅ በተደነገገው መሠረት ሳይጠቀምበት በመቅረቱ የተነሳ የባለይዞታነት መብቱ የተቋረጠ መሬት፣

- 3) Without prejudice to the provisions of sub article 1 and 2 of this article, the maximum size of rural land provided for religious institutions and place of Waqefanna shall not exceed half a hectare.
- 4) The size of rural land to be provided for new lawful settler shall be determined by the Regional Administrative Council.
- 5) The size of rural land to be provided for investment, modern agriculture such as dairy cattle breeding, cattle fattening, poultry farming, land for community service, cemetery places, and land for various constructions shall be determined based on the standard to be set by the Bureau.

24. Distribution or Division of Rural Land

- 1) Government holding land or land returned back to the government in accordance with the provisions of this Proclamation can be distributed by authorized body for landless persons or for persons who do not have sufficient land holding if:
- (a) Unoccupied land that could have been used for agricultural development or pasture or for other services;
- (b) Government land holding that has been used for agriculture service or other services and relinquished in accordance with the law;
- (c) Land occupied by different organizations beyond the standards and decided to be returned back;
- (d) Land having no legal successor;
- (e) Land holding occupied in accordance with the law, which the land holder's use right is terminated due to his failure to use such land as provided under this Proclamation;

- (f) Lafa qubannaafi qabannaa seeraan alaatiin qabamee gara qabiyyee lafaa mootummaatti deebi'ee kan misooma qonnaatiif yookiin dheedicha yookin tajaajila birootiif ooluu danda'u;
 - (g) Lafa abbaan qabiyyee fedhii isaatiin mirga abbaa qabiyyummaa isaa dhiisuudhaan mootummaatti deebise yoo ta'e;
 - (h) Lafa sababa kununsa taasisuu dhabuutiin akkaata seeraatiin abbaa qabiyyummaa isaa hafa ta'e;
 - (i) Lafa biroo akkaataa Labsii kanaatiin mirgi abbaa qabiyyummaa isaa hafe, yookiin addaan cite yoo ta'u; Biirichi akkaataa seeraatiin karoorra ittifayyadama lafaa bu'uura taasifatee namoota mirga argannaa lafa qabaniif qooduu ni danda'a.
- 2) Lafti qonni Mootummaa irraa gadi lakkifamu haala faayidaa isaa waliin madaaluudhaan qonnaan bul-tootaaf hiramuu yookiin abbootii qabeenyaa dhuunfaatiif kireef-famuu ni danda'a.

25. Lafa Jallisii Waljalaa Siqsuun Qooduu

- 1) Lafa qabeenya biqiltuu dhaabbataa kan akka Buna, Maangoo, Paappayyaa, Burtukaana, Shankoora, Jimaafi kan kana fakkaatan irratti misoomee jiru irraa kan hafe lafa jallisii ammayyaa waljalaa siqsuun qooduun ni danda'ama.
- 2) Qabeenya lafaafi bishaanii bu'a qabeessummaafi haqummaa haala mirkaneessuun hojiirra oolchuuf lafa jallisii ammayyaa haala armaan gadiin waljalaa siqsuun qooduun ni danda'ama:
 - (a) Bal'ina qabiyyee lafa jallisii qonnaan bulaa abbaa warraa tokko yoo baay'ate hektaara 0.5 kan hin caalle;
 - (b) Lafa haala ammayaatiin misoomuu danda'u yookiin misoomu irratti; Raawwiin isaa Dambiidhaan kan murtaa'u ta'a.
 - (c) Hirmaannaafi murtii ummata ittifayyadamuutiin;

- (ረ) በስፈራ እና ህጋዊ ባልሆነ ሠፈራ ተይዞ የነበረና ወደ የመንግሥት ይዞታነት የተመለሰና ለግብርና ልማት ወይም ለግብሽ ወይም ለሌላ አገልግሎት ሊውል የሚችል መሬት፤
 - (ሰ) የመሬት ባለይዞታው በገዛ ፈቃዱ የባለይዞታነት መብቱን ትቶ ለመንግስት የመለሰው መሬት ከሆነ፤
 - (ሸ) አስፈላጊው እንክብካቤ ባለማድረግ የተነሳ በሕግ መሠረት የባለይዞታነት መብቱ ቀሪ የሆነ መሬት፤
 - (ቀ) በዚህ አዋጅ መሠረት የባለይዞታነት መብቱ ቀሪ የሆነ ወይም የተቋረጠ መሬት ሲሆን፤ ቢሮው በሕግ መሠረት የመሬት አጠቃቀም ዕቅድን መነሻ በማድረግ መሬት የማግኘት መብት ላላቸው ስዎች ሊያከፋፍል ይችላል።
- 2) ከመንግሥት ግብርና የሚለቀቅ መሬትን ከሚሰጠው ጥቅም ጋር በማመዘን ለአርሶ አደሮች ሊያከፋፍል ወይም ለግል ባለሀብቶች ሊከራይ ይችላል።

25. የመስኖ መሬትን በማሸጋሸግ ማከፋፈል

- 1) እንደ ቡና፣ ማንጎ፣ ፓፓያ፣ ብርቱካን፣ ሸንኩራ አገዳ፣ ጫትና የመሳሰሉት ቋሚ ተክሎች በላዩ ከለሙበት መሬት በስተቀር የዘመናዊ መስኖ መሬትን በማሸጋሸግ ማከፋፈል ይቻላል።
- 2) የመሬትና የውሃ ሀብትን ውጤታማነትንና ፍትሃዊነትን በሚያረጋግጥ ሁኔታ ሥራ ላይ ለማዋል የዘመናዊ መስኖ መሬትን በሚከተለው ሁኔታ በማሸጋሸግ ማከፋፈል ይቻላል፡-
 - (ሀ) የአንድ አባወራ አርሶ አደር የመስኖ መሬት ይዞታ ስፋት ቢበዛ 0.5 ሄክታር የማይበልጥ፤
 - (ለ) በዘመናዊ ሁኔታ ሊለማ የሚችል ወይም የለማ መሬት ላይ፤ አፈጻጸሙ በደንብ ይወሰናል።
 - (ሐ) በተጠቃሚው ሕብረተሰብ ተሳትፎና ውሳኔ፤

- (f) Land occupied through illegal settlement and occupation and decided to be return back to government holding that can be used for agricultural development or grazing purpose or other services;
 - (g) Land holding right relinquished by the holder on his consent and returned to government;
 - (h) Land which its land holding right is terminated as a result of failure of the land holder to conserve;
 - (i) Other land which its holding right is terminated or cancelled in accordance with the provisions of this Proclamation, the Bureau may, based on the land use plan distribute for persons who have rural land acquisition rights.
- 2) Land relinquished from government agriculture, shall be redistributed for farmers or rented for private investors taking in to consideration its advantage.

25. Redistribution of Irrigation Land by Relocation

- 1) Except for the land on which perennial plants such as Coffee, Mango, Papaya, Orange, Sugar cane, Chat and the likes are produced, irrigation land may be distributed via relocation.
- 2) With a view to ensure effective and just utilization of land and water resources, modern irrigation land may be distributed via relocation in the following manner:
 - (a) Irrigation land for one house hold farmer maximum land size not exceeding 0.5 hectare;
 - (b) Regarding the land which is developed or to be developed in modern way; its implementation shall be determined by Regulation.
 - (c) Based on the participation and decision of the user local community;

- (d) Nama qabiyyee isaa irra misoomni jallisii ooleef dursa kennuudhaan qooda isa ol'aanaa hektaara 0.5 abbaa qabiyyeef erga kennameen booda lafti hafe qonnaan bultoota dhiyeenya sanatti argamaniif hektaara 0.25 gadi kan hin taane yoo taedha.
- 3) Qonnaan bulaan, horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan qabiyyee isaa irra lafti jallisii ammayyaa oolee namoota biraatiif jallaa hirame lafti roobaan misoomu kan lafa isaan walgitu jijjiirraadhaan itti fayyadamtoota lafa jallsiichaatiin ni kennamaaf.
- 4) Qotee bulaan, horsiisee bulaan yookiin gamisa horsiisee bulaan kamiyyuu teessuma haala lafichaa irraa kan ka'e qabiyyee isaa irra bo'oofti ijaarsi jallisii kan oolu yoo ta'e qabiyyicha hayyamuuf dirqama qaba. Ta'us, akkaataa seera rogummaa qabuun beenyaan akka kafalamuuf gaafachuuf mirga qaba.
- 5) Abbaan qabiyyee laftisaa kuufama bishanii jala ooluudhaan jalaa fudhatame fayyadamtoota bishaan-icharraa yookiin Mootummaarraa lafa wal fakkaatu bakka bu'iinsaan, qabeenya isaatiif ammoo beenyaa argachuuf mirga qaba.
- 6) Namni qabiyyee lafa jallisii qabu kamiyyuu akkaataa karoora itti-fayyadamatiin guutumaa guutuutti ittifayyadamuufi kunuunsuuf dirqama qaba.
- 7) Misooma jallsiin wal qabatee miidhaa naannoo irratti ga'uu danda'u hambisuuf yookiin xiqqeesuuf qaamni jallsiitti fayyadamu hundi hojjechuuf ni dirqama.

26. Lafa Baadiyyaa Magaalaa Jalatti Dangessuufi Walharkaa Fuudhuu

- 1) Lafti Baadiyyaa Bulchiinsa Magaalaa jalatti kan galu yoo pilaanii magaalaa daangeffamee wal harkaa fuudhinsi taasifame qofaa dha.
- 2) Lafti baadiyyaa pilaaniidhaan gara magaalatti kan daangeffamu qorannoo haal-duree qophii pilaanii irratti hundaa'uun ta'uu qaba.

- (መ) የመሬት ይዞታው በመስኖ ልማት ለተያዘበት ሰው ቅድሚያ በመስጠት ለባለይዞታው ከፍተኛውን ድርሻ 0.5 ሄክታር ከተሰጠው በኋላ የቀረው መሬት በአቅራቢያው ላሉ አርሶ አደሮች የሚከፋፈለው 0.25 ሄክታር በታች የማይሆን ከሆነ ነው።
- 3) የመሬት ይዞታው ለዘመናዊ መስኖ መሬትነት የዋለበትና ይህም ለሌሎች ስዎች የተከፋፈለበት አርሶ አደር፣ አርብቶ አደር ወይም ከፊል አርብቶ አደር በዝናብ የሚለማና አርሶ መሬት ጋር ተመጣጣኝ የሆነ መሬት በተለዋጭነት በመስኖ መሬቱ ተጠቃሚዎች ይሰጠዋል።
- 4) ማንኛውም አርሶ አደር፣ አርብቶ አደር ወይም ከፊል አርብቶ አደር ከመሬቱ አቀማመጥ ሁኔታ የተነሳ የመሬት ይዞታው ለባይ እና የመስኖ ግንባታ ሥራ የዋለበት ከሆነ ይዞታውን የመፍቀድ ግዴታ አለበት። ሆኖም አግባብነት ባለው ሕግ መሰረት ካሳ እንዲከፈለው የመጠየቅ መብት አለው።
- 5) የመሬት ይዞታው በውሃ ክምችት ወይም ማጠራቀሚያ ስር በመዋሉ የተወሰደበት ባለይዞታ ከውሃው ተጠቃሚዎች ወይም ከመንግሥት ተመሳሳይ መሬት በምትኩ ለንብረቱ ደግሞ ካሳ የማግኘት መብት አለው።
- 6) ማንኛውም የመስኖ መሬት ይዞታ ያለው ሰው በመሬት አጠቃቀም ዕቅድ መሰረት ሙሉ በሙሉ የመጠቀምና የመንከባከብ ግዴታ አለበት።
- 7) ከመስኖ ልማት ጋር ተያይዞ ሊደርስ የሚችለውን የአካባቢ ጉዳት ለማስቀረት ወይም ለመቀነስ የሚረዳ ተግባር በመስኖ የሚጠቀም አካል ሁሉ የመስራት ግዴታ አለበት።

26. የገጠር መሬትን በከተማ አስተዳደር ሥር ማካለልና ርክክብ መፈጸም

- 1) የገጠር መሬት በከተማ አስተዳደር ሥር የሚገባው በከተማ ፕላን ተካፈሎ ርክክብ ከተደረገ ብቻ ነው።
- 2) የገጠር መሬት በፕላን መሰረት ወደ ከተማ የሚካለለው በፕላን ዝግጅት ቅድመ ሁኔታ ጥናት ላይ በመመሥረት መሆን አለበት።

- (d) After giving a maximum land size of 0.5 hectares of land for a person whose land has fallen under irrigation development, if the remaining land distributed for the farmers residing in that locality is not below 0.25 hectare share.
- 3) The farmer, pastoralist or semi pastoralist whose land is fallen under irrigation development and distributed for other persons, shall be provided with other substitute land equivalent to his prior land which can be developed with rainfall from the users of such irrigation.
- 4) Any farmer, pastoralist or semi pastoralist whose land holding is used for irrigation construction or canals due to the topography of the land is obliged to permit his holding, shall have the right to claim compensation in accordance with the relevant laws.
- 5) A land holder whose land fallen under water reservoir and taken away from him, shall have the right to acquire a proportional substitute land from users of the water or from the government as well as compensation for his property.
- 6) Any holder of irrigation land shall be obliged to fully use and preserve such land in accordance with land use plan.
- 7) Any user of irrigation land shall be obliged to avert or minimize any environmental impact that may be caused in connection with irrigation development.

26. Incorporating Rural Land Under Urban Administration and Hand Over

- 1) Rural land shall be incorporated under urban administration only if it is demarcated as per the urban plan and handing over has been made.
- 2) Rural land shall be incorporated into urban administration based on pre-requisite of urban plan.

- 3) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiin qorannoo haal-duree qophii pilaanii taasifamu keessatti Biirichaafi hawaasaa bal'aa naannoo lafa baadiyyaa pilaaniidhaan gara magaalatti dangeeffamuu keessa jiraatanii kan hirmachisee ta'uu qaba.
- 4) Wal-harkaa fuudhinsi lafa baadiyyaa pilaaniidhaan gara magaalatti daangeeffamee kan raawwatamu ragaa iftoomina qabu irratti hunda'ee qaama aangoo qabuun yoo murta'ee qofa dha.
- 5) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1-4 jalatti tumamee akkuma eggametti ta'ee Abbaan Qabiyyee lafti isaa gara magaalatti dangeeffame hanga bulchiinsi magaalaa bu'uura seera rogummaa qabuun beenyaa kaffaluun qabiyyicha gadi lakkisiisuutti mirgi abbaa qabiyyummaa laficharraa qabuu itti fufiinsa kan kabajamuuf ta'a.
- 6) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 5tiin abbaan qabiyyee lafti isaa pilaaniin bulchiinsa magaalaa jala galuun wal harkaa fuudhinsi taasifame mirga abbaa qabiyyummaa Labsii kana keessatti tumame yeroo hojii irra oolchuu Waajjira lafaa bulchiinsa magaalaa irraa tajaajila barbaachisu kan argatu ta'a.
- 7) Bulchiinsi magaalaa lafti baadiyyaa isa jalatti daangeeffamee wal harkaa fudhiinsi taasifame ragaa mirga abbaa qabiyyummaa gitu ibsu abbaa qabiyyee sanaaf kennuu qaba. Ta'us Abbaan qabiyyichaa osoo ragaan kun hin kennamiiniif Waraqaa ragaa Abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa irratti fudhatee ture deebisuuf hin dirqamu.
- 8) Raawwiin Keewwata kanaa Dambii bahuun kan murta'uu ta'a.

27. Kaffaltii Tajaajilaa Bulchiinsaafi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa

- 1) Namni mirga abbaa qabiyyummaa yookiin ittifayyadama lafa baadiyyaa qabu kamiyyuu Kaffaltii tajaajilaa irraa barbaadamu yeroo isaa eegee raawwachuuf dirqama qaba.

- 3) በዚህ አንቀጽ ንኡስ አንቀጽ 2 መሠረት የሚደረገው የፕላን ዝግጅት ቅድመ ሁኔታ ጥናት ውስጥ ቢሮውንና ወደ ከተማ የሚካለው አካባቢ የሚኖረውን ሠፊውን ሕብረተሰብ ያሳተፈ መሆን አለበት።
- 4) በፕላን ወደ ከተማ የተካለለ የገጠር መሬት ርክክብ የሚፈጸመው ግልጽነት ባለው ማሰረጃ ላይ ተመሥርቶ ሥልጣን ባለው አካል ከተወሰነ ብቻ ነው።
- 5) በዚህ አንቀጽ ንኡስ አንቀጽ 1-4 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ መሬቱ ወደ ከተማ የተካለለበት ባለይዘቱ የከተማ አስተዳደር አግባብ ባለው ሕግ ካሳ ክፍሉ ይዞታውን እስኪያስለቅቀው ድረስ በመሬቱ ላይ ያለው የባለይዘታነት መብት በቀጣይነት የሚከበርለት ይሆናል።
- 6) በዚህ አንቀጽ ንኡስ አንቀጽ 5 መሠረት ባለይዘታው መሬቱ በፕላን ከተማ አስተዳደር ሥር በመግባት ርክክብ ከተከናወነ በዚህ አዋጅ ውስጥ የተደነገገ የባለይዘታነት መብቱን ሥራ ላይ ሲያውል አስፈላጊውን አገልግሎት ከከተማ አስተዳደር መሬት ጽ/ቤት የሚያገኝ ይሆናል።
- 7) የገጠር መሬት በሥራ የተካለለበት የከተማ አስተዳደር ርክክብ ሲካሄድ ከባለይዘታው መብት ጋር ተመጣጣኝ መሆኑን የሚገልጽ ማሰረጃን ባለይዘታው መስጠት አለበት። ሆኖም ባለይዘታው ይህ ማሰረጃ ሳይሠጠው በገጠር መሬት ላይ ወስዶት የነበረውን የገጠር መሬት ባለይዘታነት የምስክር ወረቀት እንዲመልስ አይገደድም።
- 8) የዚህ አንቀጽ አፈጻጸም በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

27. የገጠርመሬት አስተዳደርና አጠቃቀም የአገልግሎት ክፍያ

- 1) በገጠር መሬት ላይ የባለይዘታ ወይም የመጠቀም መብት ያለው ማንኛውም ሰው የሚፈለግበትን የአገልግሎት ክፍያ ጊዜውን ጠብቆ የመፈጸም ግዴታ አለበት።

- 3) The urban plan preparation prerequisite research undertaken in accordance with Sub Article 2 of this Article shall ensure the participation of the Bureau and the community residing within the rural locality which is going to be incorporated into urban administration.
- 4) The handing over of rural land incorporated into the urban administration based on urban plan shall be undertaken only when it is decided by the authorized body based on transparent evidences.
- 5) Without prejudice to the provisions of Sub Article 1-4 of this Article, the rights of the land holder whose land has been incorporated into urban administration shall be protected constantly until expropriated by urban administration paying compensation in accordance with the relevant law.
- 6) A land holder whose land has been incorporated in to urban administration and its handing over is made based on urban plan in accordance with sub Article 5 of this Article, during the exercise of his holding rights provided under this Proclamation, shall be entitled to get necessary services from Urban Administration Land Office.
- 7) The urban administration under which rural land has been incorporated and handing over has been made shall issue evidence indicating the rights that matches land holding rights. However, the holder shall not be obliged to handover the rural land holding certificate he has acquired before, unless such evidence is issued to him.
- 8) Implementation of this Article shall be determined by the Regulation to be issued.

27. Service Fee of Rural Land Administration and Use

- 1) Any person having the right of land holding or use of rural land shall be obliged to pay the service charges required from him timely.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eeggameetti ta'ee abbaan qabiyyee waraqaara ragaa qabiyyee lafa baadiyyaa yeroo fudhatu yookiin haaromsa ragaa lafaa yeroo taasisu yookiin hojiin galmeessafi mirkan-eessa waliigaltee yookiin tajajilli biroon akkaataa Labsii kana keessatti tumameenfi seerota Labsii kana raawwachisan keessatti ibsamaniin kan raawwatamuuf yoo ta'e kaffaltii tajaajilaa kan kaffalu ta'a. Haalli raawwii isaa Dambii bahuun kan murtaa'uu ta'a.

28. Hafinsa Mirga abbaa qabiyyummaafi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa

- 1) Mirgi abbaa qabiyyummaafi ittifayyadama lafa baadiyyaa hafuu kan danda'u, Abbaan qabiyyichaa:
 - (a) Faayidaa ummataatiif qabiyyichi barbaadame qaama aangoo qabuun akkaataa seera rogummaa qabuutiin yoo irraa fudhatame;
 - (b) Fedhiidhaan mirga ittifayyadama lafichaa dhiisuu isaa barreeffamaan kan beeksisee yoo ta'e;
 - (c) Akkaataa Labsii kana keessatti tumameen mirga abbaa qabiyyummaa isaa yookiin ittifayyadama isaa nama biraaf dabarsee yoo kenne;
 - (d) Akkaataa tumaalee Labsii kanaafi seerota rogummaa qaban biroottiin;
 - (e) Sababa humnaa ol hin taaneen yookiin sababa gahaa tokko malee qonnaan bulaan yookiin gamisa horsisee bulaan lafa roobaan misoomu osoo itti hin fayyadamin waggaa lamaafi isaa ol yoo ture yookiin lafa jallisiin misoomu osoo itti hin fayyadamiin waggaa tokkoofi isaa ol kan ture yookiin kunuunsa lafichaaf taasifamuu qabu osoo hin taasifamiin hafuu irraa kan ka'e Biirichaan kan irraa fudhatame yoo ta'e;
 - (f) Qabiyyee dhaabbileen miti-mootummaa yookiin hawaasummaa kaayyoo isaanii galmaan geessisuuf argatan yeroon mirga ittifayyadama isaanii akkuma xumurameen akkaata Labsii kana Keewwata 8 Keewwata Xiqqaa 2 keessatti tumameen kan hin haaromsine yoo ta'eedha.

2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ስር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ የመሬት ባለይዘታ የገጠር መሬት የባለይዘታነት የምስክር ወረቀት በሚወስድበት ጊዜ ወይም የመሬት ማስረጃ እድሳት ሲያደርግ ወይም የመመዘገብ እና ማረጋገጥ ወል ሲሰራ ወይም ሌላ አገልግሎት በዚህ አዋጅ መሰረት በተደነገገውና ይህን አዋጅ ለማስረጃም በሚወጡ ህጎች ውስጥ በተገለጸው ከሆነ የአገልግሎት ክፍያን የሚከፍል ይሆናል። የአራጃጃም ሁኔታው በሚወጣ ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

28. የገጠርመሬት ባለይዘታነት እና የመጠቀም መብት መቅረት

- 1) የገጠር መሬትባለይዘታነት እና የመጠቀም መብት ሊቀር የሚችለው ባለይዘታው፡-
 - (ሀ) ይዘታው ለሕዝብ ጥቅም ተፈልጎ ስልጣን ባለው አካል አግባብ ባለው ህግ የተወሰደበት እንደሆነ፤
 - (ለ) በፍላጎቱ በመሬቱ የመጠቀም መብቱን መተውን በዕሉፍ ያሳወቀ ከሆነ፤
 - (ሐ) በዚህ አዋጅ በተደነገገው መሰረት የመሬት ባለይዘታነት ወይም የመጠቀም መብትን ለሌላ ሰው አሳልፎ ከሰጠ፤
 - (መ) በዚህ አዋጅ ድንጋጌዎችና ሌሎች አግባብነት ባላቸው ሕጎች መሰረት፤
 - (ሠ) ከአቅም በላይ ባልሆነ ምክንያት ወይም ያለበቁ ምክንያት አርሶ አደር ወይም ከፊል አርብቶ አደር በዝናብ የሚለማን መሬት ሁለት ዓመትና ከዚያ በላይ ወይም በመስኖ የሚለማ መሬትን ከሆነ ከአንድ ዓመትና ከዚያ በላይ ሳይጠቀምበት ከቆየ ወይም ለመሬቱ ሊደረግለት የሚገባውን እንክብካቤ ሳያደርግ በመቅረቱ የተነሳ በቢሮው የተወሰደበት እንደሆነ፤
 - (ረ) መንግስታዊ ያልሆኑ ወይም ማህበራዊ ድርጅቶች አላማቸውን ከግብ ለማድረስ ያገኙትን ይዘታ የመጠቀም መብት ጊዜያቸው እንደተጠናቀቀ በዚህ አዋጅ አንቀጽ 8 ንዑስ አንቀጽ 2 መሰረት ያላሟደሱ እንደሆነ ነው።

2) Without prejudice to the provisions of Sub-Article 1 of this Article, when the land holder of a rural land receives land holding certificate or renews or activities of registration and authentication of contracts or other services are delivered to him as provided for in this Proclamation and the laws implementing this Proclamation, he shall pay service fee. Its implementation shall be determined by the Regulation to be issued.

28. Termination of land holding and use Right of Rural Land

- 1) Land holding and use right of rural land may terminate if the land holder:
 - (a) Is expropriated of his land holding for public interest by a competent authority in accordance with relevant law;
 - (b) Has given written notice of the renunciation of the right to use the land;
 - (c) Transfers the right of land holding or use thereof to another person in accordance with the provisions of this Proclamation;
 - (d) In accordance with the provisions of this Proclamation and other relevant laws;
 - (e) For reasons not beyond his control or for no sufficient reason, a farmer or a pastoralist has not used rainfall developed land for two years or more or has not used irrigation land for one year or more or for his failure to make the required conservation for the land, the land has been taken away by the Bureau.
 - (f) The land holding acquired by the non-governmental or social organizations for the purpose of achieving their objectives is not renewed as soon as the period of their right of use has expired in accordance with the provisions of Sub-Article 2 of Article 8 of this Proclamation.

- 2) Qabiyyeen lafa baadiyyaa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin mirgi abbaa qabiyyummaa fi Ittifayyadamaa isaa hafa ta'e, seera yookiin tumaa addaa Labsii kana keessatti ibsameen nama biraaf mirga abbaa qabiyyummaafi ittifayyadamaa kan kennisisuu yoo ta'e malee qabiyyee mootummaa akka ta'u kan taasisuu dha.
- 3) Haalli raawwii Keewwata kanaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

Kutaa Sadii

Qawwisa, Safaruu, Galmeessuufi Wabii Mirga Ittifayyadama Qabiyyee Mirkaneessuu Lafa Baadiyyaa

29. Lafa Baadiyyaa Qawwisuu

- 1) Qawwisni qabiyyeen lafa baadiyyaa bakka koreen bulchiinsaafi ittifayyadamaa lafaa gandaa argamanitti Biirichaan ni raawwatama.
- 2) Lafa galmaa'ee qawwisame koodiin addaa ni kennama; mallattoon daangaa agarsiisu ni kaawwama.
- 3) Yeroo Lafti galmaa'ee qawwisamu abbaan qabiyyee, Koree Bulchiinsaafi ittifayyadama lafaa gandaa, Caasaa Gandaa, jaarsolii biyyaafi hanga danda'ameen daangessitoonni akka argaman ni taasifama.
- 4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti kan tumamee akkuma eeggametti ta'ee, waamicha taasifame keessaa qaamoleen murteessoo ta'an abbaa qabiyyee, koree bulchiinsaafi itti fayyadama lafaa Gandaa kan argaman yoo ta'e qawwisuun lafaa kan raawwatamu ta'a.
- 5) Qabiyyeen lafa baadiyyaa Biirichaan qawwisame daangaa qabiyyee kan mul'isu kaartaan ni qophaa'a.
- 6) Ogeessi hojii lafa qawwisuu irratti ittigaafatamummaa qabu haala seera qabeessa ta'een raawwachuuf dirqama qaba.
- 7) Lafa qawwisuu ilaalchisee, abbaan qabiyyee lafa baadiyyaa komii qabu iyyata Biiricha Sadarkaan jirutti dhiyeessuudhaan irra deebi'amee akka qawwisamu gaafachuun ni danda'a.

- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 መሰረት የባለይዘታነት እና የመጠቀም መብቱ ቀሪ የሆነ የገጠር መሬት ይዞታ በሕግ ወይም በዚህ አዋጅ ልዩ ድንጋጌ ውስጥ በተገለጸው መሠረት የባለይዘታነትና የመጠቀም መብትን ለሌላ ሰው የሚያሰጥ ካልሆነ በስተቀር የመንግስት እንዲሆን የሚያደርገው ነው።
- 3) የዚህ አንቀጽ አራጸጸም በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

ክፍል ሦስት

የገጠር መሬትን መቀየስ፣ መለካት፣ መመዘገብ እና በይዘታ የመጠቀም መብት የሰጥናት ማረጋገጥ

29. የገጠር መሬት መቀየስ

- 1) የገጠር መሬት ይዞታ ቅየሳ የቀበሌ የገጠር መሬት አስተዳደርና አጠቃቀም ኮሚቴ በተገኙበት በቢሮው ይረዳል።
- 2) ተመዘግቦ ለተቀየሰ መሬት ልዩ ኮድ ይሰጣል፤ ወሰኑን የሚያሳይ ምልክትም ይቀመጣል።
- 3) መሬት ተመዘግቦ በሚቀየሰበት ጊዜ ባለይዘታው፣ የቀበሌው የገጠር መሬት አስተዳደርና አጠቃቀም ኮሚቴ፣ የቀበሌ መዋቅር፣ የሃገር ሽግግሎችና በተቻለ መጠን አዋሳኞችም እንዲገኙ ይደረጋል።
- 4) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 ስር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ በተደረገው ጥሪ ወሳኝ የሆኑት አካላት ማለትም ባለይዘታው፣ የቀበሌ የገጠር መሬት አስተዳደርና አጠቃቀም ኮሚቴ የተገኙ እንደሆነ የመሬት ቅየሳው የሚከናወን ይሆናል።
- 5) በቢሮው ለተቀየሰ የገጠር መሬት ይዞታ የይዘታውን ወሰን የሚያሳይ ካርታ ይዘጋጃል።
- 6) መሬትን የመቀየስ ስራ ላይ ሃላፊነት ያለው ባለሙያ ህጋዊ በሆነ መልኩ የመስራት ግዴታ አለበት።
- 7) መሬት መቀየስን በተመለከተ ቅሬታ ያለው የገጠር መሬት ባለይዘታ አቤቱታውን በየደረጃው ላለው የቢሮው መዋቅር በማቅረብ እንደገና እንድቀየስለት መጠየቅ ይችላል።

- 2) The land which holding and use right ceased in accordance with Sub-article 1 of this Article shall become government holding unless it's holding and use right is granted to another person by law or special provision of this Proclamation.
- 3) Implementation of this Article shall be determined by the Regulation to be issued.

Part Three

Survey, Measurement, Registration and Guaranteeing Rural Land Holding and Use Rights

29. Surveying Rural land

- 1) The surveying of rural land shall be carried out by the Bureau in the presence of the village land management and use committee.
- 2) The registered and surveyed land shall be given special code; its boundaries are marked out.
- 3) While the land is being registered and surveyed, the land holder, the village land management and use committee, the village structures, the community elders and if possible, neighbors shall be in presence.
- 4) Without prejudice to the provisions of sub-article 3 of this article, if the key bodies as the landholder, the village land management and use committee are present among summoned, the land survey shall be carried out.
- 5) A map showing the boundaries of land holding shall be prepared for the rural land surveyed by the Bureau.
- 6) Professional who has responsibility for land surveying shall have an obligation to undertake it lawfully.
- 7) The land holder of the rural land who have grievance regarding the survey result may submit his petition to the Bureau structure at each level for re-surveying.

- 8) Abbummaan qabiyyee lafaa dhaalaan, kennaafi kan biroon kan jijjiiramu yoo taè, akka barbaachisummaa isaatti lafichi irra deebi'amee akka qawwisamu taasisuun ni danda'ama.
- 9) Haala adda ta'een akka turu kan murtaa'è yoo ta'è malee, namni kamiyyuu qabiyyee lafa isaa galmessisuufi qawwisiisuuf dirqama qaba

30. Safaraafi Galmeessa Lafa Baadiyyaa

- 1) Qabiyyee lafa baadiyyaa kan dhuunfaa, kan waliiniifi kan Mootummaa bal'ina lafaafi ittifayyadama, akkasumas sadarkaan gabbina qabiyyichaa giddu galeeyyii ragaa sadarkaa sadarkaan ijaaramaniin akka galmaa'an ni taasifama.
- 2) Lafti baadiyyaa qabiyyummaa eenyuu jalatti akka argamu, lafa eenyu waliin akka wal daangessu, sadarkaansaa, tajaajila maaliif akka oolu, mirgaafi dirqama abbaa qabiyyee kan ibsu ragaan galmaa'ee Biirichatti akka qabamu ni taasifama.
- 3) Dhimmi mirgaafi dirqama laficha waliin wal-qabatu kamiyyuu caasaa Biirichaa Sadarkaa Aanaa irra jirutti dhihaatee yoo galmaa'è malee qaama sadaffaa irratti mormii ta'èe dhiyaachuu hin danda'u.
- 4) Ragaan lafaan wal-qabatu galmee guddaa yookiin ragaa kompiitaraa yookiin elektirooniksii yookiin daataa beezii kaayyoo kanaaf qophaa'è irratti galmaa'ee koppiin isaa seera duratti fudhatama walqixa ni qabaata.
- 5) Galmeessuun lafaa kamiyyuu ragaa sobaa irratti hundaa'èe raawwatame bu'aa seeraa hin qabaatu.

31. Mirga Ittifayyadamaa Mirkaneessuu yookiin Kaartaa Kennuu

- 1) Abbaan qabiyyee lafa baadiyyaa kamiyyuu Biirichaan kan qophaa'u bal'ina qabiyyee lafaa, gosa ittifayyadamaa, sadarkaa gabbinaafi daangessitoota, akkasumas, itti gaafatamummaafi dirqama kan qabate waraqaa ragaa yookiin kaartaa abbaa qabiyyee akka qabaatu ni taasifama.

- 8) የመሬት ባለይዞታነት በውርስ፣ በስጦታ እና በሌሎች የሚቀየር ከሆነ እንደአስፈላጊነቱ መሬቱ እንደገና እንድቀየስ ማድረግ ይቻላል።
- 9) በልዩ ሁኔታ እንዲቆይ ካልተወሰነ በስተቀር ማንኛውም ሰው የመሬት ይዞታውን የማስመዝገብና የማስቀየስ ግዴታ አለበት።

30. የገጠር መሬት ልኬት እና ምዝገባ

- 1) የግል፣ የወል እና የመንግስት የገጠር መሬት ይዞታ በመሬቱ ስፋትና አጠቃቀም እንደሁም የይዞታው ለምነት ደረጃ በየደረጃው በተገነቡት የመረጃ ማዕከላት እንዲመዘገቡ ይደረጋል።
- 2) የገጠር መሬት በማን ይዞታነት ስር እንደሚገኝ፣ ከማን መሬት ጋር እንደሚዋሰን፣ ደረጃው፣ ለምን አገልግሎት እንደሚውል፣ የባለይዞታው መብት እና ግዴታን የሚገልፅ የተመዘገበ መረጃ በቢሮው እንዲያዝ ይደረጋል።
- 3) ከመሬቱ መብትና ግዴታ ጋር የሚያያዝ ማንኛውም ጉዳይ በወረዳ ደረጃ በሚገኘው የቢሮው መዋቅር ቀርቦ ካልተመዘገበ በስተቀር በሰነድ ወገን ላይ ተቃውሞ ሆኖ ሊቀርብ አይችልም።
- 4) ከመሬት ጋር የሚያያዝ ማስረጃ ለዚሁ ዓላማ በተዘጋጀው በሕር መዝገብ ወይም ኮምፒዩተር መረጃ ወይም ኤሌክትሮኒክስ ወይም ዳታቤዝ ላይ ተመዝግቦ ቅጂው በህግ ፊት እኩል ተቀባይነት ይኖረዋል።
- 5) በውሸት ማስረጃ ላይ ተመስርቶ የተፈጸመ ማንኛውም የመሬት ምዝገባ የህግ ውጤት አይኖረውም።

31. የመጠቀም መብትን ማረጋገጥ ወይም ካርታ መስጠት

- 1) ማንኛውም የገጠር መሬት ይዞታ ባለቤት በቢሮ የሚዘጋጅ የመሬት ይዞታ መጠን፣ የሚጠቀምበት ዓይነት፣ የመሬቱ ለምነት ደረጃ እና አዋላኞችን እንዲሁም ተጠያቂነትንና ግዴታን የያዘ ምስክር ወረቀት ወይም የባለይዞታነት ካርታ እንዲሰጠው ይደረጋል።

- 8) Where the land holding title is subjected to change due to inheritance, donation and the likes, the land may be resurveyed, as it found necessary.
- 9) Unless otherwise determined by special condition to be delayed, any rural land holder has an obligation to make his holding to be surveyed and registered.

30. Measurement and Registration of Rural Land

- 1) The land size and use as well as the fertility status of rural land holding found under the private, communal and government holding shall be registered by the data centers established hierarchically.
- 2) Rural land holding data indicating its current holder, its boundaries, its status, purpose it is used for and the rights and obligations of the holder shall be registered and maintained at the Bureau.
- 3) Any matter relating to the rights and obligations of the land may not be raised as an objection against third party unless it is registered with the structure of the Bureau at the District Level.
- 4) Evidence relating to land shall be recorded in the master registry or computer data or electronic or database prepared for this purpose and a copy there of shall be equally admissible before the law.
- 5) Any land registration made based on false evidence shall have no legal effect.

31. Certifying the Right to Use or Providing Holding Certificate

- 1) Any rural land holder shall get the certificate or title deed certificate of land holding prepared by the Bureau, which comprise the size of the land holding, type of use, status of fertility and neighboring persons, as well as the responsibility and obligation.

- 2) Waraqaan ragaa yookiin Kaartaan kennamu maqaa abbaa qabiyyee, koodii qabiyyee, daangessitootaafi bal'ina lafaa kan qabaatu ta'a.
- 3) Dhaabbileen Mootummaa, Miti-mootummaa, abbootiin qabeenyaafi dhaabbileen hawaasaas qabiyyee lafaa harka isaanii jiruuf galmaa'ee, qawwifame waraqaa ragaa yookiin kaartaa ni argatu.
- 4) Abbaan manaafi haati manaa qabiyyee lafaa waliin qabaniif waraqaa ragaa yookiin kaartaa qabiyyee lafaa maqaa lamaaniitiin qophaa'ee ni kennamaaf.
- 5) Keewwata kana Keewwanni Xiqqaa 4 jalatti kan tumamee akkuma eeggametti ta'ee, hundinuu lafa maqaa isaaniitiin galmaa'ee irratti mirga ittifayyadamaa wal qixa ta'e kan qabaatan yoo ta'u, abbaan manaafi haati manaa dhuunfaa isaaniitiin waraqaa ragaa yookiin kaartaa abbaa qabiyyee qabaachuu ni danda'u. Haalli raawwiisaa dambiidhaan kan murtaa'u ta'a.
- 6) Namni qabiyyee lafa baadiyyaa bakka adda addaati qabu waraqaa ragaa yookiin kaartaa abbaa qabiyyee tokkoofi isaa ol qabaachuu ni danda'a.
- 7) Qabiyyeen waliinii hawaasaa horsiisee bulaa, gamiisa horsiisee bulaa yookiin qonnaan bulaa kan akka lafa dheedichaa, lafa bosonaa, kan akka madda bishaanii, eela, haroofti kan kana fakkaatan maqaa namoota waliin ittifayyadamaniitiin waraqaan ragaa yookiin kaartaa qabiyyee lafaa ni kennama.
- 8) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 7 tiin waraqaan ragaa yookiin kaartaa yookiin abbaa qabiyyummaa qabiyyee waliinii hawaasaa irratti kenname bakka bu'aa abbootiin qabiyyee filatan yookiin Bulchiinsa Gandaa harka akka turu ni taasifama.

- 2) የሚሰጠው የምስክር ወረቀት ወይም የባለይዘታነት ካርታ የባለይዘታው ስም፣ የይዘታዉ ኮድ፣ አዋሳኞችንና የመሬቱን ስፋት የሚይዝ ይሆናል።
- 3) መንግስታዊ፣ መንግስታዊ ያልሆኑ ድርጅቶች፣ ባለሀብቶችና ማህበራዊ ተቋማት በእጃቸው ያለው የመሬት ይዘታ ተመዘግቦና ተለክቶ የምስክር ወረቀት ወይም የባለይዘታነት ካርታ ይሰጣቸዋል።
- 4) ባልና ሚስት በጋራ ላላቸው የመሬት ይዘታ በሁለታቸውም ስም የተዘጋጀ የምስክር ወረቀት ወይም የባለይዘታነት ካርታ ይሰጣቸዋል።
- 5) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 4 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ሁለቱም በጋራ በስማቸው የተመዘገበውን መሬት እኩል የመጠቀም መብት ያላቸው ሲሆን ባልና ሚስት በየግላቸው የምስክር ወረቀት ወይም የባለይዘታነት ካርታ ሊኖራቸው ይችላል። አፈጻጸሙ በደንብ የሚወሰን ይሆናል።
- 6) በተለያዩ ቦታዎች የገጠር መሬት ይዘታ ያለው ሰው አንድና ከዚያ በላይ የምስክር ወረቀት ወይም የባለይዘታነት ካርታ ሊኖረው ይችላል።
- 7) የአርብቶ አደር፣ ከሬል አርብቶ አደር ወይም የአርሶ አደሩ ማህበረሰብ እንደ የግጥሽ መሬት፣ የደን መሬት፣ የምንጭ ውሃ፣ የጉድጓድ ውሃ፣ የሃይት መሬትና የመሳሰሉትን የጋራ ይዘታዎች በጋራ በሚጠቀሙት ሰዎች ስም የምስክር ወረቀት ወይም የመሬት ባለይዘታነት ካርታ ይሰጣል።
- 8) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 7 መሠረት በህብረተሰብ የጋራ ይዘታ ላይ የሚሰጥ የምስክር ወረቀት ወይም ካርታ ወይም ባለይዘታነት ባለይዘታዎቹ በመረጡት ተወካይ ወይም በቀበሌ አስተዳደር እጅ እንዲቀመጥ ይደረጋል።

- 2) The certificate or the title deed shall have the name of the land holder, code of the holding, neighboring persons and size of the land.
- 3) Government organization, non-government organization, investor and social organizations shall get certificate or title deed of the land under their respective holding after being registered and surveyed.
- 4) The husband and wife shall be provided land holding certificate or map of land holding prepared in the name of two of them for the land holding they possess in common.
- 5) Without prejudice to the Sub-Article 4 of this Article, while all of them shall have equal right of use on the land registered in their name; the husband or the wife may have land holding certificate or title deed certificate or map individually. Its implementation shall be determined by Regulation.
- 6) Person who has land at different places may have one or more landholding certificate or title deed certificate.
- 7) Land holding certificate or title deed certificate shall be issued for communal holding of pastoralist, semi-pastoralist or of farmer like pasture, forest land, like water springs, water wells , lakes and the likes in the name of people communally use them.
- 8) The land holding certificate or the map or title deed of land holding of communal holding of the community provided in accordance with sub-article 7 of this article shall be made to be kept in the hands of the representative selected by the communal holders or at the kebele administration.

- 9) Mirgi abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa dhaalaan yookiin ken-naadhaan nama biraatiif yoo dar-bu caasaa Biiricha sadarkaan jirutti galmaa'ee waraqaan ragaa yooki-in kaartaa nama qabiyyee lafaa dabarfameef ni kennama.
- 10) Qabiyyee lafa baadiyyaa gaheen nama tokkoo waraqaan ragaa itti kennamu bal'ina lafa midhaan nyaataa heektaara 0.5, lafa biqiltuu dhaabbataa heektaara 0.25, lafa jallisiin misoomu heektaara 0.25 fi isaa ol yoo ta'u, bal'ina qabiyyee olitti ibsamee gadi yoo ta'e garuu qabiyyicha addaan qooduudhaan waraqaan ragaa yookiin kaartaa kennuun dhorkaadha.
- 11) Abbaa warraafi haadha warraa qabiyyee lafa baadiyyaa waliin qaban waraqaan ragaa yookiin kaartaan waliinii ni kennamaaf.
- 12) Abbaan warraa yookiin haati warraa yoo du'an waraqaan ragaa yookiin kaartaan lamaan keessaa kan jiraniifi dhaaltotaan qabamee kan itti fufu yoo ta'u, lamaan isaanii yoo du'an qabiyyichi maqaa dhaaltotaatiin waliin yookiin dhu-unfaa isaaniitiin waraqaan ragaa yookiin kaartaan ni kennamaaf.
- 13) Abbaa warraafi haati warraa addaan yoo bahan bal'ina qabiyyee namni tokkoo qoodaan argatu kan midhaan nyaataa heektaara 0.5, kan biqiltuu dhaabbataa heektaara 0.25, kan jallisiin misoomu heektaara 0.25 fi isaa ol yoo ta'e waraqaan ragaa yookiin kaartaan waliin kenneameef jijjiiramee dhuunfaa isaaniitiin waraqaan ragaa yookiin kaartaan qabiyyee ni kennamaaf.
- 14) Namoonni qabiyyee lafa baadiyyaa waliin qaban waraqaan ragaa yookiin kaartaan qabiyyee lafaa waliin ni kennamaaf.
- 15) Namoonni waraqaan ragaa yooki-in kaartaan waliin kenneameef mir-ga ittifayyadama qabiyyee lafaa wal-qixa ta'e ni qabaatu.

- 9) የገጠር መሬት የባለይዘታነት መብት በውርስ ወይም በስጦታ ለሌላ ሰው ሲተላለፍ በየደረጃው ባሉት የቢሮው መዋቅር ተመዝግቦ የምስክር ወረቀት ወይም የመሬት ባለይዘታነት ካርታው ለተላለፈለት ሰው ይሰጣል።
- 10) የምስክር ወረቀት ሊሰጠው የሚችለው የአንድ ሰው ድርሻ የገጠር መሬት ይዞታ የይዞታ ስፋት ለምግብ እህል መሬት 0.5 ሄክታር፣ የቋሚ ተክል መሬት 0.25 ሄክታር፣ በመስኖ ለሚለማ መሬት 0.25 ሄክታር እና ከዚያ በላይ ሲሆን ከላይ ከተገለጸው መጠን በታች በሆነ መሬት ላይ ግን ይዞታውን በማካፈል የምስክር ወረቀት ወይም ካርታ መስጠት የተከለከለ ነው።
- 11) ባል እና ሚስት በጋራ ለሚኖራቸው የገጠር መሬት ይዞታ የጋራ የምስክር ወረቀት ወይም ካርታ ይሰጣቸዋል።
- 12) ባል ወይም ሚስት ከሞቱ የምስክር ወረቀቱ ወይም ካርታው ከሁለቱ በሀይወት ላለው እና በወራሾች ተይዞ የሚቀጥል ሲሆን ሁለቱም የሞቱ እንደሆነ የምስክር ወረቀቱ ወይም ካርታው በወራሾቹ ስም በጋራ ወይም በየግላቸው ይሰጣቸዋል።
- 13) ባል እና ሚስት ከተለያዩ በክፍፍል አንድ ሰው የሚያገኘው የመሬት መጠን ለምግብ እህል 0.5 ሄክታር፣ ለቋሚ ተክል 0.25 ሄክታር፣ በመስኖ ለሚለማ መሬት 0.25 ሄክታር እና ከዚያ በላይ ከሆነ በጋራ የተሰጣቸው የምስክር ወረቀት ወይም ካርታ ተቀይሮ በየግላቸው የምስክር ወረቀት ወይም የይዞታ ካርታ ይሰጣቸዋል።
- 14) የገጠር መሬት ይዞታን በጋራ ያላቸው ሰዎች የምስክር ወረቀት ወይም የይዞታ ካርታ በጋራ ይሰጣቸዋል።
- 15) የምስክር ወረቀት ወይም ካርታ በጋራ የተሰጣቸው ሰዎች ይዞታውን እኩል የመጠቀም መብት አላቸው።

- 9) When land holder's right of rural land is transferred to another person through succession or donation, after it is registered to the structure of the Bureau at each level and land holding certificate or map of title deed shall be issued for the person to whom the land holding right is transferred.
- 10) One person's share of rural land holding to which holding certificate shall be issued is that the land size for crop production is 0.5 hectare, land for perennial plants 0.25 hectare, for irrigation developed land 0.25 and above; and if it is size of holding below the aforementioned size, it is prohibited to issue holding certificate or map of title deed by dividing such holding.
- 11) If the husband and wife has rural land holding together, the holding certificate or title deed map shall given them communally.
- 12) If the husband or the wife dies, the holding certificate or title deed map shall continue in the name of the surviving spouse and the heirs; and if both of them die, the holding certificate or title deed map shall be provided in the name of the heirs communally or individually.
- 13) In the case of divorce of husband-and-wife, the size of holding each person shares through partition is for crop production 0.5 hectare, for fixed or perennial plants 0.25 hectare, for irrigation developed land 0.25 and above; and the land holding certificate or title deed map which was provided to them in common shall be changed and land holding certificate or title deed map shall be provided to them individually.
- 14) Persons who possess rural land holding in common shall be provided a joint land holding certificate or title deed map.
- 15) Persons for whom land holding certificate or title deed map has been provided jointly shall have equal use right thereon.

- 16) Namoonni jireenyi isaanii waliin ta'e, qabiyyee lafa baadiyyaa addaan kan qabaatan yoo ta'e waraqaa ragaa yookiin kaartaa dhuunfaadhaan argachuu ni danda'u.
- 17) Lafa baadiyyaa dhaalaan yookiin kennaadhaan yookiin mootummaa irraa namni argate lafti qawwisamee erga galmaa'ee booda waraqaan ragaa yookiin kaartaan ni kennamaaf.
- 18) Lafa gaaraa, tabbaafi tulluwwan qoratamee misoomaaf kennamu waggaa lamaaf kan tajaajilu waraqaan ragaa yookiin kaartaan yeroo kan kennamu ta'ee lafichi misooma ittifufiinsa qabuuf ooluu isaa qoratamee yoo mirkanaa'e waraqaan ragaa yookiin kaartaan qabiyyee lafaa kan kennamuuf ta'a.
- 19) Lafa haftee bosonaafi ciccittuu lafaa akka misoomu, eeggamuufi kunuunfamuu gochuudhaan namoota dhuunfaadhaan yookiin waldaadhaan laficha kunuunsanii ittifayyadamanii waraqaan ragaa yookiin kaartaan qabiyyee lafaa kennamuufii ni danda'a.
- 20) Abbaa mirga ittifayyadama qabiyyee lafaa qabu kamiyyuu qabiyyee lafa isaa galmeessisu, qawwisiisuufi waraqaa ragaa yookiin kaartaa fudhachuu sababa gahaa yookiin humna olii osoo hin qabaatiin kan didu yoo ta'ee fi Bulchinsi Gandaa xalayaa barreeffamaan yeroo sadi (3) akka isa gahu taa-sifamee kan hin fudhanne ta'uu Waajjira Lafaan yoo mirkanaa'e Mana Maree Bulchiinsaa Aanaatiif dhiyaatee mirga abbaa qabiyyummaa ittifayyadama lafa isaa kan haqamu ta'a.
- 21) Namni mirga qabiyyee lafaa qabu kamiyyuu mirga qabiyyee lafasaa yoo dhiise waraqaa ragaa qabiyyee lafa sanaaf kennameef Biirichaaf deebisuuf ni dirqama.
- 22) Yeroo mirgi qabiyyee lafaa jijjiiramu haaluma saniin waraqaan ragaa qabiyyee lafaa qaama lafa fudhatetti jijjiiramu qaba.

- 16) አብረው የሚኖሩ ሰዎች በየግላቸው የገጠር መሬት ይዞታ ያላቸው እንደሆነ የምስክር ወረቀት ወይም የይዞታ ካርታ በየግላቸው ማገኘት ይችላሉ።
- 17) የገጠር መሬትን በውርስ ወይም በስጦታ ወይም ከመንግስት ያገኘ ሰው መሬቱ ተቀይሶ ከተመዘገበ በኋላ የምስክር ወረቀት ወይም የይዞታ ካርታ ይሰጠዋል።
- 18) ተጠንቶ ለልማት የሚሰጥ ከፍታማ፣ ተዳፋታማና ተራራማ መሬት ለሁለት ዓመት የሚቆይ ጊዜያዊ የምስክር ወረቀት ወይም የይዞታ ካርታ የሚሰጥ ሆኖ መሬቱ ለዘላቂ ልማት ሊውል የሚችል መሆኑ ተጠንቶ ከተረጋገጠ የምስክር ወረቀት ወይም የይዞታ ካርታ የሚሰጠው ይሆናል።
- 19) የደን ቅሪት መሬት እና ቁርጥራጭ መሬት እንዲለማ፣ እንዲጠበቅና እንክብካቤ እንዲደረግለት ለማድረግ በግል ወይም በማኅበር መሬቱን ተንክባክበው ለሚጠቀሙበት ሰዎች የምስክር ወረቀት ወይም የመሬት ይዞታ ካርታ ሊሰጣቸው ይችላል።
- 20) የመሬት ባለይዞታነት መብት ያለው ማንኛውም ሰው ያለበቂ ምክንያት ወይም ከአቅም ባለይ የሆነ ምክንያት ሳይኖር ይዞታውን ለማስመዝገብ፣ ለማስቀየስና የምስክር ወረቀት ወይም የመሬት ይዞታ ካርታ ለመውሰድ ፈቃደኛ ካልሆነ እና በቀበሌ አስተዳደር ሦስት (3) ጊዜ የጽሑፍ ደብዳቤ እንዲደርሰው ተደርጎ ያልተቀበለ መሆኑ በመሬት ጽህፈት ቤት የተረጋገጠ እንደሆነ ለወረዳ አስተዳደር ምክር ቤት ቀርቦ የባለይዞታነት እና የመጠቀም መብቱ የሚሰረዝ ይሆናል።
- 21) የመሬት ይዞታ መብት ያለው ማንኛውም ሰው የመሬት ይዞታ መብቱን የተወ እንደሆነ ለይዞታው የተሰጠውን የምስክር ወረቀት ለቢሮው ለመመለስ ይገደዳል።
- 22) የመሬት ይዞታ መብት ሲቀየር በዚያው መሠረት የመሬት ይዞታው የምስክር ወረቀት መሬቱን ወደ ወሰደው አካል መቀየር አለበት።

- 16) A persons who are living together have had rural land holding privately, they can get land holding certificate or title deed map privately.
- 17) Land holding certificate or title deed map shall be provided to a person who has acquired rural land by inheritance or donation or from the government after such land has been surveyed and registered.
- 18) Temporary holding certificate or title deed map which serves for two years shall be provided for hilly, sloppy and plateau lands given for development purpose following research; and if it is proved by research that these lands can used for sustainable development, land holding certificate or title deed map shall be provided thereon.
- 19) Land holding certificate or title deed map can be provided to individual or groups for whom land remained from forest or fragmented land is provided to be used by developing, protecting and conserving it.
- 20) Any person who has land holding use right refuses to get his land holding registered, surveyed, and to take holding certificate or title deed map without good cause or without force majeure and his refusal is proved by the Land Office after he has been served with written notice thereof for three (3) times by the kebele administration, his case shall be submitted to the District Administrative Council and his land holding and land use right shall be cancelled.
- 21) Any person who has land holding right shall return the land holding certificate or title deed thereof to the Bureau if he terminates his land holding rights.
- 22) When land holding right is changed the holding certificate or title deed thereof shall be changed to the body that has taken the concerned land accordingly.

23) Qaamni mirga lafaatti fayyadamuu qabu (dhaabbilee Mootummaa, Miti Mootummaa, hawaasummaafi kan biroon) waraqaa ragaa qabiyyee lafaa maqaa dhaabbilee isaanitiin kan kennamuuf yammuu ta'u, lafa ganda keessatti qabiyyee waliinii hawaasaan qabamee jiruuf waraqaan ragaa qabiyyee lafaa kan kennamu maqaa ummata lafichatti waliin fayyadamuun ta'a.

Kutaa Afur

Haala Falmiwwan Mirga Abbaa Qabiyyummaafi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa Itti Hiikamu

32. Haala Itti Falmiin Safarrii, Mirkaneessa, Galmeessaafi Kenniinsa Waraqaa Ragaa Abbaa Qabiyyummaa Itti Hiikamu

- 1) Namni yeroo Safarriin qabiyyee lafa baadiyyaa raawwatamaa jirutti haala safarrii irratti waliif hin galle iyyata isaa afaaniin yookiin barreeffamaan ibsuun koree bulchiinsaafi ittifayyadamaa lafaa gandaatti dhiyeffachuu ni danda'a.
- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin Koreen Bulchiinsaafi ittifayyadamaa lafaa walii isaanitiin akka waliif galan kan taasisuu ta'ee kan waliif hin galle yoo ta'e dhimmichi 'lafa falmii' qabu jedhamee ogeessaan safaramee lakkoofsi addaa kennameef galmaa'ee kan bira darbamu ta'ee, falmii ka'e irratti qaama aangoo qabuun furmaanni kan kennamu ta'a.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 fi 2 jalatti tumamee akkuma eeggametti ta'ee erga safarriin raawwatameen boodaa falmiwwaan safarrii, mirkaneessaa, galmeessaa yookiin kenninsaa waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaan wal qabatee falmii namni qabu kamiyyuu caasaa Biirichaa sadarkaa aanaatti iyyachuun furmaata argachuu ni danda'a.
- 4) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3tiin furmaata kan hin arganne yoo ta'e caasaa Biirichaa Sadarkaa sadarkaan jirutti iyyachuun furmaata kan argatu ta'a.

23) በመሬት የመጠቀም መብት ያለው አካል (መንግስታዊ፣ መንግስታዊ ያለሆኑ፣ የማህበራዊና ሌሎች ድርጅቶች) የመሬት ይዞታ የምስክር ወረቀት በድርጅቶቻቸው ስም የሚሰጣቸው ሲሆን በቀበሌ ውስጥ በሕብረተሰቡ በወል ለተያዘ መሬት የመሬት ይዞታ የምስክር ወረቀት የሚሰጠው መሬቱን በወል በሚጠቀመው ሕብረተሰብ ስም ይሆናል።

ክፍል አራት

የገጠር መሬት ባለይዞታነት እና የመጠቀም መብት ክርክሮች አፈታት

32. ከመሬት ይዞታ ልኬት፣ ማረጋገጥ፣ ምዝገባ እና የባለይዞታነት ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት አሰጣጥ ጋር የተያያዙ ክርክሮች አፈታት

- 1) የገጠር መሬት ይዞታ ልኬት ሲከናወን በአሰካክ ሁኔታው ላይ ያልተስማማ ሰው አቤቱታውን በቃል ወይም በጽሑፍ በመግለጽ ለቀበሌ የመሬት አስተዳደር እና አጠቃቀም ኮሚቴ ማቅረብ ይችላል።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 መሠረት የቀበሌ የመሬት አስተዳደር እና አጠቃቀም ኮሚቴ እርስ በርሳቸው እንዲስማሙ የሚያደርጋቸው ሆኖ መስማማት ያልቻሉ እንደሆነ ክርክር ያለበት መሬት ተብሎ በባለሙያ ተለክቶ ልዩ ቁጥር ተሰጥቶት ተመዝግቦ የሚታለፍ ሆኖ በተነሳው ክርክር ላይ ስልጣን ባለው አካል እልባት የሚሰጥ ይሆናል።
- 3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 እና 2 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ልኬቱ ከተከናወነ በኋላ ከልኬት፣ ማረጋገጥ፣ ምዝገባ ወይም ከባለይዞታነት ማረጋገጫ የምስክር ወረቀት አሰጣጥ ጋር ተያይዞ ክርክር ያለው ማንኛውም ሰው በወረዳ ደረጃ ላለው የቢሮው መዋቅር በማቅረብ መፍትሄ ማግኘት ይችላል።
- 4) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 መሠረት መፍትሄ ያላገኘ እንደሆነ በየደረጃው ላለው ለቢሮው መዋቅር አቤቱታውን በማቅረብ መፍትሄ የሚያገኝ ይሆናል።

23) Anybody (government organization, non-government organization, social organization and others) who has land use right shall be provided with land holding certificate in the name of their organizations; the land holding certificate of the communal land held by the community within the District or Kebele shall be provided in the name of the people using such land in common.

Part Four

Rural Land Holder's and Use Rights Related Disputes Settlement Mechanism

32. Mechanisms of Settling Disputes Related to Measurement, Approval, Registration and Providing Land Holding Rights Certificate

- 1) Any person who has complain on the manner of measurement while rural land holding measurement is underway may lodge his complaint orally or in writing to the kebele land administration and utilization committee;
- 2) The kebele land administration and utilization committee shall, in accordance with Sub Article 1 of this Article lets the parties settle their disagreement through compromising each other; where they fail to agree or compromise, the issue shall be termed as 'disputed land', and is measured and registered with special code by the expert; and the dispute arose shall be resolved by the competent body.
- 3) Without prejudice to the provisions of Sub-Article 1 and 2 of this Article, after land measurement activity has been completed, any person having complaint related to the measurement, approval, registration or providing land holding certificate may lodge his petition to the structure of the Bureau at District level and get solution.
- 4) If no solution has been attained in accordance with Sub-Article 3 of this Article, he may now lodge his complaint to and get solution from the structures of the Bureau found at each level.

- 5) Murtiin dhuma Biirichaan kenamu murtii bulchiinsaa isa dhumaa ta'ee Biirichis haala ragaa Guutuu hammateen gara galcha murtii barreeffamaan kennee kooppii isaas yeroo madalawwaa ta'e keessatti garee wal falmitootaaf kennuu qaba.
- 6) Qaamni Murtii Biirichaan kenname kana irraa komii qabu manni murtii keessa deebi'ee akka ilaaluuf Mana Murtii Ol'aanaatti iyyannoo isaa dhiyeeffachuu ni danda'a.
- 7) Haalli raawwii Keewwata kanaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

33. Akkaataa Itti Falmiin Mirga Abbaa Qabiyyummaafi Ittifayyadama Lafaa Itti Hiikamu

- 1) Falmiin mirga abbaa qabiyyummaafi ittifayyadama lafa baadiyyaan dhimmoota armaan gadiin walqabatee ka'u bulchiinsa gandaa irraa eegaluu qaba:
 - (a) Falmii daangaa lafaan walqabatee ka'u;
 - (b) Falmii mirga abbaa qabiyyummaa lafaa kan akka ooyiruu, lafa mana jireenyaa, dheedichaa, bishaanii, jallisiin walqabatee ka'u; yookiin
 - (c) Falmii dhaaloota mirga dhaalmaa qabaniifi nama mirga dhaalmaa hin qabne gidduutti taasifamu.
- 2) Falmiin dhimmoota Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1(a-c) ibsamaniin walqabatee ka'u kamiyyuu bulchiinsa gandaa irraa eegaluun akkaataa armaan gadiitiin furmaata kan argatu ta'a:
 - (a) Namni dhimmoota Keewwata 1 jalatti ibsamaniin walqabatee mirga gaafatu bulchiinsa gandaa qabiyyichi keessatti argamutti iyyata isaa ni dhiyeeffata;
 - (b) Bulchaan Gandaa bakka hin jirreetti yookiin abbaa dhimmaa bakka ta'etti Itti aanaan Bulchaa Gandaa gareen walfalmitootaa Jaarsolee araaraa lama lama akka filatan ni taasisa;
 - (c) Walitti qabaan jaarsolee araaraa shanaffaan waliigaltee walfalmitootaan, kan filatamu ta'ee; yoo walii kan hin galle ta'e jaarsolee araaraatiin kan filatamu ta'a.

- 5) በቢሮው የሚሰጠው የመጨረሻ ውሳኔ የመጨረሻው የአስተዳደራዊ ውሳኔ ሆኖ ቢሮውም ውሳኔውን ሙሉ ማስረጃ በያዘ መልኩ በጽሑፍ በመስጠት ግልባጩን ተመጣጣኝ በሆነ ጊዜ ውስጥ ለተከራካሪ ወገኖች መስጠት አለበት።
- 6) በቢሮው በተሰጠው ውሳኔ ላይ ቅሬታ ያለው አካል ፍርድ ቤት እንደገና አንዲያይለት ለከፍተኛ ፍርድ ቤት አቤቱታውን ማቅረብ ይችላል።
- 7) የዚህ አንቀጽ አፈጻጸም በሚወጣ ደንብ የሚወስን ይሆናል።

33. የመሬት ባለይዞታነት እና አጠቃቀም መብት ክርክር አፈታት

- 1) ከሚከተሉት ጉዳዮች ጋር ተያይዞ የሚነሳ የገጠር መሬት ባለይዞታነትና አጠቃቀም መብት ክርክር ከቀበሌ አስተዳደር መጀመር አለበት፡-
 - (ሀ) ከመሬት ድንበር ጋር በተያይዘ የሚነሳ ክርክር፤
 - (ለ) እንደ እርሻ ማሳ፣ ከመኖሪያ ቤት ቦታ፣ ከግጥሽ፣ ከውሃ፣ ከመስኖ መሬት ባለይዞታነት መብት ጋር ተያይዞ የሚነሳ ክርክር፤ ወይም
 - (ሐ) የወራሽነት መብት ባላቸውና የወራሽነት መብት በሌለው ሰው መካከል የሚደረግ የውርስ ክርክር።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1(ሀ-ሐ) ሥር ከተገለጹት ጉዳዮች ጋር ተያይዞ የሚነሱ ማናቸውም ክርክር ከቀበሌ አስተዳደር ተነስቶ እንደሚከተለው መፍትሄ የሚያገኝ ይሆናል፡-
 - (ሀ) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር ከተገለጹት ጋር ተያይዞ መብት የሚጠይቅ ሰው መሬቱ በሚገኝበት የቀበሌ አስተዳደር አቤቱታ ያቀርባል፤
 - (ለ) የቀበሌው አስተዳደሪ ባለቤት ወይም ባለጉዳይ በሆነበት ጊዜ ምክትል አስተዳደሪው ተከራካሪ ወገኖቹ ሁለት ሁለት አስተራቂ ሽማግሌ እንዲመርጡ ያደርጋል፤
 - (ሐ) አምስተኛው የአስተራቂ ሽማግሌዎች ሰብሳቢ በተከራካሪዎቹ ስምምነት፣ ተከራካሪዎቹ ባልተሰማመኑበት ጊዜ ደግሞ በአስታራቂ ሽማግሌዎቹ የሚመረጥ ይሆናል፤

- 5) The last decision given by the Bureau shall be the final administrative decision and the Bureau shall give copy of the written decision as it includes complete evidences to the disputing parties within reasonable time.
- 6) Anybody aggrieved on the decision of the Bureau may lodge his petition to the High Court for reconsideration of the decision.
- 7) Implementation of this article shall be determined by Regulation to be issued.

33. Modes of Settling Land Holding and Use Rights Disputes

- 1) Rural land holding and land use rights disputes that arise in connection with the following matters shall commence from the Kebele administration:
 - (a) Dispute related to boundaries of land;
 - (b) Dispute relating to land holder's right like farm land, housing land, pasture, water and irrigation land; or
 - (c) Disputes between heirs having right to inherit and person not entitled to such right.
- 2) Any dispute that arise in relation with matters provided under article 1 (a-c) of this article shall, starting from the kebele administration be settled as follows:
 - (a) Person who claims rights relating to matters provided under article 1 of this article shall lodge his petition to the kebele administration where the land is found;
 - (b) Where the kebele administrator is not present or is a party to the dispute, the deputy administrator of the kebele shall make each party to select their respective two arbitrator;
 - (c) The fifth and presiding arbitrator shall be selected by joint consensus of the parties; in absence of their consensus, shall be selected by the arbitrators.

- (d) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2(c)tiin walitti qabaan filatamuu kan hin dandeenye yoo ta'e bulchaan gandaa yookiin akkaataa barbaachisummaa isaatti itti aanaa Bulchaan walitti qabaa kan ramadu ta'a.
- (e) Walitti qabaan jaarsoolee araraa waliin ta'uun bakkaafi yeroo walfalmitoonni dhimmi isaanii araraan ilaalammu murteesse ni beeksisaa.
- (f) Jaarsoleen araraa walitti qabaa dabalatee adeemsa araraa keessatti garee walfalmitootaa keessaa tokkoof osoo hin loogiiin dhugaafi qabatamaa jiru irratti hundaa'uun wal falmitoonni dhimma isaanii waliigalteen akka hiikkatan hojjechuu qabu.
- (g) Jarsooleen araraa walfalmitoonni falmii gidduu isaaniitti uumame jalqaba irratti waliin dubbatanii waliigaluu akka hiikkatan ni jajjabeessu; yoo akkaataa kanaan waliigaluu baatan yaada walfalmitootni osoo irratti waliigalanii jedhan dhiyeessu;
- (h) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 (g) tiin gareen wal falmitootaa dhimma isaanii waliin dubbachuun yookiin yaada walfalmitootni osoo irratti waliigalani jedhanii jaarsoleen araraa dhiyeessan irratti kan walii galan yoo ta'e waliigalteen araraa barreeffamaan qophaa'uun bulchiinsa gandaatti dhiyaatee galma'aa. Waraabbiin isaas battalumatti abbootii dhimmaatif chaappaa gochuudhaan ni kennama. Qabiyyeen waliigaltee araraa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
- (i) Waliigalteen araraa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 (h) tiin taasifamee bulchiinsa Gandaatti galma'ee akkaatuma waliigaltee isaanitiin kan raawwatamu ta'ee; barbaachisaa ta'ee yeroo argametti waliigalteen araraa Mana Murtii Aanaa qabiyyeen lafichaa itti argamuutti dhiyaatee kan raawwatamu ta'a.

- (መ) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2(ሐ) መሠረት ሰብሳቢው መመሪያ ያልተቻለ እንደሆነ የቀበሌው አስተዳዳሪ ወይም እንደ አስፈላጊነቱ ምክትል አስተዳዳሪው ሰብሳቢ ሽማግሌውን የሚመድብ ይሆናል፤
- (ሠ) ሰብሳቢው ከአስተራጭ ሽማግሌዎች ጋር በመሆን የተከራካሪዎቹ ጉዳይ በዕርቅ የሚታይበት ቦታ እና ጊዜ ወስነው ያሳውቃል።
- (ረ) አስተራጭ ሽማግሌዎች ሰብሳቢውንም ጨምሮ በዕርቅ ሂደቱ ከተከራካሪዎቹ መካከል ለአንዱም ሳያዳሉ ተከራካሪዎቹ ጉዳዮቻቸውን ባለው እውነትና ተጨባጭ ሁኔታ ላይ ተመሥርተው በስምምነት እንዲፈቱ መስራት አለባቸው፤
- (ሰ) አስተራጭ ሽማግሌዎች መጀመሪያ ላይ ተከራካሪዎቹ በመካከላቸው የተፈጠረውን ክርክር ተነጋግረው በመስማማት እንዲፈቱ ያበረታታሉ፤ በዚህ ሁኔታ መስማማት ካልቻሉ ተከራካሪዎቹ ቢስማሙበት የሚሉትን ሀሳብ ያቀርባሉ፤
- (ሸ) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2(ሰ) መሠረት ተከራካሪ ወገኖቹ ጉዳዮቻቸውን በመነጋገር ወይም አስተራጭ ሽማግሌዎቹ ተከራካሪዎቹ ቢስማሙበት ብለው ባቀረቡት ሀሳብ ላይ የተስማሙ እንደሆነ የዕርቅ ስምምነት በጽሁፍ በመዘጋጀት በቀበሌ አስተዳደር ቀርቦ ይመዘገባል። ግልባጩም ወዲያውኑ ማሕተም ተደርጎ ለባለጉዳዮቹ ይሰጣል። የዕርቅ ስምምነቱ ይዘት በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።
- (በ) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2(ሸ) መሠረት የተፈጸመ የዕርቅ ስምምነት በቀበሌ አስተዳደር ተመዝግቦ እንደ ስምምነታቸው የሚፈጸም ሆኖ አስፈላጊ ሆኖ በሚገኝበት ጊዜ የዕርቅ ስምምነቱ መራቱ በሚገኝበት የወረዳ ፍርድ ቤት ቀርቦ የሚፈጸም ይሆናል።

- (d) When the presiding arbitrator cannot be elected as provided under article 2(c) of this article, he shall be assigned by the kebele administrator or, as necessary, the deputy administrator assigns the presiding arbitrator,
- (e) The presiding arbitrator being along with the arbitrators decides and notify the place and time the case of the disputing parties shall be tried by arbitration.
- (f) The arbitrators including the presiding arbitrator shall, in the process of arbitration, endeavor, without any partiality for either party, that the parties settle the cases between them by agreement on the basis of the truth and existing actual facts;
- (g) The arbitrators motivate and encourage the parties to settle the dispute between them first by an agreement through dialogue; where they failed to reach agreement in such way the arbitrators propose their idea on which they think the parties would have reached agreement thereon.
- (h) If the disputing parties settled their case by an agreement through dialogue or by accepting the proposal of the arbitrators in accordance with sub article 2(g) of this article, the arbitration agreement of the parties shall be prepared in writing and registered to kebele administration. Its copy shall also be given to the parties forthwith having being stamped by seal.
- (i) Arbitration agreement made in accordance with sub article 2(h) of this article and registered to kebele administration shall be executed in accordance with their agreement; and where it is found necessary, the arbitration agreement shall be executed by district court where the land is found.

- 3) Namni dhimma qabiyyee lafaa adeemsaa jarsummaan ilalamaa jiru irratti dantaa qaba jedhu galmeedhuma jarsooliin araaraa irratti ilalaa jiranitti iyyata isaa bulchiinsa gandaatti dhiyeeffachuun akka garee wal falmitootaatti falmii kees-satti hirmaachuu ni danda'a.
- 4) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 (g) tiin gareen wal falmitootaa kan waliif hin galle yoo ta'e jarsooleen araaraa walfalmitootni kan waliif hin galle ta'uu isaanii qofa ibsuun barreeffamaan bulchiinsa gandaaf ni gabaasu.
- 5) Bulchiinsi gandaa jaarsoleen araaraa bu'aa adeemsaa araaraa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2(h) yookiin Xiqqaa 3 tiin kenname guyyaa 15 keessatti akka dhiyeessan ni taasisa. Waraabbii isaatis batlumatti abbootii dhimmaa-tiif chaappaa gochuudhaan ni kenna.
- 6) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3tiin gareen wal falmitootaa dhimma isaanii waliigalteen kan hin xumuurranne yoo ta'ee garee wal falmitootaa keessaa kamiyyuu dhimma isaa bu'aa dhumaa adeemsa araaraatiin jaarsoleen araaraa irra gahan wal qabsiisuun himannaasaa mana murtii aanaatti ni dhiyeeffata.
- 7) Haalli addaa yoo jiraate malee Manni Murtii Aanaas bu'aa adeemsa jaarsoolii araaraa gandaatiin kenname osoo hin dhiyaatin himannaa keessummeessuun yookiin ofitti fuudhu hin qabu. Haalli addaa dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 8) Tumaaleen Keewwata kanaa Keewwata Xiqqaa 1-7 jalatti tumaman jiraatanis, walfalmitoonni haalla barbaadaniin dhimma isaanii ofii isaanii waliin dubbachuun araaraan xumurachuu yookiin mala biroo akkaataa aadaafi duudhaa bakka jireenya isaanii jiruun yookiin akkaataa seera rogummaa qabuutiin Mana Murtii Aadaa sadarkaa gandaatiin dhimmi isaanii ilaalamee fala akka argatu taasisuu ni danda'u.

- 3) በሽማግሌና ሂደት አየታየ ባለው የመሬት ይዞታ ጉዳይ ጋር ተያይዞ ጥቅም አለኝ የሚል ሰው አቤቱታውን የዕርቅ ሽማግሌዎቹ እየተወያዩበት ባሉት መዝገብ ላይ ለቀበሌው አስተዳደር በማቅረብ እንደ ተከራካሪ ወገን በክርክሩ ውስጥ መካፈል ይችላል።
- 4) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2(ሰ) መሠረት ተከራካሪ ወገኖች ያልተሰማሙ እንደሆነ አስተራቂ ሽማግሌዎቹ ተከራካሪዎቹ ያልተሰማሙ መሆናቸውን ብቻ በመግለጽ በጽሑፍ ለቀበሌ አስተዳደር ሪፖርት ያደርጋሉ።
- 5) የቀበሌ አስተዳደር የእርቅ ሽማግሌዎች በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2(ሰ) ወይም ንዑስ አንቀጽ 3 መሠረት የዕርቅ ሂደት ውጤቱን በ15 ቀናት ውስጥ እንዲያቀርቡ ያደርጋል። ግልባጬንም ወዲያውኑ ማሕተም በማድረግ ለባለጉዳዮቹ ይሰጣል።
- 6) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 መሠረት ተከራካሪ ወገኖች ጉዳያቸውን በመስማማት ያልቋጩ እንደሆነ ከተከራካሪ ወገኖች መካከል ማናቸውም ጉዳዩን አስተራቂ ሽማግሌዎቹ በዕርቅ ሂደት የደረሱበትን የመጨረሻ ውጤት በማያያዝ ለወረዳ ፍርድ ቤት ማቅረብ ይችላል።
- 7) የተለየ ሁኔታ ካለ በስተቀር የወረዳ ፍርድ ቤቱም የቀበሌ አስተራቂ ሽማግሌዎች ዕርቅ ሂደት ውጤት ሳይቀርብ ክስን ማስተናገድ ወይም መቀበል የለበትም። ልዩ ሁኔታው በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።
- 8) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1-7 ድንጋጌዎች ቢኖሩም ተከራካሪዎች ጉዳያቸውን በራሳቸው መንገድ በራሳቸው በመነጋገር በዕርቅ መጨረስ ወይም በሌላ ዘዴ በሚኖሩበት አካባቢ ባህልና እሴት መሰረት ወይም አግባብ ባለው ሕግ መሠረት በቀበሌ ደረጃ ባለው ባህላዊ ፍርድ ቤት ጉዳያቸው ታይቶ አልባት እንዲያገኝ ማድረግ ይችላሉ።

- 3) Any person who claims to have an interest in the case under arbitration process can join to the case as a party on the file on which the arbitrators are seeing the case by applying to the kebele administration.
- 4) If the disputing parties to the arbitration have failed to reach an agreement in accordance with subarticle 2(g) of this article, the arbitrators report by describing only the fact that the parties have failed to reach agreement to the kebele administration.
- 5) The kebele administration shall make the arbitrators to submit the result of arbitration process provided under Sub Article 2(h) or Sub-Article 3 of this Article within fifteen days. It shall also provide its copy forthwith to the parties by stamping the seal.
- 6) If the disputing parties to the arbitration have failed resolve their dispute through agreement in accordance with sub article 3 of this article, any one of the parties to the arbitration may bring a suit on the case to the district court by annexing the final result given by the arbitrators during arbitration process.
- 7) Unless there exist special condition, the district court shall not entertain or accept a suit with which the result given by arbitrators in the arbitration process has not been annexed. The special or otherwise condition shall be determined by the Regulation to be issued.
- 8) Notwithstanding to the provisions of sub articles 1- 7 of this article, the parties may settle their dispute by compromise through dialogue, or by other methods in accordance with the custom and values of their residing localities or yet by customary court at kebele level in accordance with the relevant law.

9) Falmiiwwaan qabiyyee lafaan wal qabatanii jiran dhimmoota Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 ala jiran akkaataa seera rogummaa qabuutiin Mana Murtii aangoo qabutti dhiyaachuun fala kan argatan taa.

Kutaa Shan

Karoora Ittifayyadamaafi Kunuunsa Lafa Baadiyyaa

34. Karoora Ittifayyadama Lafaa Qopheessuu

- 1) Biiron haala qabatamaa naannichaa bu'uura taasisuun karoora ittifayyadama lafaa qopheessuu qaba.
- 2) Karoorri qophaa'u kamiyyuu hawaasa naannichaa kan hirmaachisu, dantaafi faayidaa ummatchaa kan mirkaneessu ta'uu qaba.
- 3) Karoorri qophaa'u, karoora ittifayyadama lafa biyyoolessaa, gosa biyyee, teessuma lafaa, ejjina lafaa, amala qilleensaa, oomishtummaa lafaa, uwwisa biqiltuu, haala dinagdee, hawaasummaafi dhimmoota walfakkaatoo biroo hammachuu qaba.
- 4) Karoorri ittifayyadama lafa baadiyyaa qophaa'u kamiyyuu faayidaa diinagdeefi hawaasummaa fooyya'aa kan kennu, naannoo irratti dhiibbaa kan hin geessisnefii ittifayyadamtoota biratti fudhatama kan qabu ta'uun isaa mirkanaa'uu qaba.
- 5) Iskeeliin Karoora Ittifayyadama lafaa Birichaan, caasaa Birichaa sadarkaa godinaa, aanaafi sadarkaa gandaatti kan qophaa'u ta'a.
- 6) Godinaaleen karoora ittifayyadama lafa Naannichaa, aanaaleen kan godinaafi gandi kan aanaa bu'uura taasisuun akkaataa qabatama isaaniitiin qopheeffachuun caasaa Biirichaa sadarkaan jiruun mirkaneessisuu qabu.
- 7) Haalli raawwii Keewwata kana Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

35. Karoora Ittifayyadama Lafaa Haaromsuu

1) Karoorri ittifayyadama lafaa kamiyyuu yeroo Dambii bahuun murtaa'u keessatti haaromfamu qaba.

9) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር ከተገለጹት ጉዳዮች ውጪ የሆኑ ከመሬት ጋር ተያይዞ ያሉት ክርክሮች በዚህ አንቀጽ አግባብ ባለው ሕግ መሠረት ስልጣን ባለው ፍርድ ቤት በማቅረብ አልባት የሚያገኙ ይሆናል።

ክፍል አምስት

የገጠር መሬት አጠቃቀምና አጠባበቅ ዕቅድ

34. የመሬት አጠቃቀም ዕቅድን ስለማዘጋጀት

- 1) ቢሮው ተጨባጭ ሁኔታዎችን ግንባቤ ውስጥ በማስገባት የመሬት አጠቃቀም ዕቅድ ማዘጋጀት አለበት።
- 2) ማንኛውም የሚዘጋጅ ዕቅድ የሕብረተሰቡን ሕብረተሰብ የሚያሳትፍ፣ የሕብረተሰቡን መብትና ጥቅም የሚያስከብር መሆን አለበት።
- 3) የሚዘጋጀው ዕቅድ አገራዊ የመሬት አጠቃቀም ዕቅድ፣ የአፈር ዓይነት፣ የመሬት አቀማመጥ፣ የመሬት ተዳፋትነት፣ የአየር ሁኔታ፣ የመሬት ምርታማነት፣ የዕጽዋት ሽፋን፣ ኢኮኖሚያዊ፣ ማህበራዊ ሁኔታዎችንና ሌሎች ተመሳሳይ ጉዳዮችን ያካተተ መሆን አለበት።
- 4) የሚዘጋጀው ማንኛውም የገጠር መሬት አጠቃቀም ዕቅድ የተሻለ ኢኮኖሚያዊና ማህበራዊ ጥቅም የሚሰጥ፣ በአካባቢ ላይ ጉዳት የማያደርስና በተጠቃሚዎች ዘንድ ቅቡልነት ያለው መሆኑ መረጋገጥ አለበት።
- 5) የመሬት አጠቃቀም ዕቅድ እስኪል በቢሮው፣ በዞን፣ በወረዳ እና በቀበሌ ደረጃ ባሉት የቢሮው መዋቅር የሚዘጋጅ ይሆናል።
- 6) ዞኖች የክልሉን የመሬት አጠቃቀም ዕቅድ፣ ወረዳዎች የዞንን እና ቀበሌዎች የወረዳን መሰረት በማድረግ እንደ ተጨባጭ ሁኔታቸው በማዘጋጀት በየደረጃው ባለው የቢሮው መዋቅር ማጸደቅ አለባቸው።
- 7) የዚህ አንቀጽ አፈጻጸም ሁኔታ በሚወጣ ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

35. የመሬት አጠቃቀም ዕቅድን ስለማደስ

1) ማንኛውም የመሬት አጠቃቀም ዕቅድ በሚወጣው ደንብ በሚወሰነው ጊዜ ውስጥ መታደስ አለበት።

9) Disputes relating to land holding apart from those cases provided under Sub Article 1 of this Article shall be resolved by competent court in accordance with the relevant law.

Part Five

Rural Land Use and Conservation Plan

34. Preparation of Land Use Plan

- 1) The Bureau shall prepare land use plan based on the actual situation of the region.
- 2) Any plan to be prepared shall ensure the participation, interests and benefits of the entire people.
- 3) The plan to be prepared shall include the national land use plan, soil type, land scape, land slopes, weather conditions, land productivity, vegetation coverage, socio-economic conditions and other similar issues.
- 4) Any rural land use plan to be prepared shall be proved that it provides better economic and social advantages, shall not cause adverse impacts on the environment and that it is accepted by the users.
- 5) The scale of the land use plan shall be prepared by the Bureau, the structures of the Bureau at the Zone, District and Kebele level.
- 6) While preparing such plan, the Zone prepares its land use plan on the basis of that the Region's, the District on the basis of the Zone and the Kebele on the basis of the District by adapting with their respective actual conditions and shall cause same to be approved by the structure of the Bureau at each level.
- 7) Implementation of this article shall be determined by the Regulation to be issued.

35. Renewal of Land Use Plan

1) Any land use plan shall be renewed within the time to be determined in the Regulation.

2) Haaromsi taasifamu keessatti, qorqalbii ummatichaa, guddina Naan-nichaafi teeknooloojiin irra gahe tilmaama keessa galchuun fooyya'iinsi taasifamuun dirqama ta'a.

36. Ittifayyadama Lafa Tabbaafi Hallayyaa
Ittifayyadamni lafa tabbaafi hallayyaa akkaataa armaan gadiitiin ta'a:

- 1) Qaama dhimmi ilaaluun kan hayyamame yoo ta'e malee, iddoo hojiiwwan eegumsa biyyeefi bishaanii itti raawwatamaniifi biqiltuun dhaabbate kamiyyuu irratti beeyilada gadi dhiisanii dheechisuun dhorkaadha.
- 2) Lafa baadiyyaa ejjinni isaa % 30 gadi ta'e qabiinsi isaa haala dhiqama biyyee xiqqeessuufi tooftaa bishaan cimmisani fayyadamuutiin taasifamuu qaba.
- 3) Lafa baadiyyaa ejjinni isaa % 30 - 60 kan ta'e misooma midhaan waggaa barbaachisu hojjechuun qofa ta'a.
- 4) Lafti baadiyyaa ejjinni isaa % 60 ol ta'e qonnaafi dheedichaaf kan hin oolle ta'ee, biqiltuu dhaabbataa, misooma nyaata beeyiladaatiif yookiin hawwata turizimiitiif kan oolu ta'a.
- 5) Lafa baadiyyaa ejjinni kamirratuu irratti argamuu garmalee kan hubame yoo ta'e, abbaan qabiyyee lafaa yeroo murtaa'ee akka itti hin fayyadamne taasifamee tuttuqaa namaafi beeyiladootarraa eegamee akka fooyya'u taasifamuu qaba.
- 6) Lafa baadiyyaa hallayyaa ta'an dhuunfaafi abbootii qabiyyee ollaa waliin ta'anii, akka barbaachisaa ta'etti hawaasa naannootiin biqiltuu misoomsuufi hojii ijaarsaa fayyadamuudhaan akka fooyya'anii faayidaa irra oolan taasifamuu ni danda'a.
- 7) Lafti hallayyaan naannoo tulluwani jiran akka barbaachisummaa isaatti dhuunfaadhaan qabamanii akka kunuunfamaniifi akka misooman taasifamuu ni danda'a.

2) በሚደረገው የዕድሳት ሂደት ውስጥ የሕዝቡን ሥነ-ልቦና፣ የክልሉንና ቱክኖሎጂ ዕድገት የደረሰበትን ደረጃ ከግንዛቤ በማስገባት ማሻሻያ መደረግ አለበት።

36. የተዳፋትና ቦረቦር መሬት አጠቃቀም

የተዳፋትና ቦረቦር መሬት አጠቃቀም በሚከተለው ሁኔታ ይሆናል፡-

- 1) ጉዳዩ በሚመለከተው አካል ካልተፈቀደ በስተቀር፣ የአፈርና ውሃ ጥበቃ ስራ በሚካሄድበት እና ቋሚ ተክሎች በተተክሉበት ማንኛውም ሥፍራ ላይ እንስሳትን ለግጦሽ መልቀቅ የተከለከለ ነው።
- 2) የመሬት ተዳፋትነቱ ከ30% በታች የሆነ የገጠር መሬት አያያዝ የአፈር መከላከልን በሚቀንስና ውሃን አቁሮ የመጠቀም ሥልጣን የተከተለ መሆን አለበት።
- 3) ተዳፋትነቱ ከ30 - 60% የሆነ የገጠር መሬት ለዓመታዊ የሰብል ልማት መዋል የሚችለው አስፈላጊውን ዓይነት የአፈር እቀባ ወይም እርከን ስራን በመስራት ብቻ ይሆናል።
- 4) የመሬት ተዳፋትነቱ ከ60% በላይ የሆነ የገጠር መሬት ለእርሻና ለግጦሽ የማይውል ሆኖ፣ ለቋሚ ተክሎች፣ ለእንስሳት መኖሪያ ልማት ወይም ለቱሪስት መስዕብነት የሚውል ይሆናል።
- 5) በማንኛውም ተዳፋትነት ሁኔታ የሚገኝና በጣም የተጎዳ የገጠር መሬት፣ የመሬት ባለይዘታው ለተወሰነ ጊዜ እንዲይጠቀምበት ተደርጎ ከሰውና ከእንስሳት ንክኪ ተጠብቆ እንዲያገግም መደረግ አለበት።
- 6) ቦረቦር የሆኑ የገጠር መሬቶች በግልም ሆነ ከአጎራባች የመሬት ባለይዘታዎች ጋር በመሆን፣ እንደ አስፈላጊነቱም በአካባቢው ማህበረሰብ ሥነ ሕይወታዊ ልማትና የግንባታ ስራን በመተግበር እንዲያገግሙና አገልግሎት እንዲሰጡ መደረግ ይችላሉ።
- 7) በኮረብታዎች አካባቢ ያሉ ቦረቦር የሆኑ የገጠር መሬቶች እንደ አስፈላጊነቱ በግል ተይዘው እንክብካቤ እንዲያገኙና እንዲለሙ መደረግ ይችላል።

2) The renewal shall be made taking into account the people's psychological status, growth of the region and the state of technological development.

36. Use of Sloppy and Gully Lands

Sloppy and Gully Lands shall be used as follows:

- 1) Unless authorized by the concerned body, it is prohibited to let livestock for free grazing on any places reserved for soil and water conservation works and places covered with plants.
- 2) Rural lands with the slope below 30% shall be managed pursuing conservation strategies that help reduce soil erosion and by employing water harvesting and use techniques.
- 3) Rural land which its slope is 30% - 60% shall be used for annual crop production purposes only through building the necessary type of terracing structures.
- 4) Rural land with the slope gradient above 60% shall not be used for farming and grazing purposes; and it shall rather be used for perennial plants and livestock forage development or for tourism attraction sites.
- 5) If the rural land at any slope gradient has been severely degraded, its holder shall be restricted from using such land for some limited period and shall also be protected from human and livestock interference to let it recover.
- 6) Rural lands of gully nature may be made to be improved and used privately and along with the neighboring land holders, yet as appropriate by participation of the community in that locality using plant development and physical construction works.
- 7) Gully lands at highland areas may, as necessary be made conserved and developed being occupied privately.

37. Lafa Baadiyyaa Kunuunsuu

- 1) Lafti baadiyyaa kamiyyuu nama laficha bulchuun haalaan kunuun-famuu qaba.
- 2) Namni mirga ittifayyadama lafaa qabu kamiyyuu akkaataa ittifayyadamaafi kunuunsa lafaarratti dhuunfaanis ta'ee ollaasaa waliin hojjechuuf dirqama qaba.
- 3) Namni yookiin qaamni mirga ittifayyadama lafaa qabu kamiyyuu daangaa lafa qonnaa kunuunsuufi eeguuf ni dirqama.
- 4) Qaamni lafatti fayyadamu kamiyyuu hojiiwwan dhiqama biyyoo babal'isan kan akka bosona ciruu, irraan oleefi irraan gadee qotuu-fi karaa lolaa akeeka sirrii hin taaneen baasuu irraa of qusachuuf dirqama qaba.
- 5) Qaamni lafatti fayyadamu kamiyyuu lafa qabiyyee isaarratti biqiltuu mukaa kan oomisha isaarratti miidhaa hin geessifneefi bu'aa dinagdeefi qilleensaa kan qabu dhaabuuf dirqama qaba.
- 6) Miidhaa laficharra dhaqqabe sababa laficha kunuunsuu dhabuu abbaa qabiyyeetiin yookiin qaama lafichatti fayyadamuun kan uumame yoo ta'ee lafichi baasii qaama lafichatti fayyadamuun kan raawwatu ta'ee qaamni lafichatti fayyadamu fedhii kan hin qabne ta'uun yoo mirkanaa'e tarkaanfiin yakkaa akkaataa Labsii kana kees-satti tumameenifi seera rogummaa qaban birootiin kan irratti fudhatamu ta'a.

38. Lafa Caffee Kunuunsuufi Ittifayyadamuu

- 1) Lafti caffee madda bishaanii ta'e haala eeggannoo qabuun qaamaa mootummaa naannichaatiin qabamuufi kunuunfamuu qaba.
- 2) Ittifayyadamtoonni lafa madda bishaaniifi caffee, hojiiwwan madda bishaanii balleessu irraa eeguuf dirqama qabu.
- 3) Ummanni waliigaluudhaan lafa caffee kunuunsee ogeesaan erga mirkaneeffatee booda lafa caffee misooma qonnaatiif fayyadamuu ni danda'a.

37. የገጠር መሬትን መንከባከብ

- 1) ማንኛውም የገጠር መሬት መሬቱን በሚያስተዳድረው ሰው በአግባቡ እንክብካቤ ሊደረግለት ይገባል።
- 2) በመሬት የመጠቀም መብት ያለው ማንኛውም ሰው የመሬት አጠቃቀምና እንክብካቤን በተመለከተ በግሉና ከአዋሳኝ ጎረቤቱ ጋር የመስራት ግዴታ አለበት።
- 3) በመሬት የመጠቀም መብት ያለው ማንኛውም ሰው ወይም አካል በይዘታው ሥር ያለን የአርሻ መሬት ድንበርን የመንከባከብና የመጠበቅ ግዴታ አለበት።
- 4) ማንኛውም የመሬት ተጠቃሚ አካል እንደ ደን መመንጠር፣ ሽቅብና ቁልቁል ማረስና ትክክለኛ ባልሆነ አትላሜ በዘራቀደ የጎርፍ ማስወገጃ ቦዮችን ማውጣት ከመሳሰሉ የአፈር መከላከያ የሚያባብሉ ተግባራትን ከመፈጸም የመቆጠብ ግዴታ አለበት።
- 5) ማንኛውም የመሬት ተጠቃሚ አካል በመሬት ይዘታው ላይ በምርቱ ላይ ጉዳት የማያስከትልና ኢኮኖሚያዊና የአየር ሁኔታን የማስተካከል ጠቀሜታ ያላቸው የዛፍ ዝርያዎችን የመትከል ግዴታ አለበት።
- 6) በመሬቱ ላይ የደረሰው ጉዳት ባለይዘታው ወይም የመሬቱ ተጠቃሚ አካል መሬቱን ባለመንከባከብ የተፈጠረ ከሆነ ወጪው በመሬቱ ተጠቃሚው አካል የሚፈጸም ሆኖ የመሬት ተጠቃሚው አካል ፍላጎት የሌለው መሆኑ ከተረጋገጠ በዚህ አዋጅ በተደነገገውና አግባብነት ባላቸው ሌሎች ሕጎች መሠረት የወንጀል ተጠያቂነት እርምጃ የሚወሰድበት ይሆናል።

38. ረግረጋማ መሬትን ስለመንከባከብና መጠቀም

- 1) ረግረጋማና ምንጫማ የሆኑ መሬቶች በክልሉ መንግሥት አካል ጥንቃቄ ባለው መልኩ መያዝና መንከባከብ አለበት።
- 2) ተጠቃሚዎች ምንጫማና ረግረጋማ መሬት ምንጮችን ከሚያበላሹ ተግባራት የመጠበቅ ግዴታ አለባቸው።
- 3) ሕዝቡ በመግባባት ረግረጋማ መሬትን በአግባቡ ተንከባክቦ ማገገሙን በባለሙያ ካረጋገጠ በኋላ ለግብርና ልማት ሊጠቀም ይችላል።

37. Conservation of Rural Lands

- 1) Any rural land shall be properly conserved by the person using or administering it;
- 2) Any person who has the right to use land is obliged to work privately or in cooperation with his neighboring fellow on the proper conservation and use of land.
- 3) Any person or body having the land use right is obliged to conserve and protect his farmland-boundary.
- 4) Anybody using land has obligation refrain from activities that aggravate soil erosion such as forest clearing, up and down slope plough and arbitrary designing of drainage structures.
- 5) Anybody using land has obligation to plant tree species that do not cause any damage on his agricultural production and has economic and environmental or climatic advantage;
- 6) If the degradation caused on the land is caused due to failure to make proper conservation by the land holder or by the body using the land, the conservation shall be performed by the body using such land; and if it is proved that the body using such land is not willing to do so, criminal action shall be taken against him pursuant to the provisions of this Proclamation and other applicable laws.

38. Conservation and Use of Wet Lands

- 1) Marshy and springs land shall be treated and managed by the regional government body in pre-cautious manner.
- 2) Users of springs and marshy lands are obliged to protect them from activities jeopardizing such springs.
- 3) The people may, through consensus, properly conserve marshy land and after securing approval of appropriate professionals, may use it for agricultural purposes.

- 4) Karoora ittifayyadama lafaa qophaa'uun lubbu qabeeyiin lafa caffee ta'an keessa jiraatan akka eegaman taasisuun ittifayyadamuun ni danda'ama.
- 5) Lafa caffeefi madda bishaanii ta'e kunuunsuu dhabuun miidhaa dh-aqqabuu qaamni laficha kunuun-suuf dirqama qabu akkaataa Labsii kanaatiifi seerota rogummaa qaban birootiin itti gaafatamummaa ni qabaatu.

39. Bakka Ittisaafi Kuufama Bishaanii

- 1) Qaamni lafatti fayyadamu kamiyyuu teessuma lafa yaa' bishaanii bakka ittisaafi kuufama bishaanii irratti hojiiwwan deebisanii ijaaruu fi hojii eegumsaa gaggeesuuf ni dirqama.
- 2) Lafa baadiyyaa naannoo haroowwanii, lageewwanii madda bishaanii jiru qabeenya uumamaa mancaasuu, hojii qonnaa lubbuu qabeeyyii bishaan keessaa balaaf saaxilu raawwachuuniifi hanga qarqaraatti seenanii qotuun dhorkaadha. Haalli raawwii Keewwata kanaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

40. Lafa Eegamaniifi Daangeffaman

- 1) Mootummaan hirmaannaa ummataatiin da'oo bineensotaa, paarkiiwwanii, bosona eegaman, iddoowwan albuudaa, iddoowwan hawwata turizimii, iddoowwan aadaafi duudhaa ummataa itti raawwatu kan akka malkaa, tulluu, horaa, ardaa jilaafi haroowwan jireenya ittifufiinsa lubbuu qabeeyyii hedduutiif barbaachisaa kan ta'aniifi iddoowwan kana fakkaatan biroo daangessuu ni danda'a.
- 2) Akkaataa Keewwata kanaa Keewwata Xiqqaa 1 tiin iddoowwan daangeffaman haala misooma ittifufiinsa qabuun guddina dinagdeetiif akka gumaachu ni taasifama.
- 3) Daangessuun, daangaa dhaabuun, misoomsuun, eeguun, deebisanii ijaaruu fi kunuunsuun lafa eegaman hirmaannaa ummata bakka sana jiraataniin raawwatama.

- 4) በሚዘጋጀው የመሬት አጠቃቀም አቅድ መሠረት በረገገጋማ መሬት ውስጥ የሚኖሩ ብዝሃ ሕይወቶች እንዲጠበቁ በማድረግ መጠቀም ይቻላል።
- 5) ረገገጋማና ምንጫማ የሆኑ መሬትን ባለመንከባከብ ለሚደርሰው ጉዳት ይህን መሬት የመንከባከብ ግዴታ ያለበት አካል በዚህ አዋጅና አግባብነት ባላቸው ሌሎች ሕጎች መሠረት ተጠያቂነት አለባቸው።

39. ግድብና እና የውሃ ማጠራቀሚያ ሥፍራዎች

- 1) ማንኛውም የመሬት ተጠቃሚ አካል በውሃ ተፋሰስ የመሬት አቀማመጥ የውሃ ግድብና ማጠራቀሚያ ቦታ ላይ የመልሶ ግንባታ እና የአፈር ጥበቃ ሥራዎችን ለማካሄድ ይገደዳል።
- 2) በገጠር መሬት ላይ ያሉ ሐይቆች፣ ወንዞችና ምንጮች በሚገኙበት አካባቢ ያሉ የተፈጥሮ ሃብቶችን ማውደም፣ በውሃ ውስጥ ያሉ ብዝሃ ሕይወቶችን ለአደጋ የሚያጋልጥ የአርሻ ስራን ማከናወንና ወንዝ ዳር ድረስ ተጠግቶ ማረስ ወይም መቆራረር የተከለከለ ነው። የዚህ አንቀጽ አፈጻጸሙ በሚወጣ ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

40. ጥብቅ እና የተከለሰ መሬት

- 1) መንግሥት ሕዝቡን በማሳተፍ የዱር እንስሳት መጠለያዎችን፣ ፓርኮችን፣ ጥብቅ ደኖችን፣ የማዕድን መገኛ ሥፍራዎችን፣ የቱሪዝም መስሎብ የሆኑ ሥፍራዎችን፣ የሕዝብ ባህሎችና ዕሴቶችን ማሳያ ሥፍራዎች እንደ መልካ፣ ቱሎ፣ ሆራ፣ አርዳ ጂላ እና ለበርካታ ብዝሃ ሕይወቶች በሕይወት መዝለቅ አስፈላጊ የሆኑ ሐይቆችን እና ሌሎች መሰል ሥፍራዎችን መከለል ይችላል።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 መሠረት የተከለሱ ሥፍራዎችም ዘላቂነት ባለው የልማት ሁኔታ ለኢኮኖሚያዊ እድገቱ አስተዋጽኦ እንዲያበረክቱ ይደረጋል።
- 3) ጥብቅ መሬትን የመከለል፣ ወሰን የመትከል፣ የማልማት፣ የመጠበቅ፣ የመልሶ ግንባታና መንከባከብ ተግባራት በስፍራው በሚኖረው ሕብረተሰብ ተሳትፎ ይፈጸማሉ።

- 4) According to the land use plan to be prepared, the biodiversities living within the marshy lands may be caused to get proper protection and be used.
- 5) The body having the duty to conserve marshy and spring land shall be held responsible pursuant to this Proclamation and other applicable laws for the damage caused on same due to its failure to conserve accordingly.

39. Water Harvesting and Reservoir

- 1) Any land user shall be obliged to conduct reconstruction and protection activities at the river courses on the water harvesting and water reservoir sites.
- 2) Destruction of natural resources, farming activities endangering aquatic biodiversity and tilling lands along up and down slopes where there exist rural lands around the lakes, rivers and springs.

40. Protected and Enclosed Lands

- 1) The government, through the engagement of the people may enclose wildlife sanctuaries, parks, protected forests, mineral sites, tourist attraction sites, cultural and values performing areas such as river, hill, hora, ardayila and lakes necessary for the sustainability of various living things and other similar places.
- 2) The places enclosed in accordance with Sub Article 1 of this Article shall be made to contribute for the economic growth in sustainable development;
- 3) Enclosing, delineating boundary line, developing, protecting, rehabilitation and conservation of the protected lands shall be performed by the participation of the community residing in that particular locality.

4) Ummanni naannoo iddoowwan eegamanii jiraatu galii argamurraa haalli ittifayyadamaa ta'u ni mijeeffama. Haalli raawwii isaa Dam-bii bahuun kan murtaa'u ta'a.

41. Lafa Haftee Bosonaafi Ciccittuu Lafaa

- 1) Lafti haftee bosona uumamaa darbee darbee jiran dhuunfaan yookiin ummata iddoo sana jiraatuun waldaadhaan addaan bahee daangeffamuu, kunuunfamuufi eegamuun haala walirraa hin cinneen faayidaarra kan oolu ta'a.
- 2) Lafti ciccittuu darbee darbee jiran dhuunfaan yookiin ummata iddoo sana jiraatuun waldaadhaan addaan bahee daangeffamuu, kunuunfamuufi eegamuun haala walirraa hin cinneen faayidaarra kan oolu ta'a.

42. Mukoota Haadhoo Kunuunsuu

Ittifayyadamtoonni lafaa, mukoota haadhoo qabiyyee lafa isaaniirratti argaman sirriitti kunuunsuufi akka hin muramnes eeguuf dirqama qabu.

43. Lafa Haala Malee Ittifayyadamuufi Kunuunsuu Dhabuu

- 1) Qaamni lafatti fayyadamu kamiyyuu sanyii gosa mukaa oomisharratti miidhaa fidu jedhamanii ogeessaan adda bahan lafa qonnaa yookiin naannoo madda bishaaniitti akka hin dhaabne, akkasumas, aramaawwan faca'uudhaan biqilanii miidhaa qaqqabsiisan qabiyyee isaarraa balleessuuf dirqama qaba.
- 2) Qaamni hojii misooma qonnaatiif lafatti fayyadamu kamiyyuu hojiiwan eegumsa biyyee bishaaniitiif hojjetaman eeguu, tursuu, haarsuufi yoo hin hojjatamne ta'es haaraa hojjechuuf ni dirqama.
- 3) Qaamni misooma albuudaafi oomisha albuudaarratti bobba'e kamiyyuu bakka lafa oomishasaa deebisee ijaaruufi misoomsuuf ni dirqama.

4) ጥብቅ በሆኑት ስፍራዎች አካባቢ የሚኖረው ሕብረተሰብ ከሚገኘው ገቢ ተጠቃሚ የሚሆንበት ሁኔታም ይመቻቻል። ፡አራጸጸሙ በሚወጣ ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

41. የደንቅሪትና ቁርጥራጭ መሬቶች

- 1) አልፎ አልፎ ያለው የተፈጥሮ ደንቅሪት መሬት በግል ወይም በዚያው አካባቢ በሚኖረውና በማሕበር በተደራጀ ሕብረተሰብ አማካኝነት ተለይቶ በመከለል፣ እንክብካቤ በማግኘትና በመጠበቅ ባልተቆራረጠ አካላን ጥቅም ላይ የሚውል ይሆናል።
- 2) አልፎ አልፎ ያለው ቁርጥራጭ መሬት በግል ወይም በዚያው አካባቢ በሚኖረው በማሕበር በተደራጀ ሕብረተሰብ አማካኝነት ተለይቶ በመከለል፣ እንክብካቤ በማግኘትና በመጠበቅ ባልተቆራረጠ አካላን ጥቅም ላይ የሚውል ይሆናል።

42. እናት ዛፎችን ስለ መንከባከብ

የመሬት ተጠቃሚዎች በመሬት ይሁታቸው ላይ የሚገኙ እናት ዛፎችን በአግባቡ መንከባከብና እንዳይቆረጡም የመጠበቅ ግዴታ አለባቸው።

43. መሬትን ያለአግባብ ስለመጠቀምና አለመንከባከብ

- 1) ማንኛውም የገጠር መሬት ተጠቃሚ አካል በሰብል ምርት ላይ ጉዳት ያመጣሉ ተብለው በባለሙያ የተለዩ የዛፍ ዘር ዓይነቶችን በእርሻ መሬት ላይ ወይም በውሃ ምንጮች አካባቢ ያለመትከል፣ እንዲሁም ተበትነው በመብቀል ጉዳት የሚያስከትሉ አረሞችን ከይሁታው ላይ የማስወገድ ግዴታ አለበት።
- 2) ማንኛውም ለእርሻ ልማት ስራ መሬትን የሚጠቀም አካል ለአራርና ውሃ ጥበቃ የተሰሩ አውታሮችን በአግባቡ የመጠበቅ፣ የማቆየት፣ የማደስ እና ያልተሰሩ እንደሆነም አዲስ የመስራት ግዴታ አለበት።
- 3) ማንኛውም በማዕድን ቁፋሮና በማዕድን ማምረት ላይ የተሰማራ አካል ያመረተበትን ቦታ መልሶ የመገንባትና የማልማት ግዴታ አለበት።

4) Ways whereby the community residing nearby the protected lands can benefit from the income obtained shall be facilitated. Its implementation shall be determined by the Regulation to be issued.

41. Remains of Forest Land and Fragmented Land

- 1) Natural remains of forest land that exists rarely shall be enclosed, conserved and protected and sustainably used by private person or by the association of the community residing in that area.
- 2) Fragmented land found rarely shall be enclosed, conserved and protected and sustainably used by private person or by the association of the community residing in that area.

42. Conservation of Mother Trees

Land users shall bear obligations to properly conserve and protect no to be cut down the mother or parent trees found at their respective land holdings.

43. Improper Use and Failure to Conserve Land

- 1) Anybody using land shall be obliged not to plant tree species identified by expertise that causes impairment of production on the farmland or surrounding the water springs; as well as, to eliminate from his land holdings the weeds that may be spread out and cause damage.
- 2) Anybody using land for agricultural development shall be obliged to protect, maintain and renew the structures built for soil and water conservation purposes and to build new ones where they have not yet been built.
- 3) Anybody engaged in mineral development and mining activity shall be obliged to reconstruct and redevelop the land on which he has produced minerals.

- 4) Lafa gaaraa namaan hin qabamin, lafa hubamaniifi oomisha hin kennine, lafa tabbummaa qabaatanii jijjiganiifi naannoo tulluuwwanii akka hojiirra oolaniif ittifayyadamaafi kunuunsa isaanii ilaalchisee, haalli raawwii isaa Dambii bahuun kan murtaa'uu ta'a.
- 5) Lafa bosonaa, tusiifi margaa, lafa hallayyaa, balaa abiddaafi babal'ina lafa qonnaa, akkasumas fedhii oomisha cileerraa ni eegamu.
- 6) Hormaanni beeyiladaa dandeettii lafa margaa jiru waliin kan wal simmee deemu ta'uu qaba.
- 7) Lafa qonnaafi hojiiwwan misooma qabeenya uumamaa raawwataman irratti beeyilada gadi lakkisanii dheechisuun dhorkaadha.

44. Ittifayyadama Lafa Giddugala Guddina Baadiyyaa

- 1) Jiraattootni ganda baadiyyaa faffaca'anii ganda tokko keessa jiraatan akkaataa bu'uraalee misoomaafi kenna tajaajila mootummaa yookiin miti mootummaa yookiin walii isaanii irraa argachuu danda'anitti qorannoo irratti hundaa'uudhaan giddu galeessi hundaa'uu ni danda'a.
- 2) Giddugaleessota ganda baadiyyaa keessatti sirni kenniinsa iddoo ijaarsa mana jireenyaafi istaandaardiin ijaarsa guutuu qabu dambii Labsii kana raawwachiisuuf bahuun kan murtaa'uu ta'a.
- 3) Qonnaan bulaan, horsisee bulaafi gamisa horsisee bulaan Mana akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiin ijaarame dhaabbilee faayinaansiitti wabummaan qabsiisee qarshii liqeeffachuu ni danda'a. Haallii raawwii isaa Dambii bahuun kan murtaa'uu ta'a.
- 4) Daa'imman maatii isaanii du'aan dhaban, qaama miidhamtoota, kanneen humna hin qabne, dubartootaafi maanguddootni giddu-galeessota keessatti bakka iddoo ijaarsa mana jireenya dursanii argachuuf mirga ni qabaatu.

- 4) በሰው ያልተያዘ ተራራማ የሆነ መሬት፣ የተራቆተና ምርታማ ያልሆነ መሬት፣ ተዳፋታማና በቀላሉ የሚንሸራተቱ አካባቢዎች ሥራ ላይ እንዲውሉ አጠቃቀማቸውንና እንክብካቤያቸውን በሚመለከት አራጸጸው በሚወጣ ደንብ የሚወሰን ይሆናል።
- 5) በደን የተሸረነ፣ ቁጥቋጦዎችና ተዳፋት መሬት ከአሳት አደጋ፣ ከእርሻ ማሳ መስፋፋት እንዲሁም ለከሰል ምርት ከመፈለግ እንዲጠበቁ ያደረጋል።
- 6) የእንስሳት እርባታ ካለው የግጦሽ መሬት የመሽከም አቅም ጋር ተመጣጥኖ የሚሄድ መሆን አለበት።
- 7) የእርሻና የተፈጥሮ ሃብት ልማት ሥራዎች የሚካሄዱበት መሬት ላይ ልቅ የእንስሳት ግጦሽ ስርዓትን መተግበር የተከለከለ ነው።

44. የገጠር ዕድገት ማዕከል የመሬት አጠቃቀም

- 1) በአንድ ቀበሌ ውስጥ ተበታትነው የሚኖሩ የገጠር ቀበሌ ነዋሪዎች የመሠረተ ልማቶችንና የመንግሥት ወይም መንግሥታዊ ያልሆኑ አካላትን ወይም የእርስ በእርሳቸውን አገልግሎት ማግኘት በሚችሉበት ሁኔታ በጥናት ላይ በመመሥረት ማዕከል ሊመሠረት ይችላል።
- 2) በገጠር ቀበሌ ማዕከላት ውስጥ የተሟላ የግንባታ ስታንዳርድ ያለው የመኖሪያ ቤት መስሪያ ቦታ አሰጣጥ ሥርዓት ይህን አዋጅ ለማስፈጸም በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።
- 3) አርሶ አደሩ፣ አርብቶ አደሩና ከፊል አርብቶ አደሩ በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 መሠረት የተሰራውን ቤት በፋይናንስ ተቋማት ዘንድ በዋስትና በማስያዝ ገንዘብ መበደር ይችላል። ዝርዝር አራጸጸው በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።
- 4) ወላጆቻቸውን በሞት ያጡ ሕጻናት፣ የአካል ጉዳተኞች፣ አቅመ ደካሞች፣ ሴቶችና አረጋውያን በማዕከላቱ ውስጥ የመኖሪያ ቤት መስሪያ ቦታን ቅድሚያ የማግኘት መብት ይኖራቸዋል።

- 4) Regarding the utilization and conservation of uninhabited highland, worn out land that has lost its fertility, ascending landslides and plateau areas to make them productive shall be determined by the Regulation to be issued.
- 5) Forest, bushy and grasslands, steep slope gradient lands shall be protected from fire and farming activities; as well as coal production.
- 6) Livestock reproduction shall be matching with the capacity of the existing pasture.
- 7) It is prohibited to let livestock grazing on the farming land and natural resources development activities performed.

44. Use of Rural Development Center Land

- 1) Based on research, a center may be established for the rural residents living dispersed in a one Kebele in a manner that they can get infrastructures and service provisions of the government or non-governmental or from both.
- 2) The system of providing residential house building place with the full building standards in the Kebele center shall be determined by the Regulation to be issued.
- 3) The farmer, pastoralist and semi-pastoralist may take credits from financial institutions by guaranteeing the house built as per Sub Article 2 of this Article. Its implementation shall be determined by the Regulation to be issued.
- 4) Orphans, persons with disabilities, those with incapacities, women and the elderly shall enjoy priority rights to get a place for building residential house.

45. Ittifayyadama Lafa Wayitaawaa Ta'e Jijjiiruun Dhorkaa Ta'uu

- 1) Qorannoo irratti hunda'ee yoo ta'e malee karoorri ittifayyadama lafa baadiyyaa hojiirra oolaa jiru karaa kaminiyyuu jijjiramuu taja-jila biraaf ooluu hin danda'u. Ta'us lafa ejjinni isaa %50 ol ta'e qabiyyee lafa isaanii gara qabiyyee biqiltuu dhaabbataatti misoomsuutti ceesi-suu wanti dhorku hin jiru.
- 2) Iddoowwan giddugaleessota ganda baadiyyaa jedhamanii filatamani-in ala qonnaan, dheedichaan, lafa waliiniifi bosonaa irratti ijaarsa kaminiyyuu gaggeessuun dhorkaad-ha.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumamee akkuma eegametti ta'ee, karoorri ittifayyadama lafaa qophaa'ee bakka hin kennamnetti qonnaan bulaan waraqaa ragaa abbummaa qabiyyee isaa irratti mata isaafi ijoollee isaa gaa'ila hin geenyeef mana jireenyaa ijaar-rachuu wanti isa dhorku hin jiru.

Kutaa Jahaa

Aangoofi Hojii Qaamolee Adda Addaa

46. Aangoofi Hojii Biiroo Lafa Oromiyaa

Seerota birootiin kan kennameef akkuma jirutti ta'ee, Biirichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Lafa baadiyyaa ni galmeessa; ni qawwisa; hojii kaadastaraa ni gaggeesa; ni bulcha; kaartaa abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa ni kenna; waraqaa ragaa yookiin kaartaa seeraan ala kenname irratti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
- 2) Lafa itti fayyadamni isaa addaan cite baankii lafaatti deebisuun akka qabiyyee mootummaatti ni galmeessa;
- 3) Waliigaltee lafa waljijjiiruu, kirees-suu, waliin misoomsuu, qabiyyee lafaa walitti aanfachuu, kennaan dabarsuufi kan biroo ni mirkan-eessa; ni galmeessa; ni too'ata; gocha seeraan alaa irratti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

45. ወቅታዊ የሆነ የመሬት አጠቃቀምን መቀየር የተከለከለ ስለመሆኑ

- 1) በጥናት ላይ ተመስርቶ ካልሆነ በስተቀር ሥራ ላይ እየዋለ ያለ የገጠር መሬት አጠቃቀም ዕቅድ በማንኛውም ሁኔታ ተቀይሮ ለሌላ አገልግሎት ሊውል አይችልም። ሆኖም ግን የመሬት ተጻፋትነቱ ከ50% በላይ የሆነን የመሬት ይዞታቸውን ወደ ቋሚ ተክል ልማት ይዞታነት ማሽጋገር አይከለከልም።
- 2) የገጠር ቀበሌ ማዕከላት ተብለው ከተመረጡት ቦታዎች በስተቀር በእርሻ፣ በግጦሽ፣ በወልና በደን መሬት ላይ ማንኛውንም ግንባታ ማካሄድ የተከለከለ ነው።
- 3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 መሠረት የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ የመሬት አጠቃቀም ዕቅድ ተዘጋጅቶ ባልተሰጠበት፣ አርሶ አደሩ በመሬት ባለይዞታነት የምስክር ወረቀት ይዞታው ላይ ለራሱና አቅመ አዳም ላልደረሱ ልጆቹ የመኖሪያ ቤት ለመስራት አይከለከልም።

ክፍል ስድስት

የተለያዩ አካላት ሥልጣንና ተግባር

46. የኦሮሚያ መሬት ቢሮ ሥልጣንና ተግባር

በሌሎች ሕጎች የተሰጠው እንደተጠበቀ ሆኖ፣ ቢሮው የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፡-

- 1) የገጠር መሬትን ይመዘግባል፤ ይቀይሳል፤ የካዳስተር ሥራ ያካሂዳል፤ ያስተዳድራል፤ የገጠር መሬት የባለይዞታነት ካርታ ይሰጣል፤ በሕገወጥ መንገድ የተሰጠ የምስክር ወረቀት ወይም ካርታን በተመለከተ የዕርምት እርምጃ ይወስዳል፤
- 2) የመጠቀም መብቱ የተቋረጠ መሬትን ወደ መሬት ባንክ በመመለስ በመንግሥት ይዞታነት ይመዘግባል፤
- 3) የመሬት መቀያየር፣ ማክራየት፣ በጋራ ማልማት፣ የመሬት ይዞታን ከታገጠም ማድረግ፣ በስጦታ ማስተላለፍና ሌሎች የውል ስምምነቶችን ያጸድቃል፤ ይመዘግባል፤ ይቆጣጠራል፤ በሕገወጥ ድርጊቶች ላይ የዕርምት እርምጃ ይወስዳል፤ እርምጃ እንዲወሰድ ያደርጋል፤

45. Prohibition of Changing the Existing Land Use Plan

- 1) Unless based on research, the rural land utilization plan in force shall in no way be changed and be used for other service. However, land holders, the land with the slope of more than 50% are not prohibited to change their land holding in to permanent plants development.
- 2) Except those places selected as centers of rural Kebeles, it is prohibited to undertake any construction on farming, pasture and common use lands.
- 3) Without prejudice to Sub Article 1 of this Article, in areas where the land use plan has not been issued, the farmer shall not be prohibited to build house for himself and his under age children on his land holding on which he has land holding certificate.

Part Six

Power and Duties of Various Bodies

46. Power and Functions of Oromia Land Bureau

Without prejudice to those entrusted to it under other laws, the Bureau shall have the following power and functions:

- 1) Register; survey; conduct cadastral works; administer rural land; provide rural land holding map; take corrective action on certificates or maps issued illegally;
- 2) Restore land which its use right is terminated to land bank and register it as the government holding;
- 3) Approve contractual agreements of land exchanging; renting; joint developing; land consolidating; transferring via donation and others; register; control same; take; cause to be taken corrective action on illegal acts;

- 4) Mirgi ittifayyadama lafa baadiyyaa akka hin tuqamne ni hordofa; ni too'ata; tarkaanfii barbaachisaa ta'ès ni fudhata;
- 5) Sirna ragaa bulchiinsaafi ittifayyadama lafa baadiyyaa ni diriirsa; ragaa barbaachisaa ta'è ni qopheessa; ittifayyadamtootaaf ni kenna;
- 6) Karoora ittifayyadama lafa baadiyyaa ni qopheessa; hojii irra ni oolcha; hojii irra olmaa isaa ni hordofa; itti fayyadamtootaaf ni kenna;
- 7) Lafa baadiyyaa akkaataa seeraatiin hin qabamin yookiin gadi dhiifame adda baasuun ragaa ni qaba; qoodinsi akkaataa seeraatiin yeroo hayyamamu itti fayyadamtootaaf ni kenna;
- 8) Namoota qabiyyee lafa isaanii akka gadi dhiisan murtaa'è qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uudhaan akkaataa seeraatiin beenyaa ni shallaga; kaafamtootni misoomaa deebi'anii akka dhaabatan ni hojjata;
- 9) Lafa baadiyyaatiif eegumsiifi kunuunsi barbaachisaa ta'è akka taasifamu ni taasisa; ni hordofa; miidhaa gahe adda baasuun tarkaanfii ni fudhata yookiin akka fudhatamu ni taasisa;
